ILAALCHA MISOOMEE QAROOMINA QARU





AMAANU'EEL OLJIRRAA DUULOO

Fulbaana, 2020

DHAAMSA GULAALTOTA

*1)"Yeroo uumamni uumamuma akka isaa miidhaa jiru kana keessatti kitaabni "ILAALCHA MISOOMAA" jedhu kun katabamuun isaa namoota ilaalacha dogoggoraan namoota miidhaniif qoricha ta'a jedheetan amana. Ilaalcha misoomsee, egeree dhalootaa qajeelchuuf kitaabni kun shoora guddaa taphata. B/sa Amaanu'el gumaacha kee kanaaf guddaa galatoomi!"***(Saamu'eel Asfawuu:** Barreessaa fi Ogeeessa HNS).

2)"Kitaabni kun ilaalcha manca'e misoomsuuf dandeettii kan gonfateedha. Ajaa'iba hedduus of keessaatti qabata. Dubbisuu kootiin waan hedduun hubadhe. Kitaabni kun B/Amaanu'eliinis akkan daran ajaa'ibsiifadhu nataasise! Mee dubbisaa ilaalaa! **(Fayyinaa Faqqadee**: Barataa pharmacy waggaa4ffaa).

3)"Namni daawwitii(of-ilaallee)gaafa fayyadamu qaama isaa kan irraan mul'atu arga. Kanneen kitaaba kana dubbisan garuu keessoo isaanii haala salphaa ta'een qoranii akka hubatan isaan taasisa. Dhugaadha

gumaacha qaalii kana dhalootni qubee dubisuu qaba! ***(Fayyisaa Tasfaa:****Barataa kutaa 12^{ffaa})*

4)"Kitaaba kana dubbisee bay'een jaaladhe. Waan hawaa kana dhagahuus ta'e dubbisuu baay'een jaaladha. Saayinsii hamaatu keessa jira."(**Deebisaa Tarreessaa** :Ogeessa Fayyaayyaa(pharmacy))

*5)"Dhugaa fi jabina hawaasni tokko qabu keessaa wanti jabaan, akkaataa kalaqa isaatiin addunyaa tanarra of jiraachisuu danda'udha. Uumama kanatti hiika kennuun mataan isaa qaroomina gaafata. Argannoowwan uummanni Oromoo qaroominaan of dhangi'e, uumamaaf hiika laateeti. Amaanu'el Oljirraa hog-barruu kana keessatti kana dhugaa nuuf baheera. Jabaa keenya haa jabeeffannuun dhaamsa kiyya!"(***Cabsii Taliilaa**: Barsiisaa, Barreessaa fi Ogeeessa Fayyaa)

7) *"Kitaaba kana dubbiseera. Dhaloota kanaaf gumaacha guddaa qaba. Akka dhaloonni waan xixiqqaa argee hin dhaabbanne, akka baldhisee yaadu, akka gara hawaa fi ruudaa imalee waan haaraafi fooyya'aa ta'e argu*

*dhaamaaf. Namuu haa dubbisun jedha. "(***Hundumaa Amansiisaa**:Barsiisaa Yuunbarsiitii Haramaayaa).

8)*"Kitaabni kun hawaa bifa salphaa ta'een na daawwachiiseera. Affeerraa keef galatni koo onneerraati barsiisaa Amaanu'el Oljirraa!"(***Nimoonaa Bayyanaa:** Barataa Acounting waggaa 3ffaa).

GALATA

Duraan dursee haadha koo aadde Shaashituu Gudduun galateeffadha. Obboloota koo: Zarituu Oljirraa, Maartaa Oljirraa, Tasfaa Oljirraa, Tsaggaa Oljirraa, Lishaan Oljirraa, Girmaa Oljirraa, Firoomsaa Oljirraa fi Yekkaatit Oljirraafis galata hedduun qaba. Abbaakoo obbo Oljirraa Duuloo fi obboloota koo:-Xajjituu Oljirraa, Tolinaa Oljirraa fi Caalii Oljirraa, kanneen duuti addaan nu baases, lubbuun isaanii jannataan akka qananiitun hawwa!

Namoota bu'aa ba'ii jireenyaa keessatti utubanii akkan hin kufnetti dhaabbii koo tolchaniifis galatan qaba. Keessumaa obbo Seefuu Waaqjiraa fi aadde Dabalee Faqqadeef galatni koo yaraa miti. Akkasumas oolmaan obboleettii koo aadde Maartaa Oljirraa, yoomuu najalaa hin dhokatu.

Gulaaltota kitaaba kanaa: Deebisaa Tarreessaa, Hundumaa Amansiisaa, Cabsii Taliilaa, Saamu'eel

Asfawuu, Fayyinaa Faqqadee, Fayyisaa Tasfaa fi Nimoonaa Bayyanaa, dhalootni qubee hin dagatu.

YAADANNOO

Isa dhugaa dabde qajeelchuuf jecha, osoo sabni dararamuu ani jireenya qananii jiraachuu hin filadhu jedhee hanga lubbuu qaalii dhabuutti aarsaa ta'e:-Artistii Oromoo Haacaaluu Hundeessaa akkamittan dagadha! Haacaaluun waqxii kitaabni kun barreeffamaa jiru keessa ajjeefame. Ani isaaf immimmaan ijaan qofa miti onnee koo keessattan boo'e. Immimmaan ijakootii qooruu mala, innan onneekoo keessaatti boo'u garuu hangan jirutti anumaa wajjin jiraata. Yoo anis du'e malee hin qooru! Yaadannoon Kitaaba kanaa Haacaaluu Hundeessaaf haa ta'u!

BAAFATA

DHAAMSA GULAALTOTA 2

GALATA 5

YAADANNOO 6

BAAFATA 7

SEENSA 10

BOQONNAA TOKKO 14

Ilaalcha 14

BOQONNAA LAMA 21

Ilaalcha Kottoonfate 21

BOQONNAA SADII 31

Qaroomina 31

BOQONNAA AFUR 38

Imala Hawaa Keessaa 38

BOQONNAA SHAN 45

Qorannoo Hawaa 45

BOQONNAA JA'A 57

Gaalaaksota 57

BOQONNAA TORA 68

Sirna Aduu 68

BOQONNAA SADDEET 74

Lafa 74

BOQONNAA SAGAL 85

Astroonoomii fi Biyyoota Addunyaa 85

BOQONNAA KUDHAN 90

Astroonoomii fi Uummmata Oromoo 90

BOQONNAA KUDHA TOKKO 99

Qabeenya 99

BOQONNAA KUDHA LAMA 106

Dalagaa 106

BOQONNAA KUDHA SADII 113

Lubbuu 113

BOQONNAA KUDHA AFUR..... 122

Tooftaa Jireenyaa 122

BOQONNAA KUDHA SHAN..... 129

Qabeenya Hawaa Keessaa..... 129

BOQONNAA KUDHA JA'A 134

Lubbuu Hawaa Keessaa..... 134

BOQONNAA KUDHA TORBA 148

Siyaasa Dinagdee..... 148

BOQONAA KUDHA SADDEET..... 160

Misooma 160

BOQONNAA KUDHA SAGAL..... 180

Sharafa 180

BOQONNAA DIGDAMA 188

Gudunfaa..... 188

Kitaabbilee Wobii (References) 197

SEENSA

Osoo kitaaba kana dubbisuu hin eegalin dura ilaalcha barreessaa irratti waa siif himuun dirqama. Kitaaba barreessaan barreessu kamiyyuu keessatti ilaalchi barreessaa ga'ee guddaa taphata. Kunis sababa waanti barreeffamu hundi beekumsaa fi ilaalcha barreessaa irratti hundaa'ee gara fedha barreessichaatti duufuu maluufidha. Fakkeenyaaf yoo barreessichi amantaa kan hordofu ta'e, kitaabni isaas ilaalchuma amantaa barreessichaa fakkaata. Gochi kun jecha'*Incilination'* jedhamuun beekama. Ilaalchi barreessaa gara inni itti duufuu malu shakkuuf kan dubbistoota fayyaduudha. Kitaabni barreeffame tokko dhugaa ta'uuf dhiisuun isaa ilaalcha/sirna barreessaan hordofu bu'uura godhachuu kan malu ta'uu isaati. Ilaalchi barreessaa amantaa, beekumsa, saayinsii, aadaa, garee siyaasaa fa'a bu'ureffachuu mala. Namootni

baay'een yeroo kitaaba barreessan waan dhugaa fakkaatu barreessanii garuma fedha amantaa fi aadaa ofiitti achi duuffisuu fedhu. Kanumaaf ilaalchi barreessaa ibsamuunis barbaachise.

Egaa *kitaabni kun* Saayinsii bu'uureffata. Saayinsiin ammoo garee sanyii, bifa, amantaa fi siyaasaa kam irraa bilisa. Xiyyeeffannoon saayinsii namoota dhugaa qorannoon mirkanaa'u barsiisuu qofa. Xiyyeeffannoon *Ilaalchi Misoomeen Qaroomina Qaruus* kanuma. Saayinsii bu'uureffatee:- Abdii, Abjuu, Mul'ataa fi Ergama isaa dhaloota qubeef dhaamuudha. Ilaalchuma saayinsiitiin ilaalcha namootaa isa duufee fi qajeeles ilaalee ibsa laata.

Ilaalchi ati qabdu ilaalcha barreessaa faallesssuu mala. Kamtu kam akka ta'e ammoo erga ilaalcha barraa'e hunda dubbistee madaaluun mirga keeti.

Ilaalcha barreessaatti mul'atan arguuf garuu barreessaa waliin mul'aticha arguu qabda. Kana

gochuuf ammoo jalqaba gama ofii kee qofa osoo hin taane gama barreessaas gortee ilaalu qabda. Namni fuula ofii isaa hin argu. Mitiiree? Kanaafuu, of arguuf of keessaa baatee of ilaaluun dirqama. Ofkeessaa ba'iin ammoo waan fakkaattu of argiidha, malee of gani jechuus miti. Fuula namootaa akkuma argitu sana, kan ofii kees arguun dirqama.

Ilaalcha qajeelaan wanti hin mul'anne hin jiru. Yoo ilaalchi qajeele dhugaan ni ifa jechuufani. Fknf Yoo lakkoofsi 6 barreessaafi sigidduutti katabame, barreessaatti 6 ta'ee mul'ata malee siif 9 ta'uu mala. Dhugaa jiru hubachuufis, dursa gama lameen gortee ilaaluun kanaaf barbaachise. Eyyeen Kanumaaf jecha kan dhugaa arguuf, ilaalchi namootaa qajeeluu qaba, jedhee abjootu barruun kunis. Egaa kunooti! Abjuu isa bifa mul'ataa fi abdii saayinsiitiin gurmaa'ee *Ilaalcha Misoomee*

Qaroomina Qaru ta'ee barraa'e kana dubbisuuf kabajaan affeeramtee jirta!

Dubbisa gaarii!!

HUB: Mirgi barreessaa safuun kan eegameedha! © 2020. Odeeffannoo dabalataa argachuuf karaalee armaan gadii fayyadamtee barreessaa quunnamuu ni dandeessa.

Lakk.Bilbilaa:+251917676673

Telegram: +251917676673(Amanuel Oljira)

Facebook: Amanuel Oljira Dulo

Email: amanueloljira790079@gmail.com

BOQONNAA TOKKO

Ilaalcha

Ilaalchi(attitude/imagination) damee saayinsii xiin-sammuu kan: *Guddina Xiinsammuu (Psychological Development)*qo'atuun qoratama[1, 2]. Saayinsiin *Guddina Xiinsammuu* kun sirna guddina:- xiinxalaa sammuu*(Cognitive),* Fedhii *(affective)* akkasumas, Dalaga/shaakala *(psychomotor)* irratti xiyyeeffata. Adeemsa guddina xiinsammuu namootaa kana qorachuuf yeroo baay'ee qorattootni gabaajee 'KAP' jedhutti fayyadamu. KAP: *Knowledge* (Beekumsa), *Attitude*(Ilaalcha), *Practice* (Shaakala) kan bakka bu'udha. Kanneen keessaa ilaalchi *(attitude)* maadhee *affective domain* jedhamu jalatti ramadama. Haala kanaan ilaalchi garee xiinsammuu fedhii namootaa murteessu ta'uu isaati.

Ilaalchi beekumsaa fi shaakala ykn dalaga namootaa murteessuu keessattis shoora olaanaa qaba. Kunis ilaalchi riqicha beekumsaa fi dalagaa namootaa kan walquunnamsiisu ta'ee kan tajaajilu ta'uu isaa ibsa. Gama biraan ilaalchi gulaallii namootni ittiin waantota filanii hubatan/fudhatan ykn dalaganii fi hordofanidha. Akkuma ilaalchi beekumsaa fi shaakala namootaa irratti dhiibbaa uumu, beekumsaa fi shaakallis ilaalcha irratti dhiibbaa uumuu ni malu. Egaa, ilaalchi namaa beekumsaa fi shaakalaanis jijjiiramuu kan danda'u ta'uu isaas hubachuun daran barbaachisaadha.

Yeroo baay'ee namootni ilaalcha gaarii (positive attitude) ykn badaa(negative) attitude jedhanii ilaalcha badaa fi gaarii addaan qooduu yaalu. Haa ta'u malee ilaalchi badaa ykn gaarii jedhamu, yeroo baay'ee namoota hundaa biratti waaltawee hin beekamu. Ilaalchi waaltawee beekamuu dhabuun

isaa kun ammoo sababa namootni:-naannoo, aadaa, siyaasaa fi amantaa fa'in garaagar ta'aniifidha. Kanaafuu ilaalchi waaltawaa ta'uu kan danda'u, yoo saayinsawaa ta'e qofa ta'uu isaati. Fknf waanti namoota baay'ee biratti 'badaa' jedhamu, namoota kan biroof ammoo 'gaarii' ta'ee ilaalamuu ni mala.

Namootni waanta arganii, dhaga'an tokko akkuma ilaalchi isaanii itti mul'isutti hubatu jechuu dha. Fknf, waanta argamu tokko yoo namootni lama walfaana argan, waanticha irratti hubannoon garaa garaa madduu ni mala.

Egaa waanti argamu ykn odeeffamu tokko:- safuu ykn miti, gaarii ykn badaa, qaalii ykn rakasa, ni ta'a ykn hin ta'u, soorata ykn balfa, bareedaa ykn fokkisaa, jibbamaa ykn jaallatamaa, sirrii ykn miti, qulqullaa'aa ykn xiraa'aa fa'a ta'uu isaa kan gulaalu ilaalcha namootni qabaniin ta'uu isaati.

Ibsa armaan olii irraa namootni waantota argaa-dhageettii ta'an irratti ilaalcha garaa garaa qabaachuu akka malan hubannee jirra.

Maarree egaa garaa garummaan ilaalchaa kunimmoo dubbii ijoo *Ilaalcha Misoomaati.*

Namoota gidduutti ilaalchatu garaa garummaa uuma. Gatiin nama tokkoo ilaalcha isaatiin madaalama/ilaalama. Ilaalchatu nama duroomsa ykn hiyyoomsa. Haala kanaan biyyi tokko misoomuu fi dhiisuus ilaalchuma lammiilee isheetu murteessa. Kanaafuu misooma misoomsuu kan dursu ilaalcha misoomsuu ta'uu isaati. Misoomuu jechuun maal jechuudha? Ammaaf deebii siif dhiiseen ilaalchatti sideebisa.

Namni tokko cubbamaa ykn qulqulluu jedhamee kan farrajamu ilaalchumaani. Fakkeenyaaf, inni hatu cubbamaa, inni qabeenya ga'aa waan qabuuf jecha hanna dhiise ammoo qulqulluu jedhamee

ilaalama. Namni qabeenya namaan soorome tokko hiyyeessaaf yoo waa xiqqoo qonxoree gumaache, nama gaarii jedhamee faa ilaalama. Hattichumti inni saamee duroome sun, yoo isa saamame deebisee waa xiqqoo gargaare qulqulluu jedhamuu isaatiim. Maarree akkasitti ilaalchii fi jireenyi addunyaa kanarraa jijjiiramaa oolti.

Yeroo baay'ee namootni haqaan jiraatan yoo isaan hiyyummaa keessa jiraatantu ifee mul'ata. Kunis sababa namootni akkasii kunniin namoota biroo miidhanii duroomuu hin feneefidha. Kanaaf jechas yoo argatan sooratanii yoo dhaban agabuu bulu. Namootni akkasittiin qabeenya dhaban akka waan waaqni/rabbi isaan adabeettimmoo ilaalamu. Egaa haalli jireenyaa hedduun ilaalchaan murtaa'aa jira. Dureessotni hannaan durooman hedduun jiraachuu malu. Gariin dureessotaa kun malaan malanii qabeenya namootni biroon itti xaaranii

argatan kanuma ofii godhatu. Kanas dhoksaatti nama ajjeesanii ykn soba dhugaa fakkeessanii irraa fudhatu. Gocha badaa akkanaa kana ammoo '*abshaalummaa*' jedhanii fa'a leellifatu. Cubbuus itti hin fakkaatu. Maarree egaa kunis ilaalchumaaniim.

Akka *Ilaalcha Misoomaatti,* namni kamuu kennaa uumamni namoota badhaafte hunda walqixa qabaachuu qaba ture. Eeyyen, akka namootni amma ilaalaa jiran kanatti gariin abaarsaaf, gariin ammoo eebbaaf hin uumamne jechuu kooti. Hunduu wal qixa dachee kanarratti qullaa isaa uumame. Namni kamuu yeroo dhalatu qilleensa dacheen qabdu namarraa bitee miti kan arganu. Namni dachee irratti dhalate hundi qabeenya dacheen qabdus wal qixatti qabaachuu qaba ture.

Namootni baay'een qofaa misoomuu fedhu. Qofaa ofii ammoo ni duroomu malee, hin misooman. Waanti barbaachisu garuu waliin misoomuu ture.

Qofaa duroomanii kaaniin hiyyummaatti darbuun misooma hin ta'u. Ilaalchi akkasii kun ilaalcha ofittummaati. Ofittummaan kun gufuu misoomaati. Yeroo mara jecha Misooma! Misooma!…!jedhu heddutu jedhamaa oola. Misoomuun dansa. Garuu maqaa misoomaa waamaa ooluun maal fayyada? Misoomuun maqaa waamuu miti. Ilaalcha misoomeen, misooma misoomsuudha malee. Namootni hedduun misooma barbaacha jooraa oolu. Garuu misoomni isaan dhokata. Misoomni ilaalcha kottoonfateen kan mul'atu miti. Ilaalchatu kottoonfate jechuu kooti. Ilaalcha kottoonfate kana *Ilaalcha Misoomaa* tu maqaa moggaase. Egaa *Ilaalchi Kottoonfate* kun isa namootaan taphachaa jirudha.

BOQONNAA LAMA

Ilaalcha Kottoonfate

Akka *Ilaalchi Misoomaa* ilaaletti *Ilaalchi Kottoonfate* isa diriiruu dhabedha. Ilalcha isa ’asii’ qofa malee ’achi’ hubatee hin argine. Ilaalchi kottoonfate kun osoo diriiree silaa asis, achis waanta jiru xiinxalee hubata. Isa kamtu kami jedhee madaalees hubata. Ilaalchi diriiraan dhugaa baruuf sammuu banata.

Ilaalchi kottoonfate garuu kan ofii malee kan biraa hin argu. Duuchaamatti:- Matumaa! Hin ta’u! Hin danda’amu! Kun dhugaadha! Kun soba! Kun cubbuudha! Kun qulqulluudha! fa’a jedha malee, Maaliif? Akkamitti? Yoom? Eessatti? Eenyuun? fa’a jedhee qoratee hin hubatu. Beekumsa xiqqootu isa daangessa. Kanaaf dhugaan soba itti fakkaata. Soba dhugaa godhees hubata. Osoo hin beekin beekaa of se’a. Kanumti isaa qofti qulqullaa’uu fi kan biroon xiraa’uu isaa odeessa. Ilaalchi kotoonfate kun

sammuu cufatee afaan banata. Maarree akkasitti jireenya silaa misoomuu qabu barbadeessaa oola.

Akka namootni ilaalcha diriirfatan arganii ibsanitti silaa qabeenya baay'eetu hawaa keessa jira. Garuu ilaalchi kottoonfate qabeenya achii arguun hafnaan isuma asiiyyuu hunda argee hin hubatu. Isuma asii arge qofa saammachuu filata. Kanumaaf kufee caba. Ajjeesee fa'a dhuunfachuuf karoora baafaata. Ilaalchichi asumeedha! Isa asatti ofittummaa fa'iin kottoonfate.Yaalii qofaa duroomanii jiraachuuti. Isa"*Ani duunaan margi hin margin jettee harreen alanfachaa duute*" jedhee Oromoon mogolee dhahee cabsu sana fa'i. Haa jiraatu inni! Falmaan mirga dhala namootaa!

Ilaalchi kottoonfate kun isuma namootni baay'een ofii duroomanii, kaaniin hiyyomsuu fedhan fa'i. Isuma qabeenya hawaa keessa barbaaduu cubbuu godhee, kan lafarraa saamuun ammoo akka waan

qulqulluu ta'etti ilaaludha. Ta'us akkasitti ilaaluu isaa kufee ka'ee morma. Hawaa abuuruun akka hin mallee fi waaqaan mormuu akka ta'e ibsata. Egaa mormus kanuma jechuu isaati. Namootni dalagaa cubbuu fakkeessan qabeenya maaliitiin jiraatu?Yoo saamuu fi hatuu fa'a ta'e malee.

Walumaagala osoo namootni baay'een ilaalcha diriirsanii silaa gaarii ture. Namootatu qabeenya lafarraa qofa argee asumatti wal fixaa jira malee, qabeenyi hawaa keessaa baay'eedha. Garuu:-Hin jiru! Hin dandaa'amu! Cubbuudha! Jedhanii dhiisu. Maarree kun Ilaalcha kottoonfateedha!

Ilaalchi osoo qajeelee waanti hin taane hin jiru. Dursa Akkamitti?, Maaliin?, Yoom?, Eessa?, Eenyuun?, Maaliif? fa'a jedhanii xiinxaluu gaafata. Qorachuu fi qo'achuun fa'a jechuu kooti. Wanti qoratamuu qabu ammoo isa hin beekne qofa miti. Isuma beekan dhugaa fi soba ta'uu mirkaneessuufi.

Qabeenya fagootti argamu, hiixatanii fudhachuuf harkaa fi miilla osoo hin taane, sammuu diriirsu. Namni hanguma ilaalcha isaatii ga'a. Mitii ree?

Diriirsinaan ni diriira! Ni dandaa'ama jennaan ni dandaa'ama! Barbaannaan ni argatu. Argannaan ni abdatu. Abdannaan ni dhuunfatu.

Abdiin abjuu namoota rafanii miti. Kan namoota xiinxalanii fi karooraan dalagataniiti malee. Qabeenya dhuunfachuun abdatanii dalaguu nama gaafata. Osoo namootni hundi ilaalcha jaame ibsatanii, silaa jireenyi namootaas ifee jiraata.

Ilaalcha jaamaa jechuun qaroo ijaa jechuu miti. Ilaalcha isa sammuu keessaatti jaamedha. Yoo ilaalchi jaame qaroon ijaayyuu ilaaleef hin arguum.

Namoota ilaalchi isaanii jaametti, albuudni qaaliin biyyoo fi dhagaa rakasa fakkaatee mul'ata. Isaanitti namni qaamaan hir'ate nama qaroo ijaa hin qabne

fakkaata. Isaanoo namni qaamni hir'ate nama ilaalcha jaamsate ta'uu hin hubatan.

Fknf nama ilaalchi jaame yoo ati halluun sabbata waaqaa (*Rainbow*) meeqa ittiin jette sadii qofa siin jedha. Ta'us torba ta'uufi akkamitti akka uumamu argaa-dhageettii woyii hin dhabu. Ilaalchi jaame arges ,barates dhugaa jiru hubatee hin fudhatu.

Namootni ilaalchi kottoonfate barumsa baratanis dhugaa hubachuuf fedha hin qaban. Isaanoo dhugaatti sammuu cufanii afaan qofa banatu. Dhugaa soba godhanii hubatu. Ani baradheera! Jechuuf kan mana barumsaa deeman ta'uu isaaati.

Egaa namootni dhugaatti sammuu cufatan maaliif akka mana barumsaa deeman tilmaamuun salphaadha. Maqaa baradheera jedhuun ulaagaa woyii guuttachuu qofa. Ulaagaan kun fedhii hanga biyya bulchuutti taasifamu hunda dabalata.

Egaa namni ilaalcha jaamaan baratee biyya bulchuu fedhus inuma jira jechuudha. Namootni akkasii yoo carraa biyya bulchuu argatan silaa biyya akkamitti bulchu jettee yaaddaa? Kaayyoon fedha biyya bulchuu isaanii hoo maaliif jettaa laata? Namoota akkasii osoo ati kaatee ilaalcha akka qajeelfataniif jecha, gaaffii woyii isaan gaafatte, silaa deebiin beekamaadha. Si ajjeesuu, biyyaa si balleessuu ykn maqaa si balleessuu fa'i deebiin kee. Ati nama mitiim isaan biratti. Isaanoo Mormituu/ *Seexana* woyiitti sifakkeessu. Eeyyen egaa dhugaan akkasitti dhokatti ilaalcha kottonfataa kana biratti.

Ilaalchi kottoonfannaan albuudarra miilaan deemu. Arganii hin hubatan, beekaniis ittiin hin misooman. Kanaaf hiyyummaan bara dhufaa darbaa biyya mo'ee jiraata. Ilaalcha kanaan akkamitti misoomu?

Ilalchi kottoonfate kun namoota baay'ee sanyii namaa ta'uu isaaniiyyuu of dagachiise. Kanumatu

akka Afrikaanotni ofii isaanii mormanii,"nuti sanyii faranjiitti" ofiin jedhan isaan taasise. Namootni sanyii *Kuush* ta'an yeroo isaan"*Ani Sanyii Seemiiti!*";"*Abaluutu nabitate*!" jedhanii of morman dhaga'uu caalaa maaltu nama gaddisiisaa?

Eeyyee osoo ilaalchi isaanii misoomee, silaa Afrikaanotni sanyii koloneeffattoota isaanii ta'uuf kufanii hin caban ture. Haa jejani! Nama biraa jejuu fi kabajuun gaarii dha. Ta'us hanga of nama jibbisiisutti ta'uu hin qabu.

Waanti barbaachisaan of ta'uu dha. Erga of ta'anii booda, namoota kabajanii, of kabachiisu. Yoo of kabajan malee namni nama hin kabaju. Kan ati namoota kabajju akka isaan si kabajaniifidha.

Afrikaanotni osoo of kabajaniiru ta'ee silaa of kabachiisu turan. Garba ta'aniis hin gurguramani. Of ta'uu dhabuun Afrikaanota baay'ee miidhaa jira.

Of ta'uu dhabuun ilaalcha kottoonfataa akka hormi namatti fe'atu nama taasisa. Ilaalchi Afrikaanotaa akka kottoonfatuuf koloneeffattootni waan baay'ee godhaa turan. Ofis ta'e dalagaa akka isaan jibban taasisan. Afrikaanotni walii isaanii amantaa fi gandaan qoqqoodanii akka wallolan isaan taasisan. Tokkummaan isaaniis kanaan bittimmaa'e. Kanaaf garba jedhanii bitanii isaan gurguratan. Isa Afrikaanotni dafqa xuruurfatanii dalaganitti, isaan sun ammoo taa'anii qarshii fudhatu. Akkasittiin jarri duroomanii misooman.

Har'as ilaalchi kottoonfataan koloneeffattootni durii sun *Kuushiin* bitamaa, *Seemiin* ammoo bitaa godhanii ilaalan sun hin duune. Waan du'e fakkaata. Garuu bifa jijjiiree jiraataa jira.

Ilaalcha amantaa fi siyaasaa isa jarri Afrikaanotaan ati bitamaadha jedhanii barsiisan sana akka waan dhugaa ta'eetti amanaa jiraatu. Isuma jarri *waaqa*

faranjiitti fakkeessanii,'*Seexana*' ammoo gurraacha fakkeessan sana faa dhugaa se'u. Akkasitti ilaalcha gadaantummaa afrikaa badhaasan koloneeffattotni. Ilaalchi kottoonfate kun maal nama hin goonee? Qomoon ofii walfuudhee akka waliin hin jiraanne taasiseera. Obbolaan waliin dhalatan lama gareen qoodamanii akka ilaalamaan godheera. Isa tokko *ifa* godhee isa kaaniin ammoo *dukkana* jedheefaa moggaasa. Amantaan fi siyaasni achii dhufe kun Oromootas gargar baasaa jira. Kanumaan Oromoon dur tokko ture, har'a: ani *ifa!* Atimmoo *dukkana!*, ati *mormaa* dha! Animmoo *amanaa* dha! jedhee fa'a addaan wal qooduu eegale. Hanga inni lagaaf gandaan wal hiree wal reebutti diinni isaa waan bolquu qabu bolqa. Tokkummaan dur ittiin diina ofirraa dhorkaa turan amma lagaafi gandaan adda hirameera. Sanyiin dur tokko ture har'a garuu gariin isaa filatamaa, gariin ammoo tuffatamaa

ta'uu isaa waliin falmaa jiraata. Egaa tokkummaan jedhan sun eessaa haa dhufu?

Oromootaaf har'a tokkumaan hafnaan, fuudhaaf heerumni isaatuu amantaa achii dhufeen murtaa'aafii jira. Fknf osoo gurbaan harargee tokko intala wallaggaa kan amantaa Kiristaanaa hordoftuun sin fuudhaa natti heerumi ittiin jedheen, silaa isheenimmoo:-"*Ifaa fi dukkanni maal walittii qaba?"* ittiin jetti. Isheen iftee inni dukkanaa'uu isaatiim. Akkasuma osoo dhiirri wallagaa tokko dubra harargee kan amantaa Musiliimaa hordoftuun siin fuudhaa natti herumi jedheen, silaa:- ani *'kaafiratti'* hin heerumu ittiin jetti. Isheen waaqa tokkichatti amantee innimmoo kan morme ta'uu isaati. Egaa akkasittiin akkas taane! Tokkummaa fi hubannoo walfakkaatus dhabnee, ilmaan abbaa tokkoo garaa gara facaane!

BOQONNAA SADII

Qaroomina

Jechi *qaroomina(civilization)* jedhu beekumsa olaanaa qabaachuu ibsa[1]. Haala kanaan qaroomuu jechuun beekumsa ykn bilchina sammuu dabalataan horachuu jechuu dha. Kunis isa warri adii development jedhan sana dabalata. Qaroomina *(civilization/development)* jechuun boocaan guddachuu (physical growth) jechuu miti. Fkn daa'imni dhalate tokko qaamaan guddachuun isaa guddina (physical growth) yoo jedhamu, dandeettiin xiinxala sammuu isaa yeroo gara yerootti bilchaataa deemuun isaa ammoo qaroomina '*Intellectual Development'*jedhama.

Lameenuu hariiroo kallattii fi fuggisoos qabaachuu malu. Kana jechuun namni akkuma qaamaan guddachaa deemu, dandeettiin yaaduu isaas dabalaa yoo deeme, hariiroo kallattiiti. Ta'us namni

qaamni isaa guddaa ykn umurii dheeraa qabu tokko yeroo mara isa qaama xiqqaa ykn umurii xiqqaa qabu caalaa sammuu bilchaataa qaba jechuu miti. Sababni isaa sammuun nama tokkoo bilchaataa ta'uu fi dhabuun isaa yeroo hunda qaamaan guddachuu (physical growth) irratti kan hundaa'u qofa osoo hin taane, soora bilchina sammuuf ta'u soorachuu irratti hunda'a. Kunis nyaata garaa garaa soorachuu isaaniitu dandeettii xiinxaluu garaa garaa argamsiisa jechuu qofas miti. Jecha isa Oromoon "*Saani harree keessa oole akkuma harree dhudhuufa*"jedhu sanas kan dabalatuudha malee.

Namni tokko beekumsa jalqaba sammuutti kuufatu kan argatu: maatii, hiriyyoota, mana barnootaa, hawaasa naannoo, mana amantaa, aadaa ykn barfata naannoo, siyaasa naannoo, saayinsii fi kkf irraati. Haa ta'u malee xiinxalas ta'e beekumsa

dabalataa horatee qaroomuuf namoota qarooman irraa barachuu qaba.

Namoota hin qaroomnerraa barachuun qaroomina malee nama hanbisa. Jechi '*Bakka ooltu natti himi animmoo eenyummaa keen sitti himaa"* jedhus kanuma ibsa.

Namootni nama barsiisanis ta'e kan baratan hundi kaayyoon isaanii bilchina sammuu ykn qaroomina horachuuf fedha qabaachuu isaani mul'isa. Inni barsiisu akka waan qaroomeetti yoo laalamu inni baratummoo qaroomuuf ta'uu isaati. Gama kanaan xiqqaatus guddatus hunduu mana mana isaatti qaroomeera jechuudha.

Hiikni saayinsaawaan qaaroominaa, isa bilchina sammuu (intellectual development)[1] jedhamee ibsamu sana ta'us, akkuma qaroomina mana manaa sanatti hiika mana manaas qabaachuu mala.

Fknf; Namootni nama miidhuun akka waan qaroomina ta'eetti hiikkatan hedduudha. Biyyootni ykn namootni baayyeen meeshaalee waraanaa ergifatanii ykn bitatanii sababa dhukaasaniif jecha akka waan qaroomaniittis ni hiikkatu. Kanumaaf jecha inni fokkorsuun qawwee qabatanii asiifi achi utaalaa, caraanuun sagalee qisaasessan suni. Kanneen Malaamaltummaan nama goyyomsanii, dhugaa dhoksanii, wallaalaa sobanii maqaa "*araadaa*" jedhuun faa of waamanis qaroominuma ganda gandaa kana ibsa. Jecha safuu hin qabneen nama abaaruu, uffata fayyaa bitanii cicciranii uffachuu, araada garaa garaa fayyadamuu faanis jecha isa "*araadummaa*" jedhu sanaan qoroomina ofii ibsachuuf yaaluu isaaniiti.

Namootni waantota dubbisan hunda toora tooraan sammuutti kuufatanii akka waan qaroomaniitti of ibsanis hin dhabaman. Gariin ammoo lakkii

matumaa" nama qaroome jechuun nama isa waaqa koo qofa sodaatuu fi amala garii qabu qofa"jedhu. Animmoo namni qaroome nama beekumsa bilchaataa qorannoorratti hundaa'e horatee fi ilaalcha gaarii namoota hundaaf qabu, akkasumas nama beekumsaa fi ilaalcha horate sana gara hojii gaariitti jijjiirudha jedheetan hiikkadha. Ati hoo? Deebiin kee kanneen armaan olitti waa'ee hiika qaroominaa ilaalchisee ibsamerraa adda ta'uu ykn wal fakkaachuu mala. Ta'us hiikni qaroominaaf kennaman kunniin hundi gaarii miti, hundi immoo gadhees hin ta'u. Kanaafuu kanneen hiika garii qaban gaarii ,kanneen gadhee ta'an ammoo gadhee jechuuf dursa qaroominni namoota hundaa qaramuu barbaachisa. Kana gochuuf ammoo hiika qaroominaa kan mana manaa (gandummaa) keessaa ba'anii hiika waaltawaa qabaachuu nama gaafata. Kun ta'uuf, garuu namuu qaroomina ofii

kan ollaa isaa waliin wal bira qabee madaaluuf fedha horachuu qaba. Namni kamiyyuu qofaa isaa guutuu ta'uu hin danda'u. Kanaafuu waan hin qabne olla gaafachuun dirqama. Waan hin qabne tokko ollaa ofii irraa argachuuf ammoo dursa ollaan isaa sun waanta barbaadame sana qabaachuu fi dhabuu isaa qorachuu fi qo'achuun dirqama. Ilaalchi akkasii yeroo hunda ergifachuuf qofa osoo hin taane, ergisuufis kan fayyadudha.

Egaa ollaan jedhaman kunniin: Maatii, Fira, Hiriyyaa, Uummata, Hawaasa, Sabaa fi Sablamii, Biyyoota, Ardiilee fi Samii/Hawaa keessaa jiraatan hunda ta'uu malu. Olloota tarreeffaman hunda kan ofkeessatti qabatu ammoo' *samii/hawaa'* dha.

Kanaafuu waa'ee hawaa qorachuun, qaroomina waaltawaa akka namootni horatan nama taasisa. Hawaa qorachuuf ammoo, lafarraa ka'anii hawaa keessa imaluu nama gaafata. Ta'us, hawaa kessaa

imaluun akka imala isa lafaraa sana hin salphatu. Gara hawaatti imaluuf konkolaataa ykn xiyyaara osoo hin taane, xiinxala yaadaan imaluu gaafata.

Meeshaa ittiin hawaa imalan kalaquu dura gadi fageessanii xiinxaluu gaafata. Qaroomina hawaa keessa ittiin imaluu dandeessu tolfannaan, kan lafarraa sin dhibu. Kanaafuu ammuma kaanee hawaa qorachuuf xiinxalaan gara hawaa haa imallu! Kan gochuuf dursa, ijakee fi qalbii kee guutuun mee fakkii hawaa armaan gadii ilaali!



Fakkii1:Hawaa yeroo lafa ta'anii halkan ol ilaalan (maddi NASA)

Yeroo fakkii hawaa ol ilaaltu maaltu sitti mul'ata?

"Waantota naannoo kee marsanii argaman yoo gadi fageenyaan ilaalte (xiinxalte), waa'ee isaanii gadi

*fageenyaan hubatta"! "If you deeply observe something sourouds in your environment, you can understand more about them"(**Albert Einstien)***

BOQONNAA AFUR

Imala Hawaa Keessaa

Akkuma beekamu imala jechuun bakka jiran tokkoo ka'anii gara bakka biraatti socho'uu ibsa. Bakka kamiyyuu imaluuf, dursa fageenyaa fi kallattii isaa beekuu nama gaafata. Lafoos ta'e konkolaataan geejjibuuf, galaa imala bakka yaadame ittiin ga'uuf oolu qabaachuunis barbaachisaadha. Isaan kunniin imala lafarraati.

Imalli gara hawaatti godhamus of eeggannoo kanneen gochuu daranuu kan nama gaafatuudha. Fageenyi imala hawaa keessa akka isa kan lafarraa kiilomeetiraan kan safaramu miti. Fageenyi hawaa keessaa safartoo kiilomeetira (Km) jedhamuun osoo

hin taane, safartuu bara ifaa (light year) jedhamuun kan safaramuu dha. Saffisni ittiin hawaa keessa gulufuun yeroo barbaadametti bakka yaadame ga'uuf nama barbaachisus akka saffisa isa xiyyaara ykn konkolaataan gulufanii sana miti. Hawaa keessa gulufuuf akka ifaa saffisa ajaa'ibsiisaa ta'een fiiguu gaafata.

Saffisni ifaa saffisa isa '*speed of light* ($C=3 \times 10^8 m/s$) [3]jedhan sani. Kunis yoo kiilomeetiraan shallagamu C=300,000km/s ta'a. Kana jechuu, ifni tokko lafarraa ka'ee gara samii deemuuf sekoondii tokkotti fageenya kiilomeetira 300,000 fiiguu akka danda'u ibsa. Gama biraan ifni secondii tokkotti si'a torba (seven times) fageenya guutummaa lafarraatti marsuu danda'a jechuudha.

Egaa meeshaan akka ifaatti ittiin gulufuun danda'amu kun akkamitti kalaqamuun danda'ama gaaffii jedhu ofis ta'e namoota gaafachuun si'iifi

dhaloota sichii irraa qofa eegama. Yoo meeshaan geejjiba hawaaf oolu akkasii kun hin dalagamu ta'e garuu, hawaa keessa fageenya fagoo deemuun kan yaadamu miti. Ta'us meeshaa yeroo ammaa namootni qaroomina hawaa qoratan qarataniin waantota lafatti dhiyoo ta'an kan akka ji'aa, abuuruun danda'ameera. Haala kanaan pilaanitoota fageenya dhiyoo qofa malee kanneen fageenya fagoo qabanirra qubachuun hin danda'amu. Hanga yoonaattis ji'a irra qubachuun kan danda'ameef, sababa jiini(addeesssi) fageenya 384,400km qofa fagaattee argamtuufidha. Fageenya addeessaa kana ifni lafarraa ka'ee yeroo secondii 1.5 hin caalle keessatti qaqqabuu danda'a. Garuu fageenya kan osoo xiyyaara saffisa 1000km/hr fiiguun (jeettiin) imallee,silaa halkaniif guyyaa deemnee guyyaa 16 ttii achi geenya. Yoo rookeettii saffisa 8km/s fayyadamne ittiin gulufne ammoo,

sa'atii 13(13hrs) keessatti addeessarra qubachuu dandeenya.

Sirna soolaarii keessaa waanti lafatti siqee argamu ji'a qofa. Pilaanetiin '*Maarsii (Mars')* jedhamu kiilomeetira miliyoona 56 (56 milion km) kan fagaatuudha. Aduun ammoo lafarraa kiilomeetira miliyoona (150 milion kms) fagaatti. Ifni aduurraa ka'ee lafa dhaqqabuuf daqiiqaa 8.3(8.3minutes) itti fudhata. Walumaa galatti Aduu, Maarsii fi Laftis Addeessa dabalatee hawaa keessaa bakka *Sirna Soolaarii* (solar system) jedhamutti argamu.

Jechi soolaarii jedhus aduu (sun) kan ibsuu dha. Kun immoo waantotni aduutti marsanii argaman hundi kanneen sirna soolaarii keessatti argaman jedhamanii akka waamaman isaan taasise.

Waantootni sirna soolaarii (solar system) alatti argaman kanneen akka pilaaneetoota alaa (exoplanets) fi urjootaa dhaqqabuuf, ifni secoondii,

daqiiqaa, sa'atii fi kkf osoo hin taane, waggaa ykn bara ifaa(light year) itti fudhata. Barootni ifaa kan waggoota dhibbaan, kumaan, milioonaa fi biliyoonaan lakka'amaniidha.

Bara ifaa tokko(1ly) jechuun, fageenya ifni waggaa tokko keessatti fiiguu danda'u dha. Kunis yoo shallagamu kilomeetira triiliyoona sagal (9trilionkm) wajjiin wal qixa(1 Ly=9trilion km).

Egaa fageenya hagasii deemuun ammoo umurii dheeraas nama gaafata. Dhaltanii bakka yaadame osoo hin ga'inis karaati dulloomanii du'uunis waanuma jiruufi. Kanaafidha kan warri qaroome dhaloota dhufuuf haala mijeessaa jiranis.

Akkuma imala lafarraa sana Imala hawaa keessas balaan tiraafikaa hin dhabamu. Kunis kan ta'u sababa hawaa kessa waantotni furguggifamoon akka' *meteorite*' jedhamanii fi kallattii garaa garaan furguggifaman jiraniifi. Isaan akkasii kun walii

isaaniitti ykn nama konkolaaataa hawaa keessaa (space ships)oofattee deemuttis rukutamuun balaa tiraafikaa geessisuu danda'u. Dabalataanis hawaa keessaa bakki waantota hundumaa ofitti harkisee dhidhima galchus inuma jira. Bakki akkasii kun naannoo '*Holqa Gurraacha'*(*black hole)*[4] jedhamuun beekamuu dha. Kunoo amma Imala keenya hawaa keessa gochaa jirruuf galaa dabalataa fi kallattiii irra deemuu qabnu xiinxaluu nu barbaachisa. Kanas gochuuf dursa waantota hawaa keessa jiran qoqqoodnee ilaaluu fi isa kamtu isa kam ta'uu beeknee of eeggannoo imalaa gochuu qabna.

Walumaa gala osoo qaamaan hin imalin dursa waantota hawaa keessa jiran maalummaa isaanii akkasumas fageenyaa fi kallattii isaanii qorachuutu filatama. Kana gochuuf ammoo imala yaadaa isa hawaa keessa ittiin deemaa turre sana osoo addaan hin kutin, muuxannoo horachuuf gara lafaatti

deebinee giddu gala qorannoo hawaa kan ta'e *"NASA"*[5] haa iyyaafannu! *"Sibiilluu sibiilaan qarama* "jedhu mitiiree? Kanaafuu qaroomina keenya qaruuf,hawaan akkamitti akka qoratamu, qaroomina namoota '*NASA*' keessa dalaganii gadifageenyaan haa qorannu!

BOQONNAA SHAN

Qorannoo Hawaa



Fakkii 2: Hawaa fi waantota hawaa keessatti argaman (*NASA* irraa kan fudhatame).

Biyyootni garaa garaa giddugala hawaa qorachuuf hundeeffatan ni qabu. Haa ta'u malee, giddugalli

NASA[5] jedhamuun beekamu, irraa jireessaan kan waa'ee hawaa qorachuu irratti qaroomina olaanaa qabu ta'ee beekama. Giddugalli NASA(**N**ational **A**eronautics and **S**pace **A**dministration)[5] jedhamu kun kan argamus biyya Ameerikaa Keessatti.

Namootni *NASA* keessaa dalagan hawaa qorachuuf dursa beekumsa kanneen akka astroonoomii (astronomy); Astroofiiiziksii (Astrophysicis) fi Saayinsii Hawaa (Space Science) jedhaman fa'a barachuu qabu. Dabalataanis yeroo baay'ee waa'ee hawaa qorachuuf beekumsa kanneen akka methaphysics, cosmology, chemistry, metrology, biology, geology fi kkf hunda sirriitti qabaachuunis baay'ee barbaachisa. Namootni NASA keessaa dalagan bilchina sammuu olaanaa (high intelligent quality) qabu kan jedhamuufis kanumaafidha. Namootni gara hawaatti imalan maqaa *Stronaunt* jedhamuun beekamu.

Sababni hawaa qorachuun barbaachiseef inni olaanaan sammuu qarame fayyadamanii argannoo haaraa argachuufidha. Biyyumti Ameerikaa jedhamtu kan har'a warqee taate kuniyyuu dur dhokkattee turte!

Waantotni akka warqee fi daayimendii qaqqaalii ta'an tarii akka dhagaa lafarraa baay'atanii samii keessa dhokatanii jiraachuu malu shakkii jedhuufaatu akka samii qorataniif namoota kakaasaa jira. Kaan ammoo bakka mijataa lafa caalaa jireenyaaf mijataa ta'e barbaaduun isaanii sababuma qorannoo kanaati. Tarii pilaanetoota kanneen biroo irras lubbu qabeeyyiin jiraachuu malu kan jedhus shakkii qabu.

Gara hawaatti olba'uun gam tokkoon lafti maal akka fakkaatuufi eessa akka jirtu beekuufis isaan fayyada. Qorannoon hawaa keessatti godhamu waa'ee lafaas kan dabalatuu dha.

Namootni hawaa akkamitti qoratu kan jedhu gaaffii deebii argachuu qabuu dha. Saayinsistoonni hawaa qorachuuf meeshaalee'*konkolaattota samii keessaa'* (spacecrafts)[6] kanneen jedhamanitti fayyadamu. Meeshaaleen kunniin kaayyoo kalaqamaniif irratti hundaa'uun, guddina boocaa fi ariitii garaa garaa kanneen qabanii dha. Fayidaalee konkolaattota hawaatti ergamanii keessaa muraasni:-

- Fakkii lafaa kaasuun odeeffannoo lafatti gadi erguu
- Odeeffannoo haala qilleensaa lafaarraa raaguu(metrology)
- Odeeffannoo sub quunnamtii kanneen akka TV daddabarsuu
- Fakkiilee pilaanitooota biroo kaasuu
- Pilaanitoota hin beekamne biroo barbaaduu

- Gara ji'aa (namoota imalchiisuu) fi kkf ta'anii gosa garaa garaatti qoodamu.

Meeshaaleen gara hawaatti ergaman gosa qabu. Kanneen nama fe'atanii fi osoo hin fe'atin ofuma isaaniitiin odeeffannoo guuranii dha. Odeeffannoo guurratan sanas bifa fakkii akkasumas waraabbiin daddabarsuu danda'u. Odeeffannoo guuran sanas fidanii dhufuu qofa osoo hin taane, achuma ta'anii bifa danbalii '*electromagnetic wave* '[7]jedhamuun gara lafaatti erguus kanneen danda'anii dha. Ashaangulliitii (robots) fe'atanii kanneen imalanis ni jiru. Ashaangulliitotni kunniin ammoo bakka namaa bu'anii waantota sakatta'uu akka danda'anitti kalaqamu. Harka baay'eetu itti godhama.

Namootni lafumarra taa'aniis samii irratti isaan ajajuu danda'u. Akkuma hawaairraa odeeffannoo gadi erguun danda'amu lafarraas ol erguun ni

danda'ama. Kanaafuu yoo ashaangulliitiin cabdes, lafumarra ta'anii tolchu. Waanti ajab nama jechisiisu kun kan ta'uu danda'u mala '*infrafed wave* 'fayyadamuun ta'uu isaaniiti. Akkuma isa remootiin TV banatan sana jechuu dhaam. Yeroo baay'ee nutis wantota arginu hin ajaa'ibsiifannu, hinqorannus malee ifni aduu akkamitti aduurraa ka'ee lafa dhaqqabe hin jennu malee adeemsi ifaa fi infrared tokkumaam. Lamaanuu cararraa electromagnetic wave jedhamanii dha. Ifni gosa cararraa keessaa isa ijaan argamuu dha malee. Nuti ifaa wajjin gaaffii hin qabnu. Akkamitti akka lafa dhaqqabus hin xiinxalluu. Waaqumaaf dhiifna. Kanatu waantota akka ifaa akka hin qoranne nutaasise. Uumama vaayiresii(virus) jedhamu hoo maaltu uumaa? Deebii simaaf dhiiseen gara hawaatti sideebisa.

Meeshaan fakkii hawaa keessaa kaasuuf itti fayyadaman *'teleskoppii'(telescope)*[8] jedhama. Meeshaan kunis garaa garummaa ni qabu. Garaagarummaan isaa akkuma gosoota maayikrooskoppii (microscope) dandeettii waantota xixiqqoo gurguddisanii mullisuu isaaniirratti hunda'a.

Saatalaayitootni gara hawaatti ergaman turtii fi bakki isaan hawaa keessa qubachuu qaban kaayyoo gara hawaatti ergamaniif irratti hunda'a. Erga gara hawaatti imalanii boodas turtii yeroo muraasaa ykn yeroo dheeraa gochuu ni malu. Turtiin isaanii kaayyoofi bakka itti ergaman irratti hundaa'a. Fakkeenyaaf satalaayitootni sirna soolaarii (solar system) keessa akka qorataniif ergaman yeroo muraasa keessatti bakka yaadame sana ga'anii dalagaa eegaluu kanneen malanii dha. Kanneen sirna soolaariin alatti ergaman garuu fageenyi isaan

sirna soolaarii keessaa ba'uuf taasisaniyyuu yeroo dheeraa itti fudhata.

Kanumarratti hundaa'uun meeshaaleen gara hawaatti imalan kunniin saffisa lafarra ittiin gara hawaa imalan garaa garaa qabu. Ta'us garuu hanga har'aatti meeshaan akka saffisa ifaatti fiigu danda'u hin kalaqamne. Kanneen kalaqaman keessaa baay'eee kan saffisu yoo jedhame isa saffisa fageenya kilomeetira 8 sekoondii tokkotti(8km/s) fiiguu dha. Ifni garuu sekoondii tokkotti fageenya kiilomeetira 300,000(300,000km/s) fiiga.

Haaluma kanaan biyyootni qarooman gosa saatalaayitootaa baayyee hawaa keessaa bakka baayeetti erganii qabu. Biyyootni hin qabne ammoo warra qabanirraa odeeffannoo bitatu. Fakkeenyaaf, Itoophiyaan saatalaayitii waa'ee odeeffannoo lafarraa muraasa beekuuf fayyadu tokko *fulbaana 20, 2019* hawaa keessaatti gargaarsa Chaayinaan

akka ergitee qabdu ni yaadatama. Turtiin satalaytiin kun hawaa kessa teessee odeeffannoo erguuf tajaajiltus waggaa muraasa qofadha.

Biyyootni Afrikaa biroonis akkuma Itoophiyaa gama kanaan duubatti hafanis, muraasni isaanii saatalaayitoota muraasa hawaa keessaa qabu. Kun ammoo yoo wanti biraan hafeyyuu odeeffannoo argachuuf kaffaltii qisaasamu ni hanbisa. Kanaafuu, tarkaanfiin Itoophiyaan gama kanaan eegalte kan jalqabaa ta'us, qorannoo hawaa kanneen biroo geggeessuuf saatalaayitoota biroo hedduu fi ogeessota hedduu dhuunfaa isheetti akka horachuu qabdu jajjabeeffamuu qaba.

Walumaa gala namootni qarooman qorannoo hawaa haala kanaan geggeessuun qaroomina isaanii qaratu. Waantotni hawaa keessa jiraachuun isaanii mirkanaa'ee fi qorannoon irratti geggeeffamaa jirus haaluma kanaan hubataman.

Waantotni hawaa keessatti argaman baay'een isaanii hin beekamne. Kunis qaroominnii qaramee akka hin goolabamne nutti mul'isa. Ta'us qorannoon qorattoota akka NASAn geggeefamaa jiru qaroominni namootaa hagam akka qarame namatti argamsiisa. Qaroominni kun qaroomina namootaa jedhamee kan yaamamu ta'us, namootni eenyu fa'i, gaaffii jedhu kaasuu hin oolu. Nutis namuma. Mitiiree? Nuti qaroomina akkamii qaraa jirra?

Achis ta'e asis namootni qaroomina qaran akkuma jiran,kan doomsanis hin dhabaman. Qaroomina doomaa akka alaabaatti rarraafatanii nuti akkasi!; Dur akkas ture jechaa barooduunis inuma jiraafani. Qaroomina doomaa (isa mana manaa) sana akkuma jiru sanatti kan barsiisuu fi kan baratus jira achis asiis, yoo nuti baay'ina caalle malee.

Egaa galanni kan warra qaroomina qaruu haa ta'u! Warri achii qarooman bilbila, raadiyoo fi television saatalaayitii isaaniitti hidhanii, warra asii qaroometti gurguratu. Kan bites buufatee nutti gurgurata. Nutis waan qabnu walitti corree qaroomuuf bitanna. Kanumaan odeeffannoo waa'ee ganda keenyaa warra ganda gamaaf daddabarsina. Odeeffannoon keenyas ifa akka ta'utti fakkii fi waraabbii garaa garaan dabaallee dhoobnaaf. Isaanis deebiima walfakkaatu nuuf deebisu. Kanumaan siyaasa keenya isa soba, jibbaa fi arrabsoo gandummaan dabaalame sana qaroomina goonee sammuu dhalootaa ittiin doomsaa oolla.

Waanti nama ajaa'ibu garuu warra qaroomerraas oomishaalee qofa miti kan bitannu. Odeeffannoo feenu barbaannee (search) goonee bitachaa oolla. Isaan bira maaltu dhibe! Yoo ati maqaan koo

eenyu jetteyyuu sitti himu. Nutu isaan hin beeku malee isaanoo nu beeku. Nutis waanuma gurraa qabnu qofa namootaaf ifa gochuuf jecha bitachaa oolla. Kanuma barannee barreessaas oolla.

Qaroomina qaruu keessaa tokko dursa odeeffannoo bitannee dubbifnuu fi barreessinee barsiifnu qaruu dabalata. Odeeffannoo baay'ee baruu fi beekuuf gandummaa, sanyummaa, lolaa fi oduu lolaa kan naannoo keessaa baanee gara hawaatti xiinxalaan imaluu qabna. Achii beekumsa ajaa'ibsiisoo waan hunda beekuuf nama fayyadan baay'eetu jiru. Hawaa keessa akka isa lafarra waantota xixiqqoo miti kan argamu. Namootni achi imalanis namoota waantota xixiqqoo wajjin oolan miti.

Atis yoo kana dura gara hawaatti yaadaan imaltee hin beektu ta'e, osoo imaluu shaakaltee gaarii natti fakkaata. Maaloo, hawaa keessa ooluu yaali! Achi keessatti ilaalcha xixiqqoo ishee akka gandummaa

argitee garaan sin gubatu. Achi keessaa ilaalcha akka hawaa bal'atutu jira.Yoo achi ol imalte odeeffannoo ajaa'ibsiisoo waa'ee uumama gaalaaksotaa, urjilee, pilaaneetotaa fi kkf jedhamanii argatta. Isaan kun dhagaa qofa osoo hin taane waantota akka warqee fi meerkurii irraa kan oomishamaniidha. Xiinxalaan hawaa imallaan waantota aja'ibsiisoo hawaa keessaa wajjin muuxannoo wal jijjiiraa oolta. Isaaniin qorattee waan baay'ee irraa baratta. Ati fedha qabaannaan isaan waan hedduu sibarsiisu. Yoo achi imalte, gandummaa dhiisiitii, lafti iyyuu hagam akka xiqqaattu gadi ilaaltee taajjabda.

BOQONNAA JA'A

Gaalaaksota



Fakkii 3 : Gaalaaksota ifanii mul'atan muraasa



Fakkii 4: Nama telescopiin hawaa keesssa daaw'atu.

Jechi' *Gaalaaksii* 'jedhu afaan *Girikii* irraa kan fudhatame yoo ta'u hiikni isaa kallattiin "aannan "jechuudha. Sababni maggaasa kanaas yeroo namootni meeshaa telescopii jedhamu fayyadamanii hawaa keessaa ol ilaalan bakki aannan(gaalaaksii) fakkaatanii mul'atan

argamaniifidha. Haa ta'u malee *gaalaaksiin* bakka urjileen humna harkisa garaa garaan walitti kuufamanii argaman ta'uu isaati[9].

Urjileen walharkisan kunniin sababa '*Humna Harkisaa* 'kan waantotni hundi ittiin fageenya murtaawaa irratti ittiin walharkisuu danda'aniiniin ta'uu isaati. Waantotni hawaa keessatti argaman hundis, bakkaa bakka qabatanii samii keessa kan faca'anii qubachuu danda'an sababuma *Humna Harkisaa* kanaani.

Humna Harkisaa kanas shallaguuf foormulaa:-

$$F=\frac{Gm_1m_2}{R^2}$$

Kan fayyadamnu yoo ta'u:- ***F****=humna,G=lakkoofsa dhaabbataa kan 6.673x10*$^{-11}$*Nm*^{2}*/kg*^{2} *ta'e,* $\boldsymbol{m_1}$ *= hanga wanta jalqabaa,* $\boldsymbol{m_2}$*=hanga wanta lammataa,* $\boldsymbol{R}^2$*= iskuweerii fageenya waantota lameen gidduu* kanneen bakka bu'anii dha.

Qorattootni garaa garaa gaalaaksii ibsuuf moggaasa garaa garaas fayyadamaa turan. Fakkeenyaaf jaarraa 18 ffaa fi 19ffaa keessa moggaasa *Meiser Objects* (M)"*Nebula"* jedhuu fi"*Island Universe"*[10] jedhus fayyadamaa turan. Har'as bakka garaa garaatti maqaalee kanneen ni fayyadamu. Haa ta'u malee yeroo ammaa qorattootni hawaa bakka kuufama urjilee kana moggaasa Gaalaaksii jedhu waaltessanii itti fayadamaa jiru.

Gaalaaksiin bakka kuufama urjiilee ibsuuf kan fayyadu ta'us, dabalataan waantota akka:- *waanta gurraachaa* (*black matter*), dhukkee(dust), bakka banaa(space), danbalii electromagnetic waves jedhaman garaa garaas of keessatti ni qabata. Waanti gurraachi (Black matter) gaalaaksii keessatti argamu kun maqaa '*Holqa Gurraacha*'(*Black hole*)jedhamunis ni yaamama.

Akka astroonoomerotni (astronomers) jedhanitti hawaa keessa gaalaaksota biliyooona 100 hanga biliyooona 200 tti tilmaamamantu argama[11]. Fageenyi gaalaaksota garaa garaa gidduu jirus fageenya '*bara ifaa(ly)*[12]' miliyoonaa ol ta'aniin kan lakkaawamudha. Fakkeenyaaf, gaalaaksota muraasa fudhannee haala fageenya isaan lafarraa qabaniin akka armaan gadiitti haa laallu. Isaanis:-

- Milkway (gaalaaksii lafti keessatti argamtu)
- Andromeda (2.5million ly)
- Bode's galax(12million ly)
- Cigar galaxy (12million ly)
- Tadpole (420million ly)
- Cartwheel galaxy(500 million ly)
- Comet galaxy (3.2 billion ly)
- Pinwheel galaxy (21billion ly)

Akkuuma armaan olitti ibsame, lafti galaaksii *Milkway* jedhamu keessaa bakka *Sirna Soolaarii*

(solar system) jedhamutti argamti[13]. Fageenyi gaalaaksota garaa garaa lama gidduutti argamus kan ajaa'ibaati. Gaalaaksii hunda jiran keessaa kan gaalaaksii keenyatti baay'ee dhiyaatee argamu gaalaaksii'*Androomeedaa'* jedhamu qofa. Sanuu fageenya bara ifaa(ly) miliyoona 2.5 ta'uni.

Moggaasni maqaa gaalaaksii *Androomeedaa* jedhamu kun namoota Itoophiyaatiin kan moggaafame ta'uu isaa ragaan tokko tokko ni'ibsa. Ta'us akkuma beekamu namootni biyya Itoophiyaa durii tokko tokko qorannoo hawaas, amantaa wajjin walitti hidhuu yaalu. Qorannoo hawaa irratti Itoophiyaanotaan geggeeffamaa turan, saay'insii fakkaatanis, irra jireessaan amantaa wajjin walitti hidhata qabu. Kanaaf jecha saayinsiin Itoophiyaa akka madda amansiisaatti astroonotaan hin fudhatamu. Kanas jecha '*mythodology*' jedhuun waamu.

Akka astroonoomerootni (astronomers) hawaa qoratan ibsanitti, gaalaalaaksotni hundi tokkoon tokkoon isaanii urjiilee miliyoonaa hanga triliyoonaatti lakkaawaman of keessaatti qabatu. Fakkeenyaaf gaalaaksiin baayyee xiqqaa (dwarf) jedhamu, urjilee miliyoona100 (10^8) ol ta'an kan of keessaa qabu yoo ta'u, gaalaaksiin guddaa (giant) jedhamu ammoo urjilee hanga triliyoona100 (10^{14}) ofkeessatti qabata.

Wiirtuu gaalaksota baay'ee keessatti bakki gurraacha holqa fakkaatu (Balack hole) ni mul'ata. Bakki kun akkuma urjilee guddina ajaa'ibsiisaa qaba. Fakkeenyaaf'*Black Hole*' kan lafa si'a miyoona 30 caalu ni jira.

Bakki holqa gurraacha jedhamu kun waantota hunda ofitt harkisuu danda'a. Gurraacha'un isaas sababa, waantota xixiqoo kanneen akka ifaa

(*electromagnetic waves)* hunda ofitti harkisuun dhidhima galchuu danda'uu fi dha.

Guddina waantota hawaa keessa jiranii shallaguuf yeroo baay'ee guddina aduutiin walbira qabnee madaalla. Urjiileen gaalaaksota garaa garaa keessatti argaman baay'een daran aduu caalu. Haala kanaan gaalaaksii tokko hagam guddina daran ajaa'ibsiisaa ta'e akka qabu tilmaamuun nama hin dhibu.

Aduun urjii qofaa ishee sirna soolaarii keessatti argamtuu dha. Sirni soolaarii kunis gaalaaksii *'Milkway'* jedhamu keessa jira. Sirna soolaarii kana keessatti aduun qofaa ishee guddina harka 99(99%) qabatti. Pilaanitootni saglanuu fi asteroidootni ammoo walitti ida'amanii haraka 1(1%) qofa qabatu.

Aduun lafatti dhiyeenya waan qabduuf, gudattee namatti mul'atti. Garuu urjiilee kanneen biroo

bay'ee caalaa xiqqoo dha. Ta'us guddini aduu kan lafaa si'a miliyoona 1.3 caalee argama. Kanumaarraa kan ka'e qorattootni guddina waantota hawaa keessa jiranii kan aduun waliin madaalanii nutti himu.

Akkuma beekamu waantota boca geengoo qaban (cercle) ta'an, qabee(volume) isaanii, safaruuf fageenya wiirtuu isaaniitiin fayyadamna. Haaluma kanaan Aduun wiirtuu (radius) =695,700km dheeratu qabdi. Qabee shallaguuf foormulaa **$v=4\pi r^3/3$** jedhu fayyadamna.Shallaggii kanaan **Qabeen Aduu (Sun's Volume)=1.4 X10^{18} Km^3** ta'a.

Urjilee baay'een wiirtuu aduun qabdu si'a hedduu ta'een caalu. Qabeen isaaniis akkasuma daran aduu kan caaluu dha. Akka fakkiilee armaan gadiittiin ibsamuuf yaalametti, urjiilee gaalaaksii miilkwayii keessaa halkan ifanii mul'atanii fi aduu caaluun beekaman muraasa haa ilaalu.

Urjileen aduu caaluun beekaman muraasni:-

- ***UY Scuiti***(si'a **1,703**,wiirtuu aduu/*sun radi* caala)
- ***NMLCygni***(si'a**1,183** wiirtuu aduu caala)
- ***VYCanis majoris***(si'a**1,420** wiirtuu aduu caala)
- **Betelgues**(si'a **887** wiirtuu aduu caala)
- ***Antares***(si'a **883** wiirtuu aduu caala)
- ***Rigel*** (si'a **78.9** wiirtuu aduu caala)
- ***Aldebran***(si'a **44.2** wiirtuu aduu caala).
    - ***Arcturus***(si'a **24.0** wiirtuu aduu caala)
    - ***Pollux***(si'a **8.0** wiirtuu aduu caala).
    - ***Sirius***(si'a **1.7** wiirtuu aduu/*sun radius* caala.

Urjilee gurguddina aja'ibsiisoo qaban muraasa armaan olitti tareeffaman hundi isaanii kanneen gaalaaksii Miilk wayii keessatti argamanii dha.

Urjileen kunniin halkan halkan ifa olaanaan kanneen ifanii mul'atanii dha. urjiilee tarreeffaman keessa tokko

urjii *VY Canis Majoris* jedhamuun beekamuu dha. Guddina urjiilee kanneen biroo xiinxaluuf akka fakkeenyaatti guddinaa fi fageenya urjii kanaa haa ilaallu.

Urjiin VY Canis Majoris jedhamuun beekamuu kun kan argamu gaalaaksii miilkiweyii keessatti bakka wiirtuu konistileeshinii (constellation center) jedhamu keessatti yoo ta'u, ifni inni maddisiisus akka kan aduu fi urjiilee biroo adii/ keelloo osoo hin taane ifa diimaa dha.

Urjiin vy canis majoris jedhamu kun aduu waliin yoo madaalamu, guddina wiirtuu aduun qabdu (radius) si'a 1,420n kan caalu ta'uu isaati. Guddina kana gara guddina qabee walii galaan (volume)n tilmaamuuf

foormulaa: **$v=4\pi r^3/3$** tin fayyadamuun yoo shallagame ~ urjiin kun si'a Biliyoona 12 ($1.2x10^{10}$) tti tilmaamamuun kan aduu caalu ta'uu isaati.

Gama biraan immoo guddina aduu fi kan lafaa waliin yoo madaallaman, guddinni aduu kan lafaa tilmaamaan si'a 1,300,000 kan caalu ta'uu isaati[14]. Kanumarraa ka'uun guddina urjii *Vy Canis Majoris*(*VY CMa)* fi guddina *lafaa* waliin yoo madaalle, urjii *Vy Canis Majoris* jedhamu biratti lafti akka waantota xixiqqoo kanneen ijaan hin argamnee (micro organisms) taatee mul'atti jechuu dha. Gama gargar fageenyaan yoo ilaalle; ifni urjiin vy canis majoris jedhamu kana irraa ka'ee lafa qaqqabuuf bara ifaa ykn *waggaa 3,900* itti fudhata[15]. Kana jechuunis ifni *VY CMa* irraa ka'ee lafa qubachuuf, barkumee 4 (4 millenniums) ti tilmaamamu kan iitti fudhatu ta'uu isaati.

Egaa gurguddinni waantota hawaa keessa jiranii haga kana guddatu. Kanaafuu hawaan waanta jalqabaa fi dhuma hin qabnee dha. yeroo yerootti waantotni haaraan hawaa keessatti uumamaa oolu.

Kunis hawaan kan dura ture caalaa daran babal'achaa akka jiru taasisa.

"*Hawaan jalqabas dhumas qabaachuu mala, garuu akkuma lafaa yoo keessa naanna'an malee keessaa ba'uun hin danda'amu"* **(Stephen Howkins)**.

BOQONNAA TORA

Sirna Aduu







Fakkii 5: sochii pilaaneetootni saglan sirna soolaarii keessa aduutti marsuuf taasisan(NASA irraa kan fudhatame)

'Sirni Soolaarii' (Sirni Aduu) gaalaaksii 'Milkway' jedhamu keessa jira. Waantotni biiftuutti marsan hunduu sirna soolaarii kana keessatti argamu. Sirna soolaarii kana keessatti aduun qofaa ishee guddina harka 99(99%) qabatti. Pilaanitootni saglanuu fi asteroidootni ammoo walitti ida'amanii haraka 1(1%) qofa qabatu. Akkuma fakkii.5. armaan olii irratti ibsamuuf yaalame, pilaanetoota sagaltu sirna aduu keessatti argama[13]. Pilaanetootni sirna aduu keenya keessa hin jirre *'pilaanetoota sira aduun alaa' (exoplanet)* jedhamanii beekamu. Dhiyeenya kana kanneen argamaa jiranis warruma *'exopilanet'* jedhaman kanaa dha. Kanneen sirna aduu keessa jiran hundi isaanii oorbiitii dhuunfaa isaaniirra aduutti marsu.

Pilaanitootni akka ofirras ta'e aduutti marsaniif sababa kan ta'e, humna harkisaa kan *centerpital*

force (Fc) jedhamuudha. Humni kun humna isa waantotni marfaman, akka gara keessoo wiirtuu isaaniitti, akkasumas ofii isaaniirra akka galagalan(naanna'an) dandeessisuu dha.

Faallaan humna centerpital force (Fc) jedhamu ammoo humna harkisaa isa *Centerfugal Force (Fg)* jedhamuu dha. humni kun ammoo humna kallattii alaatti harkisuu dha. ifa akka siif ta'utti fakkii armaan gadii ilaali.







Fakkii 6: Kallattiilee fi gosoota humnootaa waantota geengoorra naanna'anii agarsiisuuf yaalaman (Google irraa kan fudhatame)

Humna *senterpiitaalii (centerpital force)* jedhamu shallaguuf foormulaa armaan gadiitti fayyadamna:-

$$Fc = ma_c = \frac{m\,v^2}{r}$$

(**Fc**= humna senterpiitaalii; **m** =hanga waanta naanna'uu; $\mathbf{a_c}$= guula senterpiitaalii; $\mathbf{v^2}$= skuweerii saffisa waanta naanna'uu; **r** = fageenya wiirtuu) bakka bu'u.

Haaluma walfakkaatuun, pilaanitootni hundi aduutti marsuuf sochii garaa garaa lama taasisu.

Inni jaqabaa altokko ofirra galagaluuf yoo ta'u, inni lammataa oorbiitii isaaniirra aduutti marsanii xumuruu dha. Ofirra galagaluufis ta'e oorbiitiirra naanna'uuf yeroo garaa garaa itti fudhata. Kunis

guddinaa fi fageenya pilaanitootni aduu irraa qaban irratti hunda'a. Fakkeenyaaf lafti altokko ofirra galagaluuf sa'atii 24 itti fudhata. Halkaniifi guyyaan kan uumamus bifuma kanani. Kanaaf yoo Ameerikaan halkan ta'e Afirikaan ammoo guyyaa ta'a.

Lafti oorbiitii isheerra aduutti naannoftee xumuruuf guyyaa 365 fi sa'atii 6 itti fudhata. Waqtiileen gannaa fi bonaa kan uumamanis sababuma kanaani. Kunis sababa yeroo lafti adeemsa aduutti marsuu gootu bantiin ishee kaabaa fi kibbaa darabeen aduu irraa siqu ykn dhiyaatuufi. Haala kanatu ho'i aduu lafarratti yeroo yerootti akka jijjiiramu taasisa. Yoo kibbaa kan roobu ta'e kaabni ammoo bona akka ta'u taasisa jechuu dha.

Jiini(addeessi)aduutti osoo hin taane pilaanetootatti naannofti. Pilaanitootni muraasni ji'a hedduu qabu,

kanneen ji'a hin qabnes ni jiru. Fakkeenyaaf *Jupiter* ji'a 79 kan qabu yoo ta'u, lafti garuu ji'a tokko qofa qabdi. Jiini(addeessi) lafaatti marsuuf baatii tokkoo isheetti fudhata. Haala kanaan bakki oolmaa ishee bakka lamatti qoodama. Walakkaa baatii aduu fi lafa gidduu yoo turte, kan hafe ammoo lafaa duuba dhokatti. Jiini halkan ifa kennuuf guyyaa guyyaa aduu irraa ifa kuufachuu qabdi. Kanaa fuu qaama ji'aa keessaa bakka ifa aduu argatu qofatu halkan nutti mul'ata. Jiini yeroo garaa garaatti bocni ishee jijiiramee mul'atu sababuma kanaani dha.



Fakkii 7: lafti ofirra naanna'uun halkanii fi guyyaan itti uumamu.

BOQONNAA SADDEET

Lafa

Laftis akkuma urjilee fi pilaaanitoota kanneen biroo hawaa keessatti argamti. Haa ta'u malee waa'ee lafaa qorachuuf yeroo hunda gara hawaatti imaluun nunbarbaachisu. Nutis lafarratti waan argamnuuf jecha odeeffannoo NASA irraa ergifachuunis hagas mara nunbarbaachisu. Ta'us biyyootni qarooman odeeffannoo waa'ee lafaa saatalaayitii isaaniirraa mana taa'anii argatu. Isaan manuma ta'anii waa'ee bishaanii,albuudaa fi Afrikaa odeeffatu. Kanaafuu odeeffannoon NASA lafa qorachuuf hin barbaachisu jechuu miti. Daranuu barbaachisa. Ani waa'ee lafaa isa naannoo keenyaa xiinxaluuf, nutis lafarra jirraafan jedhe malee.

Waantota lafarra jiran kanneen akka ardiilee,bishaan, albuudotaa fi lubbu qabeeyyii lafti

qabdu asii fi achi deemanii ilaaluun ni danda'ama. Waantotni lafarratti argaman kunniin lafarratti haa argaman malee, garuu bakka bakkati garaa garummaa muraasa ni qabu. Boci isaaniis wal hin fakkaatu.

Waantotni ganda keenyatti argaman kanneen ganda warra biroo wajjin walfakkaachuu dhiisuu mala. Kana waan ta'eef beekumsa waa'ee waantota lafarra jiraaniis namni hundi walqixa qabaachuu dhiisuu mala. Kana jechuun namootni waa'ee waantota naannoo isaaniitti arganii fi dhaga'anii qofa gadifageenyaan beeku jechuu dabalata.

Irri lafaa harki 70(70%) bishaaniin kan aguugame dha. Dacheen harka30(30%) qofa dhuunfata. Lafti irra jireessaan garboota gurguddoo(ocean) jedhamaniin aguugamtee argamti. Qaama bishaanii keessatti lubbu qabeeyyii hedduutu dhalatee, guddatee, du'aa oola.

Qaamni lubbu qabeeyyii bishaan keessatti du'aniis erga tortoree booda lafatti makamuun '*fosil*' jedhama. Gaasotni akka naafxaa garaa garaa waanta fosil jedhamu kanneen irraa oomishamu. Bakki bishaan kuufamee ture jijjiiramee gara dachee gogaattis jijjiiramuu mala. Kunis sababa jijjiirama garaa garaan kan ka'ee dha. Kanaafuu biyyeen fosil jedhamu kun bishaan keessaafi dachee bakkeewwan muraasa irra jiraachuu mala.

Bakkeewwan fosil qaban kunniin akka qabiyye albuuda guddaatti ilaalama. Biyyootni Arabaa baay'eenis kanumaan sooroman.. Walumaa gala bakka bishaanni jiru baay'ee barbachisaa dha. Madda nyaataa, Geejjiiba, Humna annisaa faa dabalatee bishaan waantota inni namaaaf hin gumaachine hin jiru.

Haa ta'u malee qaama bishaanii kana keessa bakki geejjibaaf hin mijoofne ni jira. Bakki kun bakka

beermudaa tiriyaangill'(Bermudaa triangle) jedhamuun beekamuu dha. Bakki kun waantota hunda ofitti harkisee dhidhima galcha. Humna harkisa cimaa waan qsabuuf waantotni akka dooniis ta'e xiyyaaraa bakka kanarra darbuu hin danda'an.

Dacheen bishaaniin hin haguugamne ardiilee torbatti kan qoodaman ta'us, ardiin tokko bakka jireenya namootaaf mijatoo miti. Ardiin kun *Anterkaatikaa (Antercatica)* jedhamuun kan beekamu yoo ta'u, irra jireessaan cabbiin aguugamee argama. Ardiileen ja'an (Afrikaa, Ameerikaa Kaabaa, Ameerikaa Kibbaa, Awusteraaliyaa, Awurooppaa fi Eeshiyaa) jedhaman kanneen bakka jireenya namootaaf mijatoo ta'anii fi albuuda garaa garaan badhaadhanii dha.

Ardiileen kunis biyyoota hedduu of keessaa qabu. Fakkeenyaaf Itoophiyaan biyya ardii Afrikaa

keessaa ishee tokko dha. Daangaa mataa ishees sararattee qabdi. Daangaan itoophiyaa kun bara dhufaa darbaa keessa jijjiiramaa dhufe.

Akka heeri mootummaa Itoophiyaa kan bara 1987(1995), naannolee Itoophiyaa keessa jiran sararetti, Itoopiyaa keessa naannolee sagaltu jiru. Ta'us, Finfinnee fi Dirreen Dhawaa naannolee jedhaman saglan keessatti hin ida'aman. Isaan kun lameen naannoo federaalaan bulfaman jedhamanii bekamu. Naannolee kanneen biroon garuu ofiin of bulchuu dabalatee hanga biyya ta'anii foxxoquutti mirga qabu jedhee sarare heerri kun. Akkuma Eertiriyaan foxxoqxee biyya mataa ishee taate sana jechuu dhaam. Booda daangaa sararuu irratti lubbuu namoota bayyee nugalaafate malee.

Haluma wal fakkaatuun naannolee saglan jedhaman keessa Oromiyaan ishee tokkoo dha.

Akka faabirikaan heera mootummaa kan bara 1995 jedhamu kun kalaqetti: *Finfinnee, Dirree Dhawaa, Kamiseen* faa oromiyaa keessa hin jiran. Mirgi foxxoquu ini namootni baay'een keeyyata 39 caqasanii dibbee reeban sun akkasitti nuuf kalaqame. *"Gowwaa kofalchiisanii ilkaan lakkaa'u"* jedha Oromoon.

Oromoof daangaan har'a sararame kanneen maqaa oromoo qaban hunda hin dabalatu. Jechuun Raayaa, Qobboo, Baatii, Waldaya faas hin dabalatu. Namootni naannoo kanneen keessaa jiraatan Afaan Oromoo haasa'uun hafnaan Oromoo ta'uu isaaniiyyuu hin beekan. Namootni hiddi dhaloota walloo oromoo ta'uu isaas irraanfataniiru. Egaa kana gochuu keessatti heerotnis ga'ee qabu. Wanti naaf hin galle garuu, saba bakka hunda jiru kana, gargar foxxoksuuf dhama'uun maaliif akka

barbaachisee dha. Qaroomina ta'innaa laata? Moo! Anis maaluman ta'ee?

Maaliifan dhufe ganda keessa? Maafan bu'e dhiiro, hawaa isa bal'oo keessaa?Ahaa, edaa itti galli manumaa!

Ardiilees ta'e biyyootni lafarratti maqaan itti moggaafame kamiyyuu waaqaa kan bu'an miti. Bakkuma jiranitti kanneen abuuramanii dha malee. Daangaan koo kana qofa jechuus kan fide namuma. Oromoon beektota hawaa keessaa qooda kan qabachaa ture ta'us guyyaa keessa qoodamaa jira.

Qoqqooddaan Oromoo kun kan eegale gaafa Itoophiyaa sararuuf Oromoota baay'ee Keeniyaaf qoodaniirraa eegaleeti. Haaluma kanaan daangaanis yeroo yerootti sararamaafii jira. Daangaa Oromiyaa eenyutu sararee Itoophiyaa keessatti? Gaaffii kooti.

Oromoon durii daangaa har'aa kana osoo hin taane daangaa isa Itoophiyaa jedhamu kanayyuu darbee kan deemu ture. Dubbiin ganda gandaa kun orma dhiifnaan Oromoo hundaafiyyuu ifa ta'aa hin jiruuf malee. Tarii qaroomina jechuufis isammoo hin fakkaatu.

Lafa kanarra uumamaan uumamni hundinuu mirga bakka fedhe jiraachuu walqixa qabaatanis, seera namootaan garuu adda adda qoodamaa jira. Haaluma kanaan biyyootni tokko tokko lafa kanarra akka jannataatti jiraatu, kaan ammoo gammoojjii gubaa keessa jiraatu. Hunduu daangaa wayii sararatee keessa socha'a. Daangaa sararame ykn sararate sanas waanuma waaqni isaaf safare se'a.

Namni kamiyyuu namuma. Adiis ta'e gurraacha. Namni ofii miidhamuu hin fedhu. Kanaafuu

namni biraan akka miidhamu fedhuunis qaroomina miti anaaf.

Yoo qaroomuun nama hundumaaf wal qixa gaarii yaadu. Duroomuunis. dursa ilaalcha gaariin dabaalamuu qaba. Yeroo sana qaroominniyyuu qaroomina qarame ta'a.

Waan hundaan qaroomuuf ilaalcha gandummaa keessaa ba'uutu filatama. Yoo kana goone walii keenya dhiifnaan addunyafuu qaroomina qaruu dandeenya.

Namni duroomuuf akkuma namootni baay'een doktoora faa ta'uuf kufanii caban sana ta'uu miti. Dandeettii ofii barbaadanii argachuu dha malee.

Namootni akka *Albert einstain* faa doktoorummaa isa biyya keenyatti leellifamu kana hin turre. Waantota namootni baay'een dhaadhessanis dhaadhessa hin turre. Garuu sammuu namni kamiyyuu hin qabne qabu turan. Isaan kun fedhii

biyya bulchuus hin qaban turan. Sababni isaa fedha namoota ajajuu osoo hin taane fedha ofii isaanii of ajajuu qabu turan. Nama qajeelchuuf dhama'uu osoo hin taane dursa of qajeelchuuf dhama'aa turan. Isaan akkasii kana kanneen argannoo gurguddaan addunyaa macheessan. Ofii akka dungoo baqanii addunyaaf ibsan. Waantota lafarraa osoo hin taane hawaa abuuruun akka danda'amu nutti agarsiisan.

Kanumaan qaroominni akkamitti akka qaramu nu barsiisan.

Ahaa! Edaa qaroominni kan qaramu akkasitti!
Beekumsi walii galaa bu'uuraa fi, hundee jalqabaati!
Of ta'anii ormaaf ta'uu malee, kaaniin eegachuus miti!
Maaliif? akkamitti ?eenyuun?faa jedhaniitu gaaffatu.
Eeyyee akkasi! Gaaffiin eegalaniitu qaroomina qaratu!
Gaafachuu, xiinxaluu fi qorachuun dhugaa ta'uu hubatu!
Namni hunduu namuma, bar namuma akka koof keeti!
Santu ergatees ergama akkuma ofiif fedhuu fi yaadutti.

Atis qophaayi dheereffadhu karaa, ba'i ganda keessaa!
Qorichi addunyaa ga'u, maaf ukkafama inni sikeessaa?
Jijjiiri hiriyyaa xixxiqqoo odeessituu gandaa keesssa!
Ol ilaalii hubadhu malee hawaa fi waanta achi keessaa!
Fageessii xiinxali, dhiisiitii xiinxala asii isa irra keessaa!
Hubadhu namni waanuma argee fi kan galeef odeessa!
Ilaalcha bal'ifannaan hin jigu wanti duufu.
Simatu si'i, hin eegin furmaata olii siif dhufu
Of hubadhu, barbaadi dandeettii fi bakka itti taatu
Qajeelchi dabaa, hordofi dhugaa, namnillee situffatu
Nama dhugaa malee dhugaan hundatti hin mul'atuu!
Hattuu, sobduufi saamtuu duukaa hin bu'in ati matumaa,
Hubadhu sirni danuun goyyomsaaf kalqamee tumamaa!
Nama baay'eetu qaramuu fi akka qaroomes sitti himata
Namni qaroomuuf qarames isuma qare sana fakkaata.
Qaroomina isa achii fi isii kana maqaamatu walfakkaata
Hiikoo fi bocni isaanii garuu daran walirraa fagaata.
Ilaalcha qaramee qaroomina qarutu, waan hundumaati.
Inni kan ofittoofi gandummaatti hafe kan waalta'e miti.
Namni qaroome gandaaf miti adduunyaaf daawaa qota.

Qaroomina qaruuf, gaaffii gaggaafata, qofaas dudubbata.
Inni taa'ee nama hin ergu, ofumaa soqa malee furmaata.
Gowwomsee, hatee fi saamee ofittummaan hin duroomu.
Akkasittis hin qaroomu, nama abaarees hin jagnoomu.
Mala dhahee, namaaf mala, kaaniif falee ofiis mala!
Qaroomina qaruun akkasi, isaan waliigalee ormaaf gala!

BOQONNAA SAGAL

Astroonoomii fi Biyyoota Addunyaa

Jechi '*Astiroonoomii'* jedhu, jecha Afaan Girikii irraa kan fudhatame ta'ee, saayinsii waa'ee waantoota lafaa olittii hawaa keessa faca'anii aragmanii (gaalaaksii, urjiilee, pilaanitootaa fi ji'a) kan qoratuu dha. Gumaacha *Astroonoomiin* dhala namaaf gumaache keessaa tokko namootni '*dhaha'(calander)*tti fayyadamanii yeroo lakkaa'uu akka danda'an gochuu isaati.

Biyyoonni addunyaa jiruu fi jireenya isaanii gaggeessuu keessatti dhaha hin gargaaramne hin jiran. Kanas biyyoonni tokko tokko kalaqanii,

gariin ammoo, kan biyyoonni biroo kalaqan gargaaramuuni. Akka seenaan dhaha addunyaa himutti, dhahi bu'aa yaalii namoota :-

- Dhaha himanii(astronomers);
- Abbootii amantii fi
- Hayyoota herreegaati.

Akaakuun dhaha*(calander*) addunyaa gurguddoon afran kanneen armaan gadiiti :

1) ***Ji'a,***
2) ***Biiftuu,***
3) ***Ji'aa fi Biiftuu,***
4) ***Urjiilee.***

1. Ji'a (Lunar)

Akaakuu hedannaa dhaha addunyaa keessaa tokko dhaha ji'a(addeessa) irratti hundaa'uun kan hedamuu dha. Dhahi duudhawaan biyyoota baay'ee bocaafi haala mul'achuufi guddataa deemuu; akkasumas, xiqqaachaa fi dhabamaa deemuu ji'aa irratti hundaa'uun guyyaa lakkaawatu. Ji'i(month) kan hedamu boca

ji'aa(Moon) irratti hundaa'uun ta'ee akka armaan gadiiti:

- Ji'a haaraa(kan reefu baatu),
- Walakkeessa jalqaba ji'aa,
- Goobana ji'aa fi

- Walakkeessa dhuma ji'aa jechuun hedamee hanga marsaa duraa ji'a haaraan deebi'utti, giddugalaan guyyoota 29.5 kan fudhatu ta'a.

Kanaafuu, ji'i tokko guyyoota 29.5 kan qabaachuu danda"u ta'uu isaati.

Haaluma kanaan, biyyoonni akka Chaayinaa durii, Hibruu, Roomaa, Seeltisiifi Jarmaniifaa ji'a irratti dhaha dhahachuu kan hundeeffataniifi itti gargaaramaa jiran ta'uu ragaan ni addeessa[16]

2. Biiftuu (Solar)

Akaakuu hedannaa baraa /dhahaa addunyyaa keessa tokko biiftuu irratti hundaa'a. Biyyoonni addunyaa biiftuu irratti hundaa'uun dhaha dhahatanis baay'ee akka ta'an ragaaleen dhahaan wolqabatan ni addeessu. Haala kanaan, dhaha addunyaa sirna biiftuu gargaaraman keessaa tokko dhaha Girigooriyaanii akka ta'es ni ibsama[17] . Dhahi Girigooriyaanii nama Pooppi Girigoorii 13ffaa (bara 1502 hanaga 1585 ALAtti) jiraatee'fi dursaa

abbaa dhaha kanaa ta'een eegale. Dhahi kun biiftuu irratti kan hundaa'uufi bal'inaan biyyoota addunyaaf tajaajilaa kan jiru ta'uutu hubatama.

Haaluma wolfakkaatuun, dhahi worra Gibxii fi dhahi Itoophiyaa(kan Gibxirraa akka fudhametti ibsamu) haala biiftuu irratti hundaa'uun kan hedaman ta'uu ragaan tokko tokko ni'ibsa.

3. Ji'aafi Biiftuu (Luni-Solar)

Akaakuun dhaha addunyaa biroon haala Ji'aa fi Biiftuu walfaana ilaaluun kan dhahi hedamudha. Biyyoonni addunyaa gariin dhaha adda addaa waan gargaaramaniif akaakuun dhaha isaanii gariin tokko; gariin ammoo, lamaan walfaana gargaaramuun dhaha dhahatu. Biyyoota mala kanaan fayyadamaa turan keessaa Chaayinaan ishee tokkodha. Chaayinaan dhaha akaakuu lama gargaaramti: isaanis 1) dhaha worra Girigooriyaanii, kan bulchiinsa biyyaa fi daldalaaf itti gargaaraman; 2) dhaha duudhawaa

Chaayinootaan biiftuu, ji'aafi urjii (Jupitar) irratti hunda'uun kalaqameefi tajaajila amantii fi qonnaaf itti gargaaramaa, hiree gaarii fi yaraa; dhalachuu daa'immanii fi du'aa illee kan ittiin laalataa fi jireenya qajeelfataa jirtuudha[16].

4. Buusaa/Sidereal

Akaakuu dhaha addunyaa keessaa kan biraa dhaha buusan irratti hundaa'u. *Buusan/Sidereal* kan ibsu,garee urjiilee wayita samiin qulqullaa'u walitti rukkistee/baay'attee mul'atuuti. Ummattoonni durii biyyoota adda addaas rukkee urjiilee kana ilaaluun dhaha hedataa kan turaniifi hedataa jiran ta'uu ragaan ni'ibsa. Walumaa gala adunyaarratti haala kanaan, hedannaan yeroo sadarkaa xiqqaa (akka sekondii) irraa ka'ee hanga guyyoota, ji'ootaa fi woggoota fa'atti ibsamuu danda'an jechuudha.

BOQONNAA KUDHAN

Astroonoomii fi Uummmata Oromoo

Akkuma biyyootni addunyaa baa'een '*dhaha(Calander)*' mataa isaanii fayyadamaa turan, Oromoonis dhaha beektota isaan kalaqamanitti fayyadamaa ture. Osoo qaroominni Girikii dhufe hin waaltawin dura uummatni kuush waa'ee urjiilee kanarratti beekumsa cimaa akka qabaachaa turan namootni dhoksuuf yaalanis, seeenaan ni mul'isa. Kanaaf ragaan tokko kitaaba amantaa kiristaanaati(Matiwoos 2:1-12). Akka ragaan barreeffamee ture kun ibsutti, Yeroo Yesuus/ Kiristoos dhalate namootni sanyii kuush *'Saba Sagal'*jedhaman osoo nama hin gaafatin urjii ilaalanii harka fuudhiif bakka innii itti dhalate akka dhaqantu ifee argama.

Haala kanaan Oromoonis qaroomina Urjiilee fi ji'a ilaalee waantota beekuu kana kan horate dhiyeenya

osoo hin taane dur dur dhaloota Kiristoosiin dura waggaa 300 dura akka eegaletu himama[18].

Aadaa oromoo keessattis namootni urjii ilaalanii waantota raaguu akka danda'an ragaan ni ibsa[18]. Kana qofas miti moora ilaalaniis rakkoo namaa akka furan ni himama. Akkuma saayinsiin har'a dhiigafaa ilaalee dhukkuba himu san jechuudhaam. Namootni akkanaa kunis '*Ayyaantuu/Qaalluu* 'jedhamuun beekamu.

Ayyaantuun hawaasa Oromoo biratti, nama beekaa, kan haala uumamaa gadifageenyaan hubatuufi xiinxalu, kan sirnoota jiruufi jiraanya hawaasaa qajeelchu, waaqaafi hawaasa kan walitti dhiyeessuu dha jedhamee beekama[16]. Akkasumas, Ayyaantuun namoota ayyaana (afuura) tajaajiltummaa hawaasaa baataniifi akka ergamtoota waaqaatti ilaalamani dha jedhamaniis ni ibsamu[16]

Gama biroon immoo, Qaalluu qaama sirna bulchiinsa hawaasa Oromoo keessatti ol-aantummaa qabu, kan eebbisee qajeelchuufi abaaree balleessu, gorsaa fi qajeelchaa sirna gadaati. Gahee qaalluun hawaasa Oromoofi jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessatti qabu ibsuun kan barbaachiseef keessaa tokko qaalluun (ayyaantuun) dhaha Oromoo keessatti qooda akkamii akka qabu balballoomsuufidha.

Akka ragaaleen ibsanitti oromoon urjiilee beekamoo torbaa fi bocaa fi bakka ji'i argamtutti fayyadamee, dhaha fayyadamaa ture. Urjileen turban kunniin gabataa armaan gadii keessati maqaa saayinsaawaa isaaii waliin ibsamu.

Gabataa1: Moggaasa Maqaalee Urjootaa kan Oromoo Booranaa fi Astroonoomii.

T.lakk.	Maqaa urjiileee Afaan Oromoon	Maqaa Astroonoomii / Saayinsaawaa
1	Lami	Triangulum
2	Busan	Pieades
3	Bakkalcha	Aldebran
4	Algajima	Bellatrix
5	Arbi gaddu	Central orion
6	Urjii wallaa	Saiph
7	Baasa	Sirius

Dhahi Oromoo*(Oromo calanders)* bu'aa beekumsaa, qaroominaa fi falaasama Oromoo kan gareen hawaasa Oromoo muraasni (ayyaantuun) haala teessuma urjiifi ji'aa irratti hundaa"uun marsaa jireenya baraa ittiin lakkaa'uu fi jiruu fi jireenya Oromoo ittiin gaggeessuuf kalaqaniidha[16]. Adeemsa hedannaa marsaa Oromoo keessatti kanneen hedaman guyyaa, ji"aa, baraafi marsaa *Gadaa* fa'i.

Haala kanaan dhahi Oromoo (Booranaa) naannoo bara 300Dh.KD dura akka umamee qorannoon bakka arkiyo-astiroonoomii '*Namoraatungaa*' kaaba Keenyaa keessatti argamuufi kallattii urjiiwwan dhaha Booranaa torban argisiisuuf gargaaraman ni'addeessa[18].

Akka Dhahaa Booranaatti, waggaa haaran ji'a Bitootessaatti gaafa guyyaa "*Bitaa Qaraa*" jalqaba. Kunis yeroo addeessi(*baatin) urjii Lamii* wajjin mul'atedha. Kana booda, dhahaan Booranaa maqaa guyyoota ji'aa calluma jedhee hordofuudhan hanga ji'i kun dhumutti deema.

Ji'i itti aanu yeroo addeessi *baatin urjii Busan* wajjin baatu jalqaba. Kunis erga ji'i Bitootessaa jalqabee guyyaa 29.5 booda kan uummamudha.

Ji'i inni sadaffaan yeroo addeessi *baatin Bakkalcha wajjin* baate jalqaba. Adeemsi kun ji'oota ja'an jalqabaatif urjoota hafan wajjin ittuma fufuun kan

deemu ta'a. Urjiileen kun ji'a ja'an hafaniif Oromiyaa keessatti hin mul'atani. Kanaafuu, jalqaba ji'oota kanaa urjoota dhahaa odoo hin fayyadamin addeessuma qofa ilaalun murteeffama. Haala kanaan akka dhaha oromoo Booranaatti baatiileen akka gabataa armaan gadiitti ibsamu.

Gabataa 2: Baatii waaggaa akkaataa dhaha Oromoo Booranaatti.

Maqaale urjii fi baatii Booranaa fi Astroonoomii			
T.L	***Dhaha oromoo booranaa***	***Urjii Oromiffa***	**Urjii *Astroonoomiin***
1	Bitootessa	lamii	Triangulum
2	Caamsaa	Buusan	Pieades
3	Buufaa	Bakkalch	Aldebran
4	Wacabajjii	Algajima	Bellatrix
5	Oborraa guddaa	Arbi gaddu-Urjii wallaa	Central orion-saiph
6	Oborraa diqqaa	Baasa	Sirius
7	Birraa	Goobana	Full moon

		ji'aa	
8	Ciqaawa	Ji'a reefu mul'attu	Gibbous moon
9	Sadaasa	Nuusa ji'aa	Quarter moon
10	Abraasaa	Ji'a guddaa	Large moon
11	Amajji	Ji'a giddu galeessa	Medium moon
12	Gurraandhala	Ji'a xiqqoo	Small crecent

Haaluma walfakkaatuun Oromoon Gujiis waqxiilee afuriin beekamu. Isaanis: Hagaya, Bona, Gannaafi Adoolessa jedhamu. Waktiilee kanniinis ji'oota of jalatti hammatan waliin yoo ibsan waktiilee arfan keessaa, lamaan(Hagayifi Adoolessi) ji'oota lama lama qabu. Waktiileen lameen hafan(Bonniifi Ganni) ammoo, ji'oota afur afur of jalatti hammatu. Haala kanaan, waktiilee fi ji'oota isaan of jalatti hammatan:

1) ***Hagaya***: Hagayaa fi Birraa
2) ***Bona:***Onkoleessa, Sadaasa, Abraasaafi Qaamuu
3) ***Ganna***: Badheessa, Bitdotteessa, Caansaa fi Ella

4) ***Adoolessa***: Wocabajjii fi Adoolessa.

Haa ta'u malee waktiilee akka naannootti (Oromiyaa) gargaaramaa jirruun walbiratti yoo ilaalaman, tartiibaa fi hanaga ji'oota of jalatti hammataniitiin garaagarummaa ni qaba. Akkuma beekamu Waqxiileen oromiyaa guutuu keessatti waaltawanii itti fayyadamamaa jiran kanneeen afran armaan gadii ta'anii, hundi walqixatti baatii sadii sadii of jalaatti kan haammatani. Isaanis:

- Birraa, Bona, Arfaasaa fi Ganna jedhamu.

Gadaa

Akka ragaan hubachiisuutti, Gadaan sirna ittiin bulmmaataa qindaa'aa ta'e of keessaatti

qabaatuyyuu akka *dhahaa* ttis ni ilaalama[16]. Sababni, 1ffaan, Gadaa keessatti gannaa fi ga'een dhalli Oromoo (Gujii) jireenya isaa keessatti qabaachuu malu, akkaataa ganna isaaniittin waan ibsamuufi. Haala kanaan, qoodamni ganna/umrii isaanii:

1) Dabballee 1-8
2) Qarree duraa 9-16
3) Qarree duubaa 17-24
4) Kuusaa 25-28
5) Raaba 29-36
6) Doorii 37-40
7) Gadaa 41-48
8) Baatuu 49-56
9) Yuuba 57-64
10) Yuuba guddaa 65-72
11) Jaarsa guduruu 73-80
12) Jaarsa qululluu 81-88
13) Jaarsa raqeeya 89-96,
14) Giniya 97- du'aati.

Haala kanaan hangi bulchiinsa nama gadaa hogganuu turtii woggaatiin kan murtaa'u (woggaa 8) ta'uu isaa mul'isa. Bara himuu keessttimmo, ji"aa olitti kan lakkaawamu woggaa dha.

Walumaa galatti Oromoon, beekaa isaa fayyadamee urjilee fi ji'a qorachuun qaroomina isaa qarachaa ture.

BOQONNAA KUDHA TOKKO

Qabeenya

Jechi *qabeenya* jedhu hiree ofii qabaachuu ibsa. Namootni hiree isaanii ibsachuuf, yeroo isaan"kuni qabeenya kooti, sunimmoo kan abaluuti" jedhan arguun waanuma baratameedha. Haala kanaan namootni qabeenya garaa garaa hiratanii ykn horatanii qabu. Qabeenyi ammoo kan garee fi dhuunfaa ta'uu ni mala. Kanas qabeenya isaa, qabeenya ishee, qabeenya kee, qabeenya koo, qabeenya isaanii fi qabeenya keenya jechuun namootni qabeenya yeroo qoqqooddatantu argama. Qabeenyi namootaan qoodame kun baay'een isaa qabeenya oomishame qofa osoo hin taane, qabeenya lafti uumamaan namoota badhaafteedha. Namootni muraasni hiree baay'ee qabenyaan badhaadhe hiratu. Gariin ammoo waan hiratan dhabanii kaaniin kadhatu.

Akkasumatti gariin namootaa qabeenya lafa irrati uumamni namoota hunda badhaafteen duroomanii misoomu. Gariin ammoo hiyyoomanii jireenya waaddii fakkaatu keessa jiraatu. Hireen qabeenya lafaa kun dhiibbaa namootaa(dorgommii garaa garaa) fi fedhaan kan dhuunfatamu ta'uus ni mala. Qabeenyi haala kanaan namoota gidduutti kan hiramu ta'uu isaati.

Hiree uumamni nama badhaasteen namni kamuu qabeenya lafti qabdu mara ni qaba . Laftis namoota fi waanta isheerra jiraatan mara qabdi. Lafti ammoo qabeenya hawaati. Hawaan lafa dabalatee waantota hawaa keessa jiran mara qabdi. Kanaafuu laftis namnis qabeenya hawaa ta'uu isaaniiti. Namni gaafa dhalatu lubbuu isaa qofa waliin dhalata. Hawaatu lafti akka jireenya namootaaf mijatu godhee qabeenya ishee laata. Qabeenya ishee kanas hawaan namootaaf mirga waan fedhan

gochuu waliin badhaafte. Kanumaan yoo fedhan misoomsuu ykn balleessuu mirga namootaa goote. Yoo fedhan walsaamanii fedhanis qixa hirachuun namootaa kanaaf mirga ta'e. Yoo fedhan qabeenya lafaa qofatti, fedhanis qabeenya kan biroo hawaan qabdu hundaa abuuranii itti fayyadamuunis mirga namootaati. Kun dhimma hawaa miti jechuufani. Namootni gaafa Ardii Ameerikaa ishee dhokattee turte barbaadanii argatan sana hawaa gaafatanii miti. Gaafa ilaalchi misoomuu eegaladha malee. Har'as qabeenya bakka biraa jiru barbaadanii argachuu fi dhiisuun mirga namootaati. Kun hiree miti. Dandeettii fi ilaalcha sammuu misoomeeti.

Qabeenyi lafa kanarratti hiika mataa isaa qaba. Qabeenyi (resource) waantota jireenya namaaf barbaachisoo ta'an hunda dhuunfata. Qabeenyi waantota namni itti fayyadamee jireenya isaa addunyaa kanarra ittiin tursuu fi kunuunsu ta'uu

isaati. Kun ammoo qabeenyi kan uumamaa fi namtolchee ta'uu akka malan mul'sa.

Walumaa galatti qabeenyi:-albuda, qilleensa, bishaan, soorata, biqiloota, bineensota, da'oo/mana jireenyaa, bakka oomishaa, meeshaalee, maallaqa, yeroo fi humna namaa fa'i. Waantotni kunniin jireenya namootaaf barbaachisoo haa ta'an malee namootni lafarra jiraatan hundi wal qixa hin qaban. Qabeenya namootni walqixatti qabaachuu malan yeroo(time) fi nama ta'uu isaanii qofa. Namootni biyya tokko keessa jiran halkanii fi guyyaa walqixa qabu(sa'a 24) jechuu dha. Yeroo walqixa qabaatanis namootni hundi walqixa yerootti fayyadamu jechuu miti. Itti fayyadamuu fi dhiisuun mirga jechuuf malee. Sooressaaf guyyaan sa'atii 25 ta'ee hiyyeessaaf ammoo sa'atii 23 hin ta'u. Guyyaan tokko waluma qixa sa'atii 24 qaba.

Yeroon (time) qabeenya qaalii ta'ee kan beekamu ta'us namootni baay'een yeroo isaanii gatii malee qisaasessu. Namootni akkasii kunniin yeroo isaanii namoota biroo wajjin wal qixa hin fayyadaman. Namni qabeenya hedduu qabu isa hin qabne irraa yeroo isaa bitee qabeenya dhuunfaa isaa godhata. Fakkeenyaaf:Hiyyeessi tokko dalagaa sa'atii tokkoo yoo sooressaaf hojjetee qarshii 5 argate, sooressichi ammoo dalagaa sanarraa qarshii 10 buufachuu mala. Gama biraan gariin namaa sa'a 16 hojjetee sa'a 8 qofa boqota. Gariin ammoo sa'a 8 qofa hojjetee sa'a 16 boqota. Kaanis dalaguu dhiisee akkasumaan yeroo isaa qisaasaa oola. Yeroon darbe ammoo duuba hin deebi'u. Garaa garummaa namoota gidduutti uumuu kan malu tokko haala itti fayyadama yerooti. Gosa hojii kamuu keessatti yerootti sirnaan fayyadamuu dhabuun jireenya hiyyummaa keessatti nama hanbisa.

Qabeenyaan duroomuuf karoora osoo hin qisaasin dalaguu nama gaafata. Karoorri yerootti sirnaan fayyadamuu ibsa.

Namni kam qabeenyaan duroomuuf karoorati fayyadamuu qaba. Karoorri nama jireenya mijataa fedhu hundaaf ni barbaachisa. Kunis barataaf, daldalaaf, hojjetaa mootummaa fi qotee bulaa hundaaf sirnaan kan barbaachisu ta'uu isaati.

Yerootti fayyadamuun dorgommii jireenyaa hedduu waliin hidhata qaba. Dorgommiin taasisfamu baay'een rakkoo jireenyaa mo'achuufi. Rakkoo mo'uun ammoo ifaajjii jireenyaa hir'isa.

Jireenyi dorgommii malee hin mijatu. Dorgommiin jireenya mo'achuuf taasifamu: shaakaluu, barachuu, qo'achuu fi tooftaa uummachuu fa'i. kun hundi ammoo yeroo gaafata. Namni fiigicha dorgomu tokko fiigichaan dorgomee mo'achuuf isa fiigu waliin fiiguu gaafata. Malee yeroo kaan fiigu

innimmoo deemaa ykn taa'aa mo'uu hin danda'u. Isa fiigu dorgomuuf fiiguun dirqama. Saffisa ammoo yeroo, dandeettii fi gosa dorgommiitu murteessa. Dorgommiin jireenya mo'uu ykn mo'atamuu murteessa. Dorgomuuf qabeenyi murteessaadha. Qabeenyi beekumsa, tooftaa, dandeettii, meeshaa fi baajeta dorgommii mo'uuf taaasifamu daran saffisiisa. Dorgommii kamiinuu mo'achuuf qabeenyi (dinagdeen) barbaachisaadha.

Walumaagala yerootti fayyadamuun qabeenya argamsiisa. Qabeenyi ammoo dorgommii jabaa mo'achuuf hedduu barbaachisa. Dorgommii mo'annaan, dursaa ta'u. Dursaa taanaan maal ta'uu?

Namootni dorgommii isaan taasisan keessaa tokko,dorgommii qabeenya dhuunfachuuti. Sababni namni ittiin garboomee fi garboomfataa jirus baay'een isaa kanumaani. Haala kanaan

namootni qabeenyaan durooman lafa kanarra akka jannataatti itti tolaa jiraatu. Kanneen qabeenya ga'aa hin qabnemmoo rakkoon waadamanii gubachaa jiraatu.

Egaa qabeenyi namoota muraasaaf wadorgommii maqaa beeksifachuuti. Baay'ee namootaaf ammoo dhimma lubbuun jiraachuufi dhabuuti.

BOQONNAA KUDHA LAMA

Dalagaa

Dalagaan maqaa waaltawaa *'work'* jedhamuun beekama. Dameen saayinsii uumamaa kan *fiiziksii (physics)* jedhamu dalagaa; hariiroo humnaafi fageenyaa waliin ibsa. Dalagaan humna murtaa'e fayyadamanii waantota fageenya murtaa'e butuun kan ibsamu ta'uu isaati. Kunis shallagaan: $W=FxS$. *Ilaalchi Misoomaa* ammoo xiyyeeffannoo isaa irratti hundaa'ee:- *Dalagaan ifaajjii namootni ittiin jireenya isaaniif haala mijeeffatnidha* jedheetu ibsa.

Hiikni isaa kanas ta'u sana, dalagaan qabeenya jireenya namootaaf barbaachisu argamsiisuuf akkasumas mijeessuuf kan namoota gargaaru ta'uu isaa hubachuuf beekaa ta'uu nama hin gaafatu. Namni jiruufi jireenya isaa keessatti dalagaa woyii dalagee hin beekne jiraachuu hin malu jedheetani.

Egaa hariiroo dalagaa fi qabeenyaa keessatti, dalagaan qabeenya argamsiisuuf qofa osoo hin taane, itti fayyadamuufis kan gargaaru ta'uu isaati. Hariiroon dalagaa fi qabeenyaa kun ifa akka ta'utti jecha isa Oromoon:*"waanuma olkaa'atan, olka'anii fudhatu"* jedhu hubachuun ga'aa natti fakkaata.

Dalagaan akaakuu garaa garaa ta'uu mala. Gariin dalagaa humna cimaa gaafatu. Gariin ammoo humna xiqqoo gaafachuu malu.

Gosti dalagaa kan ifaajjii garaa garaa namoota gaafatu ta'us, filannoon gosa dalagaa irratti taasifamu: ilaalcha, tooftaa, beekumsa, shaakala,

yeroo, fedha, dandeettii, umurii fi fayyaa namootaa fa'i iratti hunda'a.

Qabeenyaan duroomuu fi misoomuun filannoo namoota hundaati. Kun ammoo sababa qabeenyi haala jireenya namaa murteessuuf ta'uu isaati. Namootni hundi qabeenya ni fedhu jechuun hundi dalagaas ni fedhu jechuu miti. Namootni qabeenya fedhanii, garuu dalagaa jibban/tuffatanis ni jiru.

Fknf namootni biyya(naannoo)isaanii keessatti dalagaa baay'ee akka balfaatti ajeeffatu. Biyya hormaatti ammoo akka urgooftuutti urgeeffachaa dalagu. Kun sababa kaffaltiin isaa walcaaluuf ta'uu ni mala. Ilaalchis biyyaa biyyatti gargari. Kaffaltiin gargar ta'uun dhimma biraati. Ammaaf kan ilaaluuf dirqamnu ilaalcha dalagaati. Egaa amma ilaalchi dalagaa dubbii ijoo ta'uu isaati.

Ilaalcha Misoomaatiin yoo ilaalamu dalagaan asitti xiraa'u, achitti hin urgaa'u. Mukti asittis,achittis

mukuma of geeddaree warqee hin ta'u. Inni asiitti fincaanii, achittimmoo bishaan miti. Tarii moggaasa isaatu gargar ta'uu mala. Akkuma ilalchaa sani.

Dalagaan tokko tokko naannoo muraasa keessatti tuffatamuu mala. Kun ammoo waan qabeenya argamsiisuu dhabe ykn kafaltii gadi aanaa argamsiisuuf qofas miti. Sababa ilaalcha namoota naannoo sanaa irrattis hundaa'uuf ta'uu isaati. Ilaalcha dalagaa tuffachuun kottoonfate jechuudha.

Akkuma beekamu ilaalchi dalagaa tuffachuu kun yeroo baay'ee namoota/biyyoota dinagdeen kufoo ta'an biratti mul'ata. Fakkeenyaaf;Itoophiyaan yeroo ammaa addunyaa irratti kan ittiin beekamtu keessaa tokko hiyyummaa isheeni. Hiyyeettii akka taatu kan taasises sababa qabeenya biyyootni kaan qaban dhabdeef qofas miti. Ilaalcha isheetu hin misoomne. Hiyyummaan hanga yoomiitti addunyaaf fakkeenya taati kan jedhuufis deebiin

salphaadha. Gaafuma ilaalchi ishee misoome qofa! Namoota beekamoo fi albuuda baay'een badhaatus, hanga ilaalchi kottoonfate hin qajeelletti eessayyuu hin ga'amu.

Ilaalchi kottoonfataan kun maal hin goone?

Nama sibiila tumee meeshaa ittiin midhaan oomishamu gumaachu, kabajaa dhowwatee mogolee buusa. Namoota biyyaaf oolmaa oolan qooda kabajaa, arrabsoon badhaasa. Maqaa ogummaa dabsee '*Tumtuu*' jedhee moggaasa ilaalchi kottoonfate. Kanumaan ogeessota qaqqaalii silaa biyya duroomsan mogolee buusaa oola.

Asitti kan leellifamu isa dalagu miti. Isa arraba dheeraati. Isa osoo hin dalagin uffata adii uffatee huuba irraa eeguuf dalagaa dhiise. Kan ganda keessa deemee "ani sanyii abaluutii nakabajaa!" jechee oduu misoomsaa oolutu kabajama. Isuma ani gubbaatiin gadi dhufe! Ani sanyii filatamaadha!

Anatu siif beeka malee ati sanyii ta'u mti! Ati biyya diigda, animmoo biyyan misoomsa jedhu fa'i. Warruma akkasitti namoota abaaraa, ofii kabajaa namoota kadhataa oolaan fa'atu kabajama. Osoo ta'ee silaa kabajaan warra gaafataniif miti warra dalaganiif ta'uu qaba ture malee.

Ilaalcha akkanatti kottoonfate kanafaatu waanta silaa jaabaachuu qabu laaffisee, isa laafuu qabummoo jabeessa. Kanaan aadaan eebbifamuu qabu abaaramee inni abaaramuu qabummoo eebbifamaa jiraata asitti.

Osoo dur ilaalchi kottoonfataan diriiree ogummaan sibiila tumuu kabajameera ta'ee, silaa asiis akkuma warra kaanii dinagdeen guddateera ture. Silaa aadaan sibiila tumuu sunis, har'a akkuma warra kaanii guddatee gara '*tekinooloojiin*' konkolaataa tumuutti olguddata ture.

Asii nama gogaa duuguun '*Faaqii*' jedhee maqaa abaarsa fakkaatu itti moggaasa. Isa achii ammoo'*Tanner'* jedheetu ogeessa ta'uu isaa faarsa. Isa asii *Qaalluu (beekaa)* jedhamu ni abaara. Isa achii *Nabiyyii (qaalluu)* jedhamu ammoo ni faarsa. Garaagarummaan isaanii garuu faarsuu fi abaaruu qofa. Eeyyee qaalluun qaalluuma, faaqiinis faaquma inni achiis, asis. Akkuma ilaalchaa sanatti maqaatu gargar ta'e malee.

BOQONNAA KUDHA SADII

Lubbuu

Lubbuun kan argamtu lubbu-qabeeyyii keessatti. Lubbu-qabeeyyiin lafa kanarra jiraatan hundi bineensotaa fi biqiloota jedhamanii qoodamu. Kunis lubbu-qabeeyyii kanneen seelii tokkoo hanga seelota tiriliyoonaan lakka'aman irraa uumaman hunda dabalata.

Lubbu qabeeyyiin jalqaba lafarratti uumaman uumama seel tokkee bifa baakteeriyaa qabanidha. Kun ta'uun ammoo naannoo waggaa biliyoona 4 ta'uun tilmaamama. Lafarratti uumamuu lubbu qabeeyyiif sababni elementoota barbaaachisoo kanneen akka Caarboonii (C), Naayitroojiinii (N), Oksiijiinii (O),Foosfarasii (P), Haaydroojiinii(H), fi kkf jedhamanidha. Isaan kunniin ammoo wal nyaatiinsa kemikaalaa adeemsisuun waantota barbaachisoo kanneen akka bishaanii (H_2O),

'*pirootiinii/amiinoo asiidota*' (H_2NRCH_2COOH), '*kaarbohaaydreetota* ***$(CH_2O)3n$*** fi kkf uuman. Isaan kunniin kutaalee seelii kanneen *organeloota* jedhaman garaa garaa uumamuuf waantota barbaachisoo ta'anidha. Egaa haala kanaan seeliin jalqabaa lafarratti uumamuu danda'e jechuudha. Uumamuu seelii jalqabaa booda seelotni haaraan ammoo seelii jalqaba uumame sanarraa uumamaa dhufan. Gabaabumatti lubbu qabeeyyiin jalqaba adeemsa kanaan lafarratti uumamuu danda'an jechuudha. Lubbu-qabeeyyiin tokko lubbu-qabeeyyii jedhamuuf ulaagaalee akka:-soorachuu, xuraawaa qaama keessaa baasuu, walhoruu, arganuu fi kkf guutuu qaba.

Lubbu-qabeeyyiin lafa kanarratti walii isaanii irratti hirkatanii jiraatu. Lubbu-qabeeyyiin tokko jiraachuuf lubbu-qabeeyyii kan biraan jiraachuu qaba. Bineensotni jiraachuuf biqilootni jiraachuun

dirqama ta'uu isaati. Biqilootaafis jiraachuun bineensota garaa garaa barbaachisaadha. Fkf:- biqilootni *Oksiijinii(O_2)* maddisiisuuf *Carboon-daayoksaayidii (Co_2)* bineensota irraa argachuu qabu. Adeemsi kun gosti hargansuu isaanii gargar ta'uu isaa kan ibsuu dha. Gama biraan garaa garummaan hargansuu kun mala lubbu-qabeeyyiin garaa garaa ittiin soorata qopheeffatanii fi xuraawaa ammoo of keessaa baasuuf itti fayyadaman ta'uus agarsiisa. Sooratni madda annisaati. Annisaan lubbu-qabeeyyiin itti fayyadaman hundi ifa aduurraa argama. Annisaa aduu kana ammoo jalqaba soorata keessatti kuusuu kan danda'u biqiloota qofa. Bineensotni annisaa soorata biqilootaa keessatti kuufame kana argachuuf biqiloota soorachuun dirqama. Kanneen biqiloota hin soorannes isa bineensotni biroon biqiloota sooratanii foon isaanii keesssatti kuufatan soorachuun argatu. Haaluma

kanaan lubbu-qabeeyyiin annisaa ittiin sochii geggeessan argatu jechuudha.

Namnis lafa kanarra jiraachuuf biqiloota ykn bineensota soorachuu qaba. Akkasumas gosootni lubbu-qabeeyyii xixiqqoo akka baakteeriyaa fi vaayiresootaa muraasnis jiraachuuf namootni jiraachuun isaanii dirqama.

Lubbu qabeeyyiin garaa garaa jiraachuuf qilleensaa fi soorata akkasumas bakka jireenyaa walfakkaatu hin fayyadaman. Baay'een isaanii harganuuf oksiijinii (0_2) fayyadamu. Gariin ammoo *kaarboondaayoksaayidii*(Co_2) fayyadamu. Baay'een isaanii tempireechera daree fayyadamu. Gariin tempireechera baay'ee gubaa keessa jiraatu. Gariin ammoo baay'ee diilalla'aa keessa jiraachuu filatu. Lubbu qabeeyyii baay'een bishaan keessa jiraatu. Gariin ammoo bishaaniin ala jiraatu. Kanneen bakka lameen jiraachuu danda'anis jiru.

Walumaagalatti haalli jireenya lubbu qabeeyyiin garaa garaa lafa kanarraa ittiin jiraatan gargari. Egaa osoo akka carraa haalli mijataan gosti lubbu qabeeyyiin tokko lafarra ittiin jiraatu jalaa jijjiiramee, silaa carraan lubbuun jiraachuu isaanii rakkisaa ta'uu isaati. Fakkeenyaaf gosti lubbu qabeeyyii daayinoosaras jedhaman sababa jijjiiramni tempireecheraa yeroo ta'e tokko lafa kana mudateen akka baduu danda'antu himama. Kunis sababa wanti gubaan tokko samii keessaa lafarratti kufee turerraan kan ka'e ta'uu isaa qorattootni ibsu. Daayinoosaras lafa kanarraa guutummaatti baduun isaanii kun kan mul'isu sababa ho'a cimaan yeroo sana isaan mudate dandamachuu dadhabaniif ta'uu isaati. Haalli kun lubbu-qabeeyyiin sababa jijjiirama qilleensa baramaatiin dhabamuu akka malan kan namatti mul'sudha. Osoo akka carraa rakkoon akkasii kun yeroo hin beekamne tokkotti

namoota mudatee, silaa namni akkamitti/ eessa jiraachuu danda'a jettee yaadda ta'a? Rakkoo kana dandamachuuf namootni qophii akkamii gochuu qabu jettees tilmaamuun kee hin oolu? Ati hoo akka ofii keetiitti har'a maalfaa gochuutu sirraa eegama jettee yaadda? Deebiikee situ beeka.

Waantota jiraachuufi dhabuu lubbu qabeeyyii murteessan keessaa tokko soorata argachuudha. Dhimma kana ilaalchisee haalli jiraachufi dhabuu isaanii kan murteeffamu keessaa tokkoo nama. Haa ta'u malee namootni soorata argachuu fi dhabuun sababa waantotni soorataman dhabuu malaniif qofa miti.

Namni tokko soorata argachuu fi dhabuun isaa irra jireessaan ilaalcha isaatiin murteeffama. Ilaalchi namaa filannoo gosa soorataa kan murteessu ta'uu isaati. Ilaalchi ammoo beekumsas ni dabalata.

Beekumsi faayidaa fi miidhaa gosti soorataa tokko qabu irratti hundaa'anii soorata filachuu namootaa ibsa. Ilaalchi ammoo aadaa, amantaa, beekumsaa fi kkf irratti hundaa'anii gaarii fi badaa ta'uu soorataa kan filatan ta'uu namootaa ibsa.

Beekumsa fayyadamanii fayidaa fi miidhaa soorataa hubatanii soorata filachuun wal nama hin dhabsiisu. Waanti tokko yoo nama soorate tokko miidhe,wantichi namoota kan biroos miidhuu waan maluuf ta'uu isaati. Haa ta'u malee sooratni sun bifaa fi amantaan gargar qoodee namoota kan miidhu miti. Kunis sababa sooratni faranjii miidhe tokko gurrachas miidhuu maluufidha. Sooratni Kiristaana miidhu Isilaamas hin dhiisu. Namni namuma jechuufani. Namoota biyya Chaayinaa jiraatanii fi kanneen biyya Itoophiyaa jiraatan bifaan yoo ta'e malee maaliin adda baasu. Yoo ilaalchi gargar ta'e malee hunduu namuma. Mitii

ree? Egaa sababa Ilaalchaaf jecha soorata garaa garaa filatanii soorachuun namootaa kun dubbii ijoo ta'uu isaati. Lafa kanarra biqilootaafi bineensotni baay'een jiraatanis namootni hundi waantota walfakkaatu hin sooratan. Ilaalchuma!

Namootni baay'een osoo bineensotni foon qaban baay'een naannoo isaanii jiranii beelaan du'u. Kaaniif ammoo waanti foon qabu kamiyyuu isaaniif soorata wal hin caalledha. Foonni foonuma jedhanii sooratu. Gariin ammoo foon abaaramaa fi eebbifamaan akka jiru himatu. Gariin namootaa biqiloota qofa malee foon waan jedhamu hin fayyadaman. Kanaaf ammoo sababni isaan akka ijootti himatan "namni ofii foon ta'e akkamitti foon soorata"ilaalcha jedhu fa'i. Ati hoo? Waa'ee soorata garaa garaa irratti ilaalcha akkamii qabda? Osoo waanti hundi dhumee harreen addunyaa kanarratti

haftee silaa ati ni sooratta moo agabuu duuta? Ilaalchuma kee akkati ilaaltuufani.

Namoota baay'eetu allaattii ajjeesee gata. Lukkuu ammoo qarshii baasee bitee soorata. Kunis ilaalcha. Ilaalchi kun ammoo kottoonfataa ykn diriiraa ta'uu fi dhiisuu isaas atumti murteessi jedheetan dhiise.

BOQONNAA KUDHA AFUR

Tooftaa Jireenyaa

Wantotni lubbuu qaban hundi jiraachuu fedhu. Jireenya fedhan jiraachuuf ammoo haala mijataa jiraachuuf isaan barbaachisu argachuunis dirqama. Lubbu-qabeeyyiin kamiyyuu haala jiraachuuf isaan dandeessisu keessa jiraachuu fedhu. Kun ammoo sababa waantotni jiraachuu isaaniitti gufuu ta'uu malan hedduun jiraniifi. Kanaaf jecha jireenya mijataa jiraachuuf akkasumas sanyii isaanii jireenya itti fufsiisuuf lubbu-qabeeyyiin hundi tooftaalee garaa garaatti fayyadamu.

Waantotni akka :soorataa, bishaanii, qilleensaa, da'oo fa'a jireenya lubbu-qabeeyyii lafarraaf kanneen bu'uuraati. Haa ta'u malee waantotni barbaachisoon kunniin yeroo hunda salphaatti kan argaman ta'uu dhabuu malu. Kunis sababa garaa garaan haalli waan mijachuu dhabuu maluufi.

Haalli mijatus, mijachuu baatus garuu lubbu-qabeeyyiin jiraachuuf waantota bu'ura ta'an kanneen argachuun dirqama. Kanaafuu tattaafii jireenyaa gochuun lubbu-qabeeyyii kamiifuu dirqama ta'uu isaati.

Waantota jireenyaaf bu'uura ta'an argachuuf haalli mijataan kan hin jirre yoo ta'e, ifaajjii garaa garaa gochuun dirqama jiraachuuti. Yoo haalli mijataan jiraates, ifaajjii jireenya isaanii salphisuuf diqamu. Ta'uu baannaan jireenya gadadoo jiraatu. Inumaa jiraachuun rakkoo ta'uu mala. Kanumaan jireenya garaa garii jiraatu. Inni kaan furdatee kaanimmoo qallata. Kaan soorachuuf yoo adamsu. Kaanimmoo miliquuf mala dhahata. Haxaariin gamnaa inni akka namaa ammoo dhibee kamiifuu daawaa woyii soqa. Namoonnis akkuma malaaf amala isaanii wal qixxummaa hin qaban. Kanumatu inni kaan

jabaatee kaanimmoo akka laaffatu, Kaan duroomee kaanimmoo akka hiyyoomu taasisa.

Ifaajjii jireenyaa keessatti lubbu-qabeeyyii kanneen rakkoo baqachuuf miilla yookaan baallee hin qabnes, waanuma akka qoraattii ykn daannoo woyiitiin eegumsa godhatu. Kanneen akka margaa baay'een isaanii qoraattii, baallee fi miilla ittiin diina isaanii miliqan hin tolfannes ni jiru. Garuu erga dheedamanii booda qixa dheedichaan madoofte sana deebisanii dhidhiibbatu fa'i. Tarii baalaa fi damee kan biraa baafatu. Kanumaaf jecha baqachuu fi daannoo woyiitiin of eeguu dhiisanii dheedamus fakkaata. Moo isa kaaniin jiraachisuuf kana godhan laata? Tariimmoo karoora fuulduraa malee ammatti miliqanii jiraachuu kanaaf hin qophoofne ta'innaa?

Sanas ta'u kana, ifaajjiin biqilootnii fi bineensotni kamiyyuu ofii isaaniis ta'u sanyii isaanii lafa

kanarra barabaraan ittiin jiraachisuuf godhan ga'aa taanaan rakkoo hin qabu. Gadheen yoo jireenyi isaanii fuulduraaf shakkii jala kan jiru ta'e qofa. Wanti barbaachisaan lubbu-qabeeyyiin balaa dhufu jalaa hafanii jireenya isaanii itti fufsiisuu danda'uu isaaniiti. Balaa kamiinuu miliqanii yookaan dandamatanii jiraachuu danda'uun kun dubbii ijooti. Dhimmi kun namoota hundas ni ilaallata.

Lubbu qabeeyyiin kamiyyuu waantota jireenyaaf isaan barbaachisu dhabnaan, guutummaatti lafa kanarraa baduu danda'u. Haa ta'u malee waantota balaa uumuu malan kamiyyuu qolachuuf tooftaa garaa garaatti fayyadamu. Tooftaaleen kunniin ammoo kanneen qaama lubbu qabeeyyiin alatti ykn qaama keessatti taasifaman akkasumas lameenuu walcinattii kan adeemsifaman ta'uus ni malu.

Adeemsa lubbu qabeeyyiin balaa isaan mudatu ittiin dandamachuu malan keessaa tokko tooftaalee

qaama lubbu qabeeyyii keessatti taasifamudha. Tooftaa kanaan balaa dandamachuun yeroo mara beekumsaaf humna kan gaafatu qofa miti. Jijjiirama tirannaa haala irratti hundaa'ee keessoo seelii isaaniitti adeemsifamuudha malee. Ta'us tooftaalee akkasii kana beekumsaan fayyadamuun hin dandaa'amu jechuu miti. Beekumsa waa'ee hormaata sanyii (genetics) fayyadamanii gosa sanyii rakkoo hin dandamanne tokko gara isa rakkoo dandamatutti jijjiiruun ni dandaa'ama. Kun garuu yeroo fi beekumsa olaanaa isa akka beektota namootaa keessaa jarreen *Saayinsistoota (Scientists)* jedhamanii sana fa'a gaafata. Namootni akkasii namoota keessaa warra ilaalcha misoomaa qabanidha. Namoota akka profeesor Gabbisaa Ejjetaa faa jechuu kooti. Amma kan ilaalaa jirru garuu waa'ee lubbu qabeeyyiiti. Lubbuu kan qabummoo nama qofa miti. Tarii namni mootii

lubbu qabeeyyii maraati. Kanas yoo beekumsa fayyadame jechuu kooti. Malee osoo lubbuu ajjeesanii kan mo'atan ta'ee, silaa warra akka *Vaayiresii* fi *Baakteeriyaatu* mootii hundaati.

Walumaa galatti tooftaalee fayyadamuutu waan maraati. Tooftaaleen keessootti taasifaman kanneen akka:-*madaquu*(*adaptation*) fi *jijjiiramuu*(*mutation*) fa'a kan dhuunfatuudha.

Tooftaaleen qaamaan alatti taasifaman ammoo baayyinaan beekumsaa fi mala akkasumas ga'umsa qaamaa fa'a fayyadamuun kan argamaniidha. Beekumsa fayyadamuun ammoo baay'inaan sanyii namootaa irratti mul'ata. Lubbu qabeeyyii hogganuuf namni dandeettii kan argates sababa beekumsa olaanaa fayyadamuufi.

Beekumsa fayyadamuun mallatoo qaroominaati. Kunis salphaatti balaa miliquuf dorgomanii mo'achuuf, da'oo qabaachuuf, adamsanii/

oomishanii soorachuuf, qabeenya horachuuf, diina injifachuuf, daawaa soqachuuf, malaa fi fala dhahachuuf fa'a namoota gargaareera. Tooftaaleen qaamaan alatti taasifamanis isaanuma kanneeni. Ta'us namootni hundi walqixa jireenya mijataa jiraachaa hin jiran. Gariin goobee gariin doofee jiraata. Kan jiru wal ga'uu dinnaan inni mo'u ajjeesee dhuunfata. Maqaatu nama malee gariin isaa horiidha. Akkuma sa'aatti jiraata. Nama akkasii kana haxxee namaatu elmatee qalata. Yoo fedhes ittiin qotata. Garaagarummaa qaroominaati.

BOQONNAA KUDHA SHAN

Qabeenya Hawaa Keessaa

Waantota hawaan uumama badhaafte keessaa tokko lafa. Hawaa keessa waantotni yoo ijaan ol illaalan namatti mul'atan:- *Aduu; Ji'aa fi Urjiilee* fa'i. Kanneen biroon jiraatanis, sababa fageenya isaanii fi ifuu dhabuu isaaniitiin kan ka'e hin mul'atan. Fagoos ta'ee dhihoo, waanti hawaa keessa jiru ijaan argamuuf wanti sun ifee mul'achuu qaba. Wantotni ifan hundi ni mul'atu jechuus miti. Fageenyaa fi guddina isaanii irratti hundaa'uun kannneen dhokatanis ni jiru.

Fakkeenya waantota hawaa keessa jiraataniifi ifa hin maddisiifne keessaa tokko lafa. Lafti iftee argamuu baattus qabeenya akka bishaanii, qilleensa, albuudaa fi lubbu qabeeyyii garaa garaan kan badhaatee dha. Lafti qabeenya lubbu qabeeyyiin ishee hundi ittiin jiraachuu malan ni

qabdi. Sanyii namootaafis qabeenya ishee waakkii malee gumaachaa jirti. Ta'us akkuma akka naannoo fi bifa isaaniitiin namootni qabeenya lafti hunda gumaachitu kana walsaamaa jiru. Haaluma kanaan gariin bakka qabeenyi jireenyaaf mijataa ta'ee badhaadhe keessa burraaqee jiraata. Gariin ammoo gammoojjii irraa fi jalaan gubee nama waadu keessa jiraata. Inni irraa hafe isa hin qabneef hin hiru. Inni tokko isa kaan saamee erga hiyyummaatti gatee booda, akka waan ofii eebbifameetti of ilaala. Hiyyeessi abaaramuu isaati. Haaluma kanaan hiyyoomsee duroomaa fi ajjeesee jagnoomaa dachee kanarra jiraataa jira. Haalli kun ammoo qabeenyi lafarraa hanga barbaadamuun akka namoota ga'aa hin jirres ni mul'isa.

Lafti hawaa kana keessatti waantota gurguddina ajaa'ibsiisoo ta'een ishee caalan baay'ee waliin uumamte. Pilaanitootni akkuma lafaa dhagaa irraa

ijaaraman muraasni namoota hawaa qorataniin eessa akka jiran argamaniiru. Ta'us pilaanitoota kanneen irra qubachuun hanga har'aatti waan hin danda'amneef qabeenyi isaan qaban maal akka ta'e hagas mara waanti beekame hin jiru. Kanneen hin argamin turanis yeroo yerootti argamaa jiru.

Waantotni hawaa keessa jiran baay'een lubbu-qabeeyyii dabalatee qabeenya garaa garaa qabaachuu akka malan namootni shakkan ni jiru.

Namootni shakkii akkasii qaban namoota biyyi isaanii dinagdeen misoome keessatti baay'atu. Kun ammoo namoota ilaalcha misoome qaban ta'uu isaanii namatti mul'isa. Namoota ilaalchi isaanii kottoonfate fa'a irraa shakkiin akkanaa hin eegamu. Isaanitti qabeenyi akkasii ni jira jedhanii xiinxaluun daran ulfaata. Namni tokko yoo isaan keessaa ka'ee qabeenyi hawaa keessa jiraachuu akka malu shakkes, namni sun dhibee samuu qaba jedhanii

ilaalu. Waanuma akkasiiyyuu yaaduu hin fedhan. Cubbuu woyii itti fakkaata. Waan dandaa'amus itti hin fakkaatu. Gabaabumatti namoota akkasii kana ilaachatu kottoonfate. Ilaalchaa fi xiinxala kottoonfateen ammoo qabeenya fagoo hawaa keessa jiran arguun hafnaan, isuma lafarraa naannoo keessa jiruyyuu arguun ni ulfaata.

Qabeenya dhokate argatanii itti fayyadamuuf ilaalcha sammuu keessa jiru diriirsuu fi xiinxala gadifagoo fayyadamuun mala jalqabaati.

Ilaalchi namootaa waanuma hundaati! Namootni gaafa ilaalcha isaanii sirreeffatanii waantota ilaaluu eegalan, misoomuu eegalu. Yoo ilaalcha diriirsanii hawaa keessa ol ilaalan waantota akka albuudaa, lubbu-qabeeyyii, bakka jireenyaa(kan lafa caalu) barbaadanii argachuu malu. Ta'us namotni hanga yoonaatti lafarra qofa waan jiraachaa jiraniif jecha

lafa malee bakki biraa jireenyaaf mijatu ni jira ilaalcha jedhu hin qaban.

Ilaalchi kunis asumee ta'uu namootaa calaqqisiisa.

Ilaalcha isa lafuma qofa ilaaluuf kottoonfateedha!

Hawaa keessa uumamni namoota caalaa qarooman jiraachuu akka malan xiinxaluun namootatti ni ulfaata. Kunis Ilaalcha anummaan kottoonfatedha!

Gaaffiikoo:-

- Akkuma lafti lubbuu jiraachistu, kanneen biroonis akkamitti jiraachisuu hin danda'an?
- Namni sirna uumamaa eegee obbolaa ofii isaa qabaachuu akkuma danda'u laftimmoo akkamitti obbolaa ofii dhabdi?
- Namootni hiriyyaan umuriin walgitan jijjiirama walfakkaatu akkuma taasisan, maaliif laftis pilaanitoota umuriin ishee gitanii wajjin walfakkeenya dhabdi?

- Lubbu-qabeeyyiin bakka biraa jiran dirqama kanneen lafarraa fakkaachuu qabuu?
- Namootni lafti xiqqoo akka taate hubatan maaliif qabeenya isheen qabduunis xiqqoo ta'uu akka maltu hin tilmaamanii?

BOQONNAA KUDHA JA'A

Lubbuu Hawaa Keessaa

Lafaan alatti jiraachuu lubbu-qabeeyyii namootni shakkan muraasni qorannoo geggeessaa jiru[19, 20]. Kana gochuuf ammoo adeemsa lubbu-qabeeyyiin ittiin lafarratti uumaman qorachuun eegalu. Kanas lafti yoomii fi akkamitti akka uumamuu dandeesse hubataniiti. Dabalataanis fageenya lafti urjii aduu jedhamtu kana irraa ittiin fagaattu shallaganii beeku. Kanaafuu Pilaanetootni akkuma lafaa umurii fi fageenya walfakkaatoo ta'een urjiilee biroo waliin jiraatan lubbu-qabeeyyii qabaachuu malu shakkii jedhu qabaachuu isaaniiti.

Akkuma beekamu pilaanitiin namni irra jiraachaa jiru lafa jedhamti. Lafti pilaanitoota biroo sirna solaarii(aduu) keessa jiran hunda waliin urjii aduu jedhamtu irraa kan uumamteedha. Garuu pilaanitootni kunniin hundi (salganuu) yeroo tokkotti kan walfaana uumaman miti. Yeroo garaa garaatti kan uumaman ta'uu isaaniitu beekama. Kunis sababa pilaanitootni kanneen biroon muraasni qorranii hin xumurin jiraniif ta'uu dabalata. Pilaanitootni dafanii qorruu fi dhiisuuf ammoo guddinni isaaniis murteessaadha. Baay'een isaanii yeroo qorran dhagaa ta'anii waan mul'ataniif jecha maqaa *pilaanitoota dhagaa(rocky pilanetes)* jedhuun waamamu.

Waantotni baay'een hawaa keessa jiran urjiilee guguddoo ta'an irraa uumaman. Uumamaas jiru. Gaalaaksotni, urjileen, pilaanitootni fi astroidootni hedduunis haaluma kanaan hawaa keessatti

uumamu[11]. Kunis hawaan babal'chaa akka jirtu mul'isa. Haaluma kanaan laftis aduu irraa uumamte. Uumamuun lafaa naannoo waggaa biliyoona 5 tti tilmaamama. Qorritee dhagaa ta'uun lubbu-qabeeyyii biqilchuu kan eegalte ammoo naannoo waggaa biliyoona 4 tti tilmaamama. Kanarraa ka'uun qorattootni pilaanitootni akkuma lafaa urjii biroo irraa uumamanii, qorranii, dhagaa ta'uun yeroo fi fageenya murtaa'e irratti lubbu-qabeeyyii horachuu danda'anis jiru jedhanii shakku.

Haala kanaan jiraachuu lubbu-qabeeyyii hawaa keessaa qorachuuf bakki namatti dhiyaatu gaalaaksii lafaa(miilk weey) qofa. Innuu fageenya ajaa'ibsiisaa *bara ifaa(ly*) fagaatuun shallagama[3].

Lubbu-qabeeyyiin lafaan alatti jiraachuu malu jadhamanii shakkaman maqaa '*Aleensota'*(*Aliens*) jedhamuun waamamu[21].

Aleensota(Aliens) jiraachuufi dhiisuun isaanii hanga har'aatti namoota gidduutti mormii uumaa jira. Mormiin uumamaa jiru kun ammoo jiraachuufi dhiisuu isaanii qofas miti. Bifaa fi gosa(sanyii) akkasumas haalaa fi dandeettii isaanii irrattis mormiin qorattoota gidduutti ni mul'ata.

Qorattootni gariin lubbu qabeeyyiin hawaa keessaa jiraachuu malan(*'Aleensotni'*) kanneen lafarraa wajjiin walfakkeenya hin qaban jedhanii shakku. Kanarraa ka'uunis shakkii garaa garaa ibsatu. Tarii namatu hin hubatu malee *aleensotni* lafarras dhufanii deebi'uu malu jedhanii shakku. *Aleensota* namni ijaan arguu hin danda'u jechuus ni dabalata. Kunis sababa shakkii *Aleensotni* kanneen akka lubbu-qabeeyyii lafarraatti, Naayitroojiinii(N) fi Foosfarasii(P) fa'a irraa uumaman miti jedhu qabaniif ta'uu dabalata.

Gareen qorattootaa kun Aleensotni uumama laffarraa fakkaachuu baatanis, kanneen namoota caalaa qarooman jiraachuu akka malan shakkii qabu. Kanaafis UFO(Unidentified Flaying Object) fakkeenya fudhatu[22]. UFOn waantota namootni tokko tokko yeroo gara hawaa deeman arganii maal akka ta'e hubachuu dhabaniidha. Waantotni UFO jedhaman kunniin ariitii saffisa ajaa'ibsiisaa qabuun akka balali'uu danda'antu ibsama. Bocni isaaniis gargar ta'uutu ibsama. Fknf UFOn Waanta akka boca geengoo(Disc)woyii fa'a fakkaatanii yeroo furguggifan argamuu isaaniitu himama. Kun ammoo shakkii konkolaataa aleensotaati moo aleensotuma jedhu uumuus ni mala.

UFOn jedhaman kunniin darbanii darbanii lafarra bakka tokko tokko yeroo isaan qubatanii deebi'an namootni arganis akka jirantu himama[23]. Ta'us garuu saffisa isaanii irraa kan ka'e UFOn maal akka

ta'an namootni argan hubachuu hin dandeenye. Kanumaaf maqaan UFO jedhus itti mogga'e. Hiikni isaas" *Waanta Balali'aa hin hubatamin"* akka jechuuti. Egaa kanuma irraa ka'uuni kan namootni uumama qaroominaan namoota caalantu bakka biraa irraa dhufee lafa qorachaa jira shakkii jedhu horatan.

Haa ta'u malee waa'ee UFO kanarratti namootni mormii qabanis ni jiru. Kanas gariin waanti UFO jedhamu kun hin jiru, namoota *hallucination* (mallattoo dhibee sammuu) qabantu dogoggoraan hubate malee jedhu. Gariin ammoo wanti yeroo namootni gara hawaa deeman itti mul'ate kun UFO miti jedhu. Kanas yoo morman:- rookkeettii biyyootni garaa garaa hawaatti ol ergantu namoota gara hawaa deemanitti ifee mul'ate jedhu. Kanaafuu UFOn gara IFI (Identified Flaying Object)tti jijjiirameera jedhanii ibsu. Wanti hin hubatamin ture hubatameera akka jechuuti.

Walumaagalatti ibsa aleensotni uumama lafarraa hin fakkaatan jedhu muraasa ilaaluu yaalleerra.

Ibsa *Aleensotni* lubbu qabeeyyii lafarraa wajjiin adeemsa uumamaa fi bocaan wal fakkaachuu malu jedhus faana dhahuun dirqama. Gereen kun ammoo pilaanitootni lafaa wajjin walfakkaatan aleensota lubbu-qabeeyyii lafarraa waliin walfakkatan qabaachuu malu ilaalcha jedhu hordofu. Kanas pilaanitootni biroon akkuma lafaa waantota akka bishaanii, soorata, qilleensa(O2) fi kkf qaban jiraachuu malu shakkii jechuuni. Kanaafuu xiyyeeffannoon garee kanaa pilaanitoota lafa fakkaachuu malan hawaa keessa barbaaduudha. Xiyyeeffannoon kun bakka jireenyaa hawaa keessa namootaaf barbaaduu dabalata. Xiyyeeffannoon qorannoo fi qo'annoon taasifamu bu'aa malee miti jechuufani. Kun milkoofnaan bu'aa qaaliiti. Ilaacha ofiif, sanyii ofiif

akkasumas lubbuu jiraachisuuf haala mijeessuuti. Haala kanaan ammoo miidhanii osoo hin taane miidhamanii duroomu. Ilaalcha kanatu hawwiif jaalala *Ilaalcha Misoomaa* dhuunfate.

Gareen ilaalcha kana qaban barbaacha pilaanitoota biroof, ifaajjii abdii kutannaa hin qabne gochaa jiru. Ifaajjii kanaanis wantota lafa fakkaatan muraasa fagootti arguu danda'anii jiru. Kanas meeshaa *Telescope* Jedhamu fayyadamaniiti. Waantota lafa fakkaatan kanneen keessaa tokko *teegarden b* jedhamuun kan beekamudha[24]. Teegarden b lafa fakkaachuu isaan sadarkaa 1ffaa irratti argama.

Teegarden b sirna soolaariin(aduun)alatti argama. Kanafuu sirna aduu osoo hin taane, sirna urjiilee biroo(explanet) keessatti argama jechudha. Gama biraanis *teegarden b*, kan uumame aduu irraa osoo hin taane, urjii kan biraa irraa ta'uu isaati.

Pilaanitiin kun fageenya bara ifaa waggaa 12.59(12.59ly) ta'een lafarraa fagaata[24].

Hubannoo dabalataaf fakkii 9 armaan gadii ilaali.





Fakkii 8: Hawaa keessatti bakkeewwan lafaa fi teegarden b itti argaman

Giddu galli qorannoo hawaa(NASA), Meeshaa *Kepler Space Telescope* jedhamutti fayyadamuun pilaanitootni hedduun urjiileetti marsanii akka argaman mirkaneesseera[25]. Gariin Pilaanitoontaa kun bakka *'Zoonii Jireenyaa'(Habitable Zone)*[20] jedhamuun beekamutti argamu. *'Habitable zone'* bakka pilaanitiin lafaa wajjin walfakkeenya qaban jiran ta'uu mul'isa. Walfakkeenyi isaani ammoo Pilaanitoota guddinaa fi umuriin lafa gitan fa'a dabalata. Fageenyi isaan urjii isaanii irraa qaban

fageenya lafti aduu irraa qabduun walfakkaata. Urjiin isaaniis guddinaafi ifaan aduu fakkaatu. Gariin isaanii akkuma lafaatti waan bishaaniin aguugamanii jiran fakkaatanii mul'atu. Kunis akkuma lafaa bishaan, qilleensaa (O2), lubbu-qabeeyyii fi soorata qabaachuu akka malan shakkii uuma. Haala Kanaan hawaa keessaa bakkeewwan muraasni '*Zoonii Jireenyaa* jedhamuu danda'an.

Pilaanitootni zoonii jireenyaa keessatti argaman gaalaaksota hundaa keessa jiraachuu malu. Ta'us qorannoo fi abuurraa namootaaf kan salphatu gaalaaksota lafatti dhiyaatan qofaadha. Kunis miilkweeyii qofa kan xiyyeeffatu ta'uu isaati. Miilkweeyiin gaalaaksii lafti keessatti argamtudha. Gaalaaksiin kun urjii miliyoona 100 ol ta'an ofkeessaa akka qabutu tilmaamama. Urjiilee kanneen keessaa aduun ishee tokkodha. Akkuma aduun pilaanitoota sagal ofitti marsitu, urjiileen

kaanis pilaanitoota mataa isaanii qabu. Kun ammoo pilaanitootni biliyoonaan lakkaawaman gaalaaksii miilkweeyii keessatti argamuu akka malan mul'isa. Isaan keessaa lafti ishee tokkodha.

Gaalaaksii miilkweeyii keessa akkuma lafaa pilaanitootni zoonii jireenyaa keessatti argaman hedduu dha. Miilkweeyii keessaa Pilaanitoota lafa fakkaatan naannoo 1600 arguu NASAN gabaaseera[20]. Isaan kanneen keessaa yeroo ammaa aleensota namoota qarooman qabaachuu malan muraasnis akka jirantu shakkiin ibsama[21, 26]. Aleensotni pilaanitoota kanneen irra jiraatan kunniin akkuma namootaa qaroomuu kanneen malan ta'uu isaaniiti. Bakkeewwan shakkaman kana imaluuf fageenya bara ifaa kumaatama namatti fudhata. Isaan kessaas kan dhiyeenya qaba jedhamu fageenya bara ifaa waggaa 12 (12lys) kan namatti fudhatuudha[27]. Haalli Kun namootni

pilaanitoota aleensotaa kanarra qubachuuf daran rakkisaa akka ta'u mul'isa. Kanaaf jecha qorattootni aleensota bifa dandaa'ameen quunnamuuf mala garaa garaas ni dhahu. Maloota dhahaman keessaa tokko bifa raadiyoonaan aleensota qarooman quunnamuu yaaluu fa'i.

Qorattootni hawaa yaalii pilaanitoota fageenya dhiyoo jiran namootaaf mijeessuus ni qabu. Kanaaf ammoo piloonitoota akka maarsii fa'a misoomsuu kajeelu. Kanas lafarraa biqiloota akka algee (algie) fa'a ol erganii misoomsuuf karoorsu. Kun yeroo dheeraa booda namootni akka achirra jiraataniif haala mijeessudha. Gariin ammoo asteroidoota albuuda akka warqee fa'a irraa uumaman follossanii lafarratti gurgurachuuf yaalii geggeessu. Kun ammoo duroomuuf fedha kan qaban ta'uu isaanii mul'isa. Yaaliin abuurraa hawaaf taasifamu baay'een isaa qabeenya achi jiruun badhaadhuufi.

Haala kanaan Kan dursee qabeenya achi jiru abuure, qabeenya dhuunfaa isaa godhata.Yoo fedhe ni gurgurata fedhus olkaawata jechuudha. Kan irraa hafe namootaaf hiruu fi dhiisuunis mirga. Ifaajjii akkanaa booda qabeenya argame hiruu fi dhiisuun ilaalchaan malee seeraan nama hin gaafachiisu. Haala kanaan ilaalcha namummaa, isa lubbuu namaa baraaruuf arjoomu, malee homtuu qabeenya hiri jedhee isa abuurame hin hirsiisu.

Biyyootni qarooman dorgommii qorannoo hawaa geggeessuun isaaniis kanaafidha. Biyyi dursitee abuurte qofti akka dhuunfaan itti fayyadamtuufi.

Egaa qorannoon hawaa warra achi jiraniif ilaalcha misoomaati. Warra akka koo asuma jiranittimmoo qoosaa ta'uu isaati. Safuun kan ilaalchaati!

BOQONNAA KUDHA TORBA

Siyaasa Dinagdee

Siyaasni dinagdee gosa barnootaa wa'ee oomishtummaa fi daldalaa qo'atuu dha[28]. Dinagdeen siyaasa biyyi tokko hordoftu waliin hidhata qaba. Kunis: sababa haalli funaansa qaraxaa, sirni bulchiinsaa, haalli baajetaa faa siyaasa dinagdeetiin murta'aniifidha. Kanaafuu Siyaasni dinagdee saayinsii haala funaansa qaraxaa, sirna bulchiinsaa, ramaddii baajetaa, galii waliigalaa akkasumas qabeenya biyyi tokko qabdu qo'atuudha.

Sirnoota siyaasni(political systems) bu'uureffatu keessaa tokkos siyaasa dinagdeeti. Siyaasni dinagdee guddina dinagdee biyyi tokko qabduun madaalama. Guddina dinagdee (economic growth) biyya tokkoo hubachuufis: haala fiixaan ba'umsa gabaa(market values), oomishtummaa

(prodactivity)fi galii waliigalaa (GDP: Gross Domestic Product) fa'a gulaaluu barbaachisa.

Dinagdee biyyoota garaa garaa safaruuf malootni addunyaan ittiin fayyadamtu keessaa beekamoon mala *GDP* fi *per capita GDP* jedhamanii dha[29]. GDPn guddina galii waliigalaa kan biyya tokkoo (economic growth) safaruuf gargaara. Per capita GDPn ammoo galii giddu galeessaa kan lammiilee biyyichaa(economic development) tilmaama. Gabaabumatti GDPn qabeenya kan safaru yoo ta'u, Per capita GDPn ammoo misooma kan safarudha.

Fakkeenyaaf *GDPn* biyya tokkoo kan waggaa – waggaan madaalamu yoo harka sadiin(3%) kan ol guddate ta'e, guddinni dinagdee biyyattii kan bara dabreerra 3% ol guddateera jechudha. *Per capita GDP* jechuun immoo galii waliigalaa kan biyyi tokko GDPn galmeessite sana baay'ina uummata daangaa biyyattii keessatti argaman hundaaf

walqixatti hiruun shallagama. Kunis namni tokko dhuunfaa isaatti galii inni guyyaatti argachuu danda'u doolaara Ameerikaa($US) tiin waalta'ee shallagama. Haala kanaan biyyi tokko GDP guddaa yoo galmeessites, guddinnii fi xiqqeenyi galii lammilee(Per capita GDPn) ammoo baayyina lammilee biyyattii irrati hunda'a. Kunis biyyi GDP guddaa qabdu tokko yeroo hunda per capita GDP guddaa qabaachuu dhiisuu akka maltu mul'isa. Fknf akka tilmaama dinagdee biyyoottan addunyaa kan bara 2015tti: GDPn *Itoophiyaa* doolaara Ameerikaa biliyoona 61.54($61.54USD)ture. Biyyi *Kiribati* jedhamtu ammoo doolaara Ameerikaan GDP biliyoona 0.5 ($ 0.5 USD) galmeessitee turte. Haala kanaan GDPn Itoophiyaa kan Kiraabaatii dachaa hedduu kan caalu ta'uu isaati. Haa ta'u malee baay'inni uumata *Kiraabaatii* kan bara 2015 timaamaan *113,473* ture. Kun ammoo yeroo

percapita GDPn shallagamu 500,000,000/113,473= **4,406.33USD** ta'uu isaati. Haala kanaan shallagni precapita GDP kan Itoophiyaa ammoo=**486.27 USD** ta'a. Galii lammilee biyyoota lamaanii yeroo waliin madaallu:**4406.33/486.27=9.06** arganna.Kun ammoo guddinni dinagdee waliigala(misoomni) kan biyya Kiraabaatii isa kan Itoopiyaa dachaa 9n akka caalu mul'isa.

Biyyootni addunyaa guddina dinagdee biyya isaanii saffisiisuuf sirnoota dinagdee garaa garaa hordofu. Sirnootni dinagdee (economic systems) kunniin maqaalee: kaappitaaliizim **(**Capitalism**),** Sooshaaliizim**(**socialisim**),**kommiiwuniizim**(**commu nisim) fa'a jedhamuun beekamu[30].

Biyyootni garaa garaa gosoota sirna dinagdee kanneen keessaa kan furmaata guddinaa nuuf ta'a jedhanii itti amanan hordofu. Haa ta'u malee sirni dinagdee biyyootni guddina dinagdee isaanii ittiin

saffisiisuuf jecha filatanii hordofan yeroo mara hanga yaadame saffisuu dhiisuu dandaa'a. kun ammoo sababa garaa garaatiin isaan mudachuu mala. Fakkeenyaaf biyyi yeroo ammaa kana addunyaa irratti dinagdeen ishee baay'ee guddaa ta'e USAn sirna dinagdee kaappitaaliizimii jedhamu hordofti. Biyyi addunyaa kana irratti kanneen hiyyummaan sadarkaa dhumaa irratti argaman keessaa addunyaaf fakkeenya gaarii taatee bara lakkooftu Itoophiyaanis sirna dinagdee kaappitaaliizimii jedhamu kana hordofti. Garaa garummaan kun kan mul'isus biyyi tokko sirna dinagdee filatamaa hordofuu isheen qofa milkaa'uu akka hin dandeenye ta'uu isaati.

Biyyi tokkoo sirna dinagdee filatamaa hordoftus, guddinni dinagdee ishee jalaa danqamuu mala. Guddina dinagdee biyya tokkoo waantota danquu malan keessaa muraasni:-ga'umsa dhabuu

naamoota bulchiinsa geggeessanii, malaammal-tummaa, hanqina namoota barumsa ga'aa qabanii, hanqina albuudaa, rakkoo ilaalcha lammilee biyyichaa, hanqina humna namaa fi hanqina jaalala hojii qabaachuu lammilee biyyichaa fa'i.

Ilaalchi lammileen guddina dinagdee irratti calaqqisiisan dhimma ijooti. Ilaalchi guddina dinagdee murteessuu keessatti shoora ol-aanaa qaba. Ilaalchi waantota dinagdee danquu malan hunda ofkeessatti dhuunfata. Lammileen yoo ilaalchaan kottonfatan dinagdeen isaanis ni kottoonfata. Kunis sababa yeroo gariin isaanii misooma biyyaaf kufanii caban, gariin ammoo barbadeessuuf kufee cabu fa'a dabalata.Dorgommii ta'uu isaati. Yoo gariin dalagee guddachuu murteessu, gariin ammoo "waaqatu qabeenya hira, ati badi namanaa!" jedheetu abaaree balleessa.

Kanaan isa dalagu mogolee dhahanii cabsu. Kun Ilaalcha!

Inni baratu akka irra keessa hubatuu fi gadi fageessee qoratu kan godhus ilaalchuma. Gadi fageessanii hubachuu fi irra keessa hubachuun ammoo dubbii ijooti. Hundi baratus hundi ga'umsa walfakkaatu akka hin horanne taasisa. Ga'umsa dhabuun ammoo bulchiinsa balleessa. Malaammal-tummaan akka daran heddummatuuf kan haala mijeessus ilaalchuma.

Namootni hedduun qabeenya horachuuf mootii biyyaa ta'uu fedhu. Qooda biyya dinagdee walii galaan guddisuu fedhan ofuma isaanii fi firoota isaanii duroomsuu qofa irratti xiyyeeffatu. Kun Ilaalcha ofittummaati. Qabeenya haati hiyyeessaa sabbata hiiktee waan qabdurraa guddina biyyaaf gumaachitus isaanumatu dhuunfata. Kanas ifatti mul'isanii osoo hin taane, maqaa misoomaan

qaraxa funaananiiti. Garuu biyya misoomsuun hafee ofii isaanii qofaa duroomsu. Sababa gochi akkanaa baratameef jechas lammileen biyyichaa baay'een ilaalchuma kufaa kanaan biyya bulchuuf dorgommii taasisu. Dorgommiin taasifamus, ajjeesuu fi maqaa wal balleessuu fa'a irratti xiyyeeffata. Gariin ammoo amantaa da'oo godhata. Egaa isaan akkasii kun dandeettii biyya bulchuu sababa qabaniif miti kan biyya bulchan.

Gariin namootaa biyya bulchuu maatii irraa dhaalaan hiratu. Namootni mootummaa ykn sirna maatii isaanii irraa dhaalan ammoo akkuma maatiin bulchaa turetti bulchuu fedhu. egaa yoo abbaan yeroo mootummaa isaa dinagdee biyyaa hin guddisne ta'e, ilmi sirna ykn mootummaa biyyichaa dhaalu akkamitti biyya guddisa? Kun gaaffii kooti. Yoo deebiin naquubsu jiraate.Yoo siif hin galle ta'es gaaffiin koo "Ilaalchi walfakkaatu

akkamitti bu'aa garaa garaa buusa" kan jedhuudha. Ilaalchi jalqaba dinagdee waliigalaa kufise deebisee dinagdee waliigalaa hin guddisu. Yoo ammas namoota muraasaaf madda galii ta'e malee.

Ilaalcha walfakkaatuun jijjiiramni dinagdee biyya tokkoo hin yaadamu. Kanaafuu namootni biyya guddisuuf yaalan, dursa ilaalcha isaanii fi kan lamiilee jijjiiruu qabu. Lammileen hundi ilaalcha isa biyyi isaanii akka dinagdeen ishee xiqqaattu godhe sana, gara ilaalcha gaarii ta'etti jijjiirrachuu qabu.

Ilaalchi akkuma guddina nama dhuunfaa murteessu, guddina waliigala biyyaa murteessa. Kunis sababa: Beekumsa, dalagaa, qabeenya biyatti sirnaan fayyadamuu fi biyya misoomsuu fa'an ilaalcha lammilee irratti hundaa'ufidha.

Biyyoota ilaalchi lammilee isaanii misoome keessatti, beekumsis misoomaadha. Achitti qonnaan bulaan sirna qonnaa qajeelchee beeka.

Inni daldalu hin kasaaru, hin kasaarsus. Hunduu waan dalaguu fedhu hunda gadi fageessee barata. Ragaa Digirii qonnaas ta'u kan daldalaa, bites hin gurguru. Ifaajjii ofiitiin baratee hubatee digirii argata malee.

Biyyoota hin guddanne keessatti ammoo faallaa kanaati. Namootni baratanii osoo hin taane bitatanii fa'a digirii gonfatu. "Digirii gonfanneerra" jedhu malee kan sammuu isaanii keessa jiru waan biraati. Isaanuma akkasii kanatu hoggansa biyyaa keessatti qooda fudhata. Osoo inni ifaajjiin baratee, hubatee, digrii argate jiruu, warri qarshiin bitatan dandeettii malee malaan malanii mo'atu. Ilaalcha kana dhalootaa dhalootatti daddabarsu. Namootni baay'een haala kanaan bulchiinsa biyyaa keessatti hirmaatu. Gaafa bakka qabatanis akkuma godhanii baratan sana qabeenya horachuuf digiriis bitanii gurguru. Kanumaan nama sirnaan baratu mogolee

buusanii dhaloota burjaajessu. Aangoo isaaniitti fayyadamanii saamuufis makmaaksa isa "S*ishoom yaalballaa sishaar yiqoocowaal*"jedhu faa bu'uureffatu. Yoo hiikamu '*namni yeroo muudamu hin nyaanne, yeroo buufamu gaabba*" kan jedhu ta'uu isaati. Kun ilaalcha kufaa isa namootni biyya Itoophiyaa muraasni aadaa saamichaa ittiin walii isaanii barsiifatan mul'isa. Ilaalcha akkasii kanafaa sirna qulqulla'aa godhanii dhaloota dhaalchisuus fedhu. Egaa kana gufuun guddina dinagdee gufachisu.

Walumaagalatti dinagdeen biyyaa kan guddatu yoo ilaalchi lammiilee fi hoggantootaa guddatedha. Waanti guddachuu qabu tokko duraan xiqqoo akka ture hubachuuf ammoo beekumsa nama gaafatu.

Biyya guddisuun ilaalcha/ sirna biyya xiqqeessaa ture hundaa hundeedhaan buqqisuu irraa eegala. Ilaalchi kuffisaan ittumaa kuffisa malee yoomiyyuu

hin guddisu jechuu kooti. Ilaalcha misoome qofatu biyya misoomsa.

Biyya guddisuuf sirna dinagdee garaa garaa yeroo yerootti jijjiiruu qofti ga'aa hin fakkaatu. Namni biyya bulchuuf dorgomu tokko yoo sirni ture kaappitaaliizimii ta'e, inni ammoo sirna sooshaalizimii/komuuniizimii qabatee dorgomuun qofti ga'aa miti jechuudha. Kanaafuu Ilaalcha biyya jijjiiruu danda'u qabatee dorgomuun furmaata waaraa ta'uu isaati. Mootiin biyya bulchuuf/ guddisuuf dorgomu tokko dursa ofii isaaf ilaalcha jijjiiramaa qabaachuu qaba. "*Barataan akkuma barsiisaa isaatiiti*"isa jedhamuufan jedhe.

BOQONAA KUDHA SADDEET

Misooma

Addunyaa kanarratti namootni akkuma akka siyaasaa fi naannoo isaaniitti hiika garaa garaa misoomaaf laatu. Kanaafuu jechi *Misooma* jedhu hiika waaltawaa waan qabu hin fakkaatu. Fknf namoota naannoo Oromiyaa keessa jiraatan muraasa hiikkaa misoomaa gaafachuuf yaaleen ture. Namoota ani misoomni maal akka ta'e isaan gaafadhe keessaa gariin *Misoomni* tattaaffii qabeenya horachuuf taasifamu ta'uu isaa ibsan. Gariin isaanii lafa borqaa'e deebisanii gabbisuudha jedhan. Gariin ammoo misoomni mala ammayyaa fayyadamanii qonnaa qotuu akka ta'e ibsan. Kanneen misoomni sochii jireenya mijataa namoota jiraachisuuf taasifamu ta'uu ibsanis ni jiru. Irra jireessaan garuu misoomni biqiltuu dhaabuu fi kunuunsuu akka ta'e naaf ibsan. Anis akkamiitti?

jedhee gaafadheera. Deebiin isaaniis"mootummaan keenya gaafa misoomatti nu bobbaasu biqiltuu nu dhaabsisa" kan jedhu ture. Egaa *'Misoomni'* namoota Oromiyaa keessa jiraataniif hiika wal fakkaataa ta'e hin qabu jechuudha.

Biyyootni garaa garaas *Misooma* hiika garaagaraan ibsu. Kunis irrajireessaan sababa siyaasaan gargar ta'aniifidha. Fknf biyyootni siyaasa '*neoliberalisim*[31] jedhamu hordofan "misoomni ida'ama fiixaan ba'umsa namoota dhuunfati" jedhanii ibsu. '*Structuralism*'[32] ammoo "misoomni irra jireessaan ga'ee hojii mootummaati. Garuu guddina dinagdee namoota waliigala biyychaa irratti xiyyeeffata" jedhu. Kanneen *'Interventionism'* hordofan ammoo "sababa ifaajjii jireenyaa kessatti mo'uu fi mo'atamuun jiruuf jecha, sochiin misoomaa, warra dinagdeen isaanii mo'atame gargaaruuf kan taasifamudha"jedhanii misooma ibsu. Gareen

*'People centered/ alternatives'*hordofan, ilaalcha namni hundi bakka fedha isaa ga'uuf ga'umsa qaba jedhu qabu. Kanaafuu "misoomni dhuunfaa fi gareen sochii namootni taasisan tumsuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uu qaba "jedhanii misooma ibsu.

Egaa hiika muraasa armaan olitti ibsaman irraa misoomni ilaalcha garaa garaatiin kan ibsamu ta'uu hubanne jirra. *Ilaalchi Misoomaas* garaa garummaa jiru kana giddu galeessaan ibsuu yaaleera. Kanas: *Misoomni ida'ama sochii namoota dhuunfaa fi garee, kan haala jireenya lammilee waliigalaa mijeessuuf taasifamuudha*. Ga'een mootummaa ammoo sochii kana tumsuu irratti kan xiyyeeffate ta'uu qaba ilaalcha jedhu qaba *Ilaalchi Misoomaa*. Garaa gara ta'us, hiikni misoomaa hundi jireenya namootaa fooyyessuuf ifaajjii hoggansaa fi lammileen hundi taasisan ta'uun isaa ifa galaadha.

Egaa misoomni sochii namootni hundi qbeenya walootiin badhaadhuuf taasisaniidha.

Haa ta'u malee badhaadhina waloo argamsiisuuf namootni hundi dhuunfaa dhuunfaan ifaajjii woyii gumaachuu qabu. "Walii galan alaa galu!"mitiiree?. Fknf: 9+1=10 ta'a. Ida'ama kana keessatti lakkoofsi 10 misooma haajennu. Maarree osoo misoomni barbaadame tokko lakkoofsa 10 ta'ee, silaa lakkoofsa 9 tti, lakkoofsi 1 ida'amuun dirqma. Yoo tokko hir'ate sagal kudhan hin guutuka. Yoo namootni sagal biqiltuu dhaabanii kunuunsan, namni tokkommoo mancaasuu mala. Gama biraan dadhabbii namoota sagaliitiin yoo namni tokko qofti fayyadamee qofaa duroome, kun misooma hin ta'u.

Egaa misooma misoomsuuf namni hundi walfaana ilaalcha misoomaa qabaachuutu daran barbaahisa. Kunis gara ilaalcha dhuunfaa ilaaluutti nama deebisa. Namni hundi akkamitti ilaalcha misoomaa horachuu mala kan jedhus nama xiinxalchiisa.

Egaa namni dhuunfaa isaaatiin akkamitti jijjiirama misooma argamsiisu horachuu danda'a kan jedhu gaaffii deebii argachuu qabuudha. Kanaafuu atis ilaalcha keetiin misooma naannoo keetii tumsuuf ilaalchikee ilaalamuu qaba. Misooma misoomsuufs namoota biroo eeguu osoo hin taane sumatu eegaluu qaba. Egaa akkamitti ofii keetii milkaa'uu qabda kan jedhu deebisuuf mee kitaaba namni *Steven R.Kooney* jedhamu barreesse tokkon si'affera. Kitaabni kun *Hawwii Aannoleetiin* hiikamee cuunfame. Kunoo guutummaan isaas akka armaan gadiitti cuunfame.

"Hawi Youth Development Initiative.

Cuunfaa Kitaabaa–002. Hawi Anoletiin.

Odeeffannoo Bu'uuraa:-

- *Maqaa Kitaabichaa:- The 7 Habits of Highly Effective People(Amaloota Namoota Baay'ee Milkaawoo Ta'anii Torban).*
- *Kan Barreesse:- Steven R. Koovey.*

- *Bara Itti Maxxanfame : - 1989.*
- *Dheerina Kitaabichaa : - Fuula 381.*

Kaayyoo Ijoo Kitaabichaa: Kitaabni kun kitaabota akka Adduunyaatti baay'ee jaalatamaniifii namoota hedduun dubbifaman keessaa isa tokko. Kitaaba kana carraa argattee dubbisuu keetiif baay'ee gammaduu qabda. Kitaaba kana keessatti namoonni Adduunyaa kana gubbaatti waan garagaraatiin sadarkaa ol'aanaarra gahan amaloota akkamii akka qaban, waan addaa maal akka hojjataniifii naamusawwan / amalootni / barmaatileen/ jireenya isaanii keessatti hordofan ifatti lafa kaa'ameera. Naamusawwaniifi Amaloonni ykn barmaatileen kunneen akka salphaatti jireenya keenya keessatti hojiirra oolchuu kan dandeenyuu fi suuta suutaan ittiin of jijjiiruudhaaf kan baay'ee nu gargaaraniidha.

Barreessichi Kitaaba kana barreessuudhaaf barruuwwan 200tti dhihaatan dubbisuu isaas ibseera. Maarree, ati waan inni itti xaaree kitaaba tokko keessatti siif dhiyeesse

irraa barachuudhaaf carraa argachuun kee sin gammachiisuu? Sana caalaammoo Afaan keetin haala gabaabaa kanaan siif dhiyaatuu isaatin hoo carraa qabeessa tahuukee ni irraanfattaa? Hin Irraanfatin! Jechuun eegala cuunfaan kitaabichaa.

Barnootawwan Ijoo Kitaabichaa (Barmaatilee/ Amaloota /Naamusawwan Torban)

Akka barreessaan kitaabichaa barreesseti naamusawwan/ amalootni/barmaatileen turban jireenya kee keessatti milkii argachuuf si dandeessisan kanneen asii gadiiti:-

1. Dursii Argami (Be Proactive).

Adduunyaa kana keessatti hammi isaa xinnaatus guddatus dhiibbaa uumuu akka dandeessu beekuu qabda. Kana godhuudhaaf immoo yeroo hunda waan Adduunyaan siif dhiyeessitu qofaan masakamuun sirra hin jiraatu. Ati mataan kee dursitee argamuu, waan sitti dhufuu dandahu tokko dursitee tilmaamufi irra aanuun barbaachisaadha. Miira kee to'achuuf aangoo guutuu qabda. Waan namni si miidhuu/ sirratti hojjatuuf yaalu,

caalaa akkaataa ati waan sana ittiin hubattuutu murteessa. Waan namni siin jedhe to'achuuf aangoo dhabdus waan si godhan saniin miira kee miidhuu dhabuuf garuu aangoo guutuu qabda. Waan namni si aarsuuf jecha dubbate, ati guutumaan guututti ofirraa qolachuu ni dandeessa. As biratti Geengowwan Ilaalchaa (Circles of Attitude) lama siif qooduun barbaada:-

A. Wantoota Ati To'achuu Hin Dandeenye (Circle of Influence) *– Wanti geengoo kana keessaa; waan ati guutumaan guututti to'achuu hin dandeenyedha. Fakkeenyaaf namni tokko yoo ganamaaf galgala si dallansiisuuf waan kee dubbataa oole, yoo maqaa kee balleessuuf yaalaa oole, yoo si miidhudhaaf shira xaxaa oolee bule, ati nama sana afaan qabuu/yaada isaa sana dirqisiistee dhiisisuu hin dandeessu. Hanga fedhe yoo dute qarriffaa isaa irraa cabsuu hin dandeessu. Tarii adeemsi seeraa akkuma jirutti ta'ee jechuu kooti. Kanaaf waanti qaama*

biraatiin sirratti raawwatamu kamiyyuu to'annaa keetin ala jira jechuudha.

B. Wantoota Ati To'achuu Dandeessu (Circle of Control) *–Wanti geengoo kana keessa jiru hundi waan ati guutumaan guututti to'achuu dandeessudha. Akka fakkeenya asii oliitti ilaalletti namni tokko dalagaa si godhatee waanuma kee qaaqaa yoo oole, nama san gurra dhoowwattee, haasaa isaa sana gatii dhabsiisudhaaf, jalaa cal'istee isa salphisuudhaaf aangoo guutuu qabda. Maaliif jennaan, aaruu dhiistee waan sanatti baacuu/ nama sanitti kolfitee inumaa ittiin bashannanuudhaaf aangoon guddaan harka kee waan jiruufi. Gama biraatiin waan kamuu keessatti ilaalcha akkanaa horachuun barbaachisaadha. Waan jireenya kee keessatti si mudatu to'achuu dadhabdus waan si mudate sana akka si hin miinetti keessummeessuun harka kee jirti. Egaa maaliif*

osoo kana gochuu dandeessuu, akkana na godhan jettee aartaree?Maaliif namni biraa akka si miidhee miidhama keetti gammadu heyyamtaree? Hin heyyamin!

2. Xumura Waan Hojjettuu Tokko Sirriitti Beekudhaan Eegali (Begin with the End in Mind). *Hojii tokko yoo hojjattu si'a lama akka hojjattu beeki. Tokkoffaan sammuu kee keessatti wanta hojjattu sana yoo yaaddu, inni lammataa immoo qabatamaan hojii sana yoo raawwattuudha. Hammuma ati sammuu kee keessatti waan hojjechuuf deemtu san sirriitti bareechitee beeyte, hojiin isaatis miidhaga. Fakkeenyaaf mana ijaaruu/ijaarsisuu feeta yoo ta'e jalqaba sammuu kee keessatti mana akkamii? Kan kutaa meeqa qabu? Kan dizaayiniin isaa akkamii?fi wantoota kana fakkaatan sirriitti beekuu qabda. Gaafas waan barbaaddu san sirriitti lafarratti dhugoomsitee arguu dandeetta. Haaluma walfakkaatun jireenya jiraachuu feetus akkasumatti sammuu kee keessatti bareechitee beekuun*

barbaachisaadha. Hammuma sammuu kee keessatti waan feetu san sirriitti beekuu dandeessu, qabatamaanis hojiitti geeddaruu dandeessa waan ta'eef. Barreessaan kitaabichaa as biratti waan tokko akka goonu gorsa nuuf Kenna. Innis jireenya keenya keessatti Kaayyoof Galma jiruu keenyaa(Personal Mission Statement) akka barreessinuudha. Mee nama akkamii tahuu feeta? Boru gaafa Adduunyaa kanarraa boqottu nama akkamii jedhamtee yaadatamuu feeta? Mee waan kana waraqaa irratti katabi, of gaafadhu! Gaafas waan hojjattu hunda saniin walqabsiistee hojjachuudhaaf siif mijata.

3. Waan dursa hojjachuu qabdu dursa hojjadhu(Put first things First)

Hojii hojjettu tokko madaala lamaan ilaaluun murteessaadha. Tokkoffaan Barbaachisummaa hojii sanii yommuu ta'u inni lammataa immoo hammam dalagaan sun ariifachiisaadha isa jedhuudha. Bu'uura lameen kanaan barreessaan kitaabichaa hojiiwwan namni hojjetu/ hojjechuu qabu kallattii afuriin lafa kaa'a:-

I. *Hojii Baay'ee Ariifachiisaaf Baay'ee Barbaachisaa (V.Urgent and V.Important)*

II. *Hojii Baay'ee Barbaachisaafii Kan Ariifachiisaa Hin Taane (V. Important But Not Urgent);*

III. *Hojii Baay'ee Ariifachiisaa ta'ee kan hammas hunda barbaachisaa hin taane (Urgent but Not Important)*

IV. *Hojii Arifachiisaas hin taane, Kan barbaachisaas hin taane (Neither Urgent Nor Important) – Waan yeroo qofa namarraa gubu.*

Hojiin namni hojjetu kamiyyuu isaan kanaan ala miti. Sa'aatiin ati guyyaa guyyaan hojiirra oolchitu hojiiwwan afran kanneen keessaa tokko keessatti ramadama. Afran kanneen keessaa nuti isa lammataa irratti xiyyeeffannee hojjechuu danda'uu qabna. Maalif yoo jenne, dalagaan tokko hojjatamuun isaa barbaachisaa yoo ta'e hamma inni barbaachisummaan isaa ariifachiisaa tahee yeroon nutti dhiphatutti eeguun barbaachisaa miti. Kanaaf, waan hojjatamuu qabu

yeroodhaan yoo kan hojjannu ta'e ofis dhiphisuu irraa akkasumas yeroo keenyas haala hin taanen qisaasuu irraa of tiksina jechuudha. Haaluma walfakkaatun jireenya keenna keessatti wantoota barbaachisoo hin taanefii kanneen ariifachiisoo hin taane kamiyyuu irraa fagaachudhaan yeroo of jalaa gubnu hir'isuunis baay'ee barbaachisaadha.

4. Kophaakee Moo'uf Hin Yaalin (Think Win Win).

Hariiroo namaan waliin qabdu keessattis ta'e waanuma kamuu keessatti kophaa koon moo'ee argamuu qaba jedhanii yaaduun barbaachisaa miti. Hamma dandeessu fedhii kee qofa osoo hin taane fedhiin nama/ qaama kan birootis akka guuttamuuf waan dandeessu gochuuf yaali. Yoo tokko mo'ee waan hunda ofumaa argachuudhaaf fiigu walitti bu'iinsi, walitti mufachuunifii rakkoowwan adda addaa mudachuu malu. Kana hambisuudhaan, ofiifis, nama kan birootifis yaadun gama tokkoon michoonni keenna akka baay'atan gama birootiin immoo nutis gammachuudhaan hawaasa

keenna waliin akka jiraannu nu gargaara. Fakkeenyaaf namni waa daldalu tokko maamila horachuu yoo barbaade waan gaarii dhiyeessuu qofa osoo hin ta'in fedhii fi miira maamila isaa san beekuu fi fedha san guutuu danda'uu qaba. Gaafa fedhii keenna malee jennee fedhiif miira maamila keennaa irraanfanne boru maamilli keenna nu gatee nama meeshaa nuti gurgurru nurraa bitu akka dhabnu taasisa. Kun immoo kasaaraa daldalaa akka nutti fidu dagachuu hin qabnu. Fakkeenyuma kanaan waan hunda keessattuu goggooginsaf ofittummaa ofirraa fageessudhaan waan nuufis qaama kan birootifis toluu dandahurratti xiyyeeffachuun faayidaa guddaa nuuf qaba. As biratti yaada baay'ee na ajaa'ibe tokkon siif qooda. Innis waa'ee 'Herrega Baankii Miiraati'. Herrega baankii kanaan barreessaan kitaabichaa "Emotional Bank Account" (Herrega Baankii Miiraa) jedha. Yaadrimeen isaa Herrega Baankiitiin walfakkaata. Hariiroon ati namootaan waliin qabdu akka waan kuusaa maallaqa

baankii miira keetiiti. Yeroo kee fudhattee yoo waan gaariidhaan kunuunsite qabeenyi ati herrega san keessaa qabdu ni dabala. Yoo miira kee toohachuu dadhabdemmoo herregni kee garnalen hir'ata. Hariiroo Jireenyaa namootaan waliin qabdu keessatti waadaa kee eeguun, dhugaa dubbachuun, iccittii eeguun, goggogdummaa ofirraa fageessuun, waan an jedhe malee jechuurraa of eeguun, jechoota miira namaa eegan fayyadamuun akkasumas namoota hubachuudhaaf yaalii godhuun qabeenyi nuti Lakkoofsa Herreggaa Baankii Miiraa keenna keessaa qabnu akka dabalu godha. Adaduma faallaa kanaatiin socho'uu eegalluunis qabeenyi nuti herrega keenna keessaa qabnu ni hir'ata. Kanaafuu hamma dandeette hundaan Herrega Baankii Miira Keetii keessatti qabeenya guddaa kuufadhu. Qabeenyi ati kuufatte kun immoo jireenya kee keessatti akka baay'ee si fayyadu hin shakkin.

5. Namoonni Akka Si Hubatan Barbaaduu Keetiin Dura Namoota Hubachuuf Yaali(Seek First to Understand, then to be Understood).

Barreessaan kitaabichaa guyyaa tokko osoo konkolaataa uummataa yaabbatee deemu, abbaaf ilmi konkolaataa sana keessa seenan. Ilmi namticha sanii konkolaataa keessatti akka malee booye. Abbaan mucaa sanii garuu homaa hin dubbanne. Boodarra barreessaan kitaaba kanaa abbaa mucaa saniitti aaree "abboo mucaa kee nurraa cal'isiisi" jedheen. Yeroo kana abbaan mucaa barreessaa kanatti siqee, "dhiifama naaf godhi", waanan godhu wallaaleeti amma harmeen isaa duutee awwaala irraa deebi'aa jirra jedhee itti hime. Yeroo kana barreessaan akka malee rifachuu isaa dubbata. Al tokko tokko hubatamuudhaaf yaaluun qofti gahaa miti. Namni tokko waan godhu tokko (badaas tahee gaarii) maalif godha jedhanii hubachuuf yaaluun barbaachisaadha. Namaan waa baad tokko jechuu keenyaan dura nama sana garaa guutudhaan hubachuuf yaaluun

baay'ee barbaachisaadha. Akka ogeeyyiin haasaa (communication experts) jedhanitti jechoonni ati afaan kee keessaa baafattu haasaa guutuu ati taasistu keessaa %10 qofa fudhatu. Sagaleen keenya 30%, haasaan qaamaa (body language) keenya %60 fudhata. Kanaaf jecha afaan keenya keessaa baasnu qofa osoo hin ta'in wanti hundi walitti ida'amee dhaamsa nuti feenu dabarsuu isaa mirkaneeffachuu danda'uu qabna. Haaluma wal fakkaatuun namni biroos yoo nutti haasa'u waan afaan isatii ba'u qofa osoo hin ta'in waan hunda waliin xiinxallee hubachuun barbaachisaadha. Namni tokko osoo Imimmaan ija isaa keessaa dhangala'u har'aa baay'ee gammadeera osoo jedhee hammam dhugaadha? Dhugooma hin qabu. Kanaafuu akkuma waan onnee keessa jiruufi miira keenna isa haqaa namni akka nu hubatu feenu nama kan birootis akkasitti hubachuun barbaachisaa tahuu isaa hubachuun murteessaadha.

6. Tumsa Horadhu (Synergize).

Akkuma asii olitti argine hundi keennayyuu akkaataa waan tokko ittiin hubannu qabna. Garaagarummaan akkanaa kuni rakkoo tokkos hin qabu. Garaagarummaa jiru kana garuu akka ciminaatti walitti finnee, iftoominaafi garaa qulqulluudhaan waan waliif nu galchurratti cichinee galma waliinii tokko bira gahuu ni dandeenna. Gaafas wanti nuti tokko tokkoon fiignee milkeessuf yeroo dheeraa nutti fudhatu yeroo gabaabaa keessatti akka xumurru nu dandeessisa. Dalga walirratti duulufii faallaa walii dhaabbachurraas waliin taanee rakkoo waliinii furachuudhaaf carraa guddaa nuuf uuma. Gaafa namoonni ilaalcha akkanaa horatan inni tokko isa kan biroo karaa walakkaa caala deemee hubatuuf yaalii godha, ija nama kaanitiin miira nama/qaama sanaa hubachuuf yaala. Gaafas waldhibdeef garaagarummaan jidduu lameen jirtu dhiphatti. Gaafa sun dhugoomu irree walii ta'uudhaan waan nu hunda rakkisu irra aanna jechuudha.

7. Of Haaromsuu Hin Dagatin (Sharpen the Saw).

Qabxiilee murtessoo asii olittii eraman kanneen dhugoomsudhaaf qabeenya kee guddaa ati qabdu tiksuun immoo dirqama keeti. Qabeenyi guddan sun immoo sihuma mataa keeti. Yeroo of jijjiirtee kaayyoof yaada kee galmaan gahuudhaaf carraaqxutti kallattii afuriin madaala kee eeguu qabda. Tokkoffaan Qaamaan (Physically), Lammaffaan Miira Keetin (Emotionally), Sadaffaan Sammuu keetiin (Mentally), Afraffaan immoo Amantii (Spiritually).

- ***Qaamakee*** *– Sochii qaamaa godhuudhaan, Boqonnaa fudhachuudhaan, Nyaata keetis sirnaan nyaachudhaan haaromsi.*
- ***Miirakee*** *– Namoota waliin jiraattufi hawaasa keessa jiraattu waliin hariiroo gaarii uumudhaan haaromsi.*
- ***Sammuukee*** *– Barachuudhaan, Dubbisuudhaan, Barreessudhaan akkasumas barsiisudhaan haaromsi.*

- ***Amantaakee*** *– Uumaa Rabbii dinqisiifachuun, amantaakee hordofuudhaan; Kophaa kee teessee of dhageeffachuudhaan, waaqa/Rabbiin kadhachuun ,Salaatuu /Sagaduudhaan, meditation gochuun, Tajaajila bilisaa kennuudhaaniifi wantoota kana fakkaatan godhuudhaan of haaromsi.*

Xumurarratti, Ammas Baga Gammadde! Kitaabni ati dubbistee xumurte kun kitaaba baay'ee jaalatamaa fi kan namootni hedduun dubbisanii ittiin of jijjiiran akka ta'e beeki. Kitaaba kana dubbisuu keetiin waan hedduu akka baratte an shakkii hin qabu." Jechuun xumurame cuunfaan kitaabichaa. Egaa barruu kana dubisuun kee *Misoomaaf* akka ta'u hawwa *Ilaalchi Misoomaas.*

BOQONNAA KUDHA SAGAL

Sharafa

Sharafni jijjiirraa maallaqaa kan ibsudha. Maallaqni ammoo qarshii namootni ittiin waantota bitanii gurguratanii dha. Maallaqni walii galtee namootaa irratti hundaa'ee waantota garaa garaa irraa kalaqama. Maallaqni waraqaa fi sibiila garaa garaa akkasumas albuuda barbaachisoo ta'an irraa tolfamuu kan malu ta'uu isaati. Haa ta'u malee maallaqni hundi walqixa kan sharafamu miti. Maallaqni walii galtee namootaa fi barbaachisummaa irratti hundaa'ee gatii garaagaraan sharafama. Fkf maallaqni albuuda akka meetii fa'a irraa tolfamu barbaachisummaa albuudichaa irratti hundaa'ee gatii olka'aan sharafamuu mala.

Seenaa keessatti mi'eessituun akka amoolee fa'a maallaqa ta'anii tajaajilaa akka turantu himama.

Yeroo ammaa garuu namootni addunyaa irratti maallaqa waraqaa fi sibiila garaa garaa irraa tolfaman fayyadamu. Kun ammoo sababa haala salphaa ta'een itti fayyadamuun danda'amuuf ta'uu isaati. Haala kanaan biyyotni garaa garaa maallaqa dhuunfaa isaaniitti fayyadamu. Maallaqni biyyi tokko itti fayyadamtu akkuma siyaasa biyyattiitti jijjiiramuu mala. Fkn maallaqni biyyi Itoophiyaa bara mootummaa *Haayila sillaassee* itti fayyadamaa turte bara *dargii* jijjiirameera. Kunis akkuma siyaasa namoota biyyicha bulchaniitti sababa qaba.

Sharafni qarshii biyya keessaa fi alaatti garaa garummaa qaba. Fknf qarshiin abbaa dhibbaa tokko biyya keessatti qarshii abbaa tokkoo dhibba tokkotti sharafama. Gama biraan qarshiin biyya Itoophiyaa keessatti 100(100ETB) sharafamu yeroo ammaa qarshii biyya Ameerikaa sadii (3USD) hin

guunneen sharafama. As biratti waanti hubatamuu qabu sharafni qarshii abbaa 100 tokko Itoophiyaa keessatti qarshii abbaa 1 dhibbatti yeroo mara kan sharafamu ta'uu isaati. Sharafni biyya alaa garuu yeroo yerootti dabaluu ykn hir'achuu ni mala. Kun ammoo sababa garaa garaa irratti hundaa'eeti. Maarree dabaluu fi hir'achuun sharafa biyyoottan alaa kun dhimma ijoo *Ilaalcha Misoomaa* ti. Isumatu jireenya namootaa qaalessuu fi fooyyessuu irratti argama.

Yeroo ammaa kana addunyaa irratti biyyoottan dinagdeen kufoo ta'an keessatti daballiin sharafa alaa mataa dhukkubbii cimaa ta'ee gidirsaa jira. Akkamitti? Kan jedhuuf deebiin akka armaan gadiiti ibsamuuf yaalameera.

Biyyi tokko waan feetu argachuuf bituu ykn oomishuu qabdi. Mootummaa fi namootni daangaa biyyichaa keessatti argaman hundi waanta fedhan

argachuun dirqama jireenyaati. Fknf waantota akka:- konkolaataa, meeshaalee ijaarsaa, meeshaa waraanaa, soorata garaa garaa, meeshaalee ijaarsaa, boba'aa garaa garaa, meeshaalee elektrooniksii, meeshaalee qonnaa, huccuulee fi faaya garaa garaa, meeshaalee yaala fayyaa fi daawaa fa'a ta'uu mala. Maarree egaa waantotni barbaachisoon kunniin yoo biyya ofii keessatti hin oomishaman ta'e, biyyoottan alaa irraa bitachuun dirqama jechudha. Biyyoota alaa irraa bitanii galchuuf ammoo sharafa biyya alaa(*forein currency*) argachuu qabu. Fknf Itoophiyaan yoo Xiyyaara biyya Ameerikaa irraa bitachuu feete doolaara Ameerikaa xiyyaaricha bitu qabaachuu qabdi. Doolaara kanas karaa lama argachuu dandeessi. Inni tokkoffaan yoo albuudaa fi oomisha garaa garaa gabaa alaatti gurgurattee doolaara argatteedha. Inni lammataa ammoo yoo doolaara barbaadamu hin qabdu ta'e birrii gara

doolaaraatti sharafachudha. Mala lammataa kanaan doolaara argachuun gatii doolaara sharafamuu ni qaalessa. Kunis barbaachisumaa birriin Itoophiyaa Ameerikaaf qabu irratti hundaa'uu dabalata. Birriin Itoophiyaa Ameerikaaf kan fayyadu yoo waantotni barbaachisoon Itoophiyaarraa bitamu jiraateedha. Kanaan alatti birriin Itoophiyaa biyya Itoophiyaa keessatti malee biyyoota alaa biratti fayidaa hin qabu. Kanaafuu biyootni alaas yoo Itoophiyaa keessatti oomisha isaanii birriin gurguratanis dirqama gara sharafa biyya alaatti jijjiirrachuu qabu. Fknf waa'ee *gabaa gurraachaa*(black market)[33] ni beekta ta'a. Gabaa gurraachi; -gocha daldaltooni muraasni karaa al-seerummaa(*kontoroband)* ta'een bitanii gurguran kan ibsuudha. Gabaa gurraachi kun sharafa alaa qaalessuu keessatti ga'ee guddaa taphata. Haala kanaan namootni oomisha biyya alaa karaa seeraan

alaa fidanii Itoophiyaa keessatti birriin gurguratu. Garuu oomisha birriin gurguratan sana biyya alaatii bitanii fiduuf birrii ittiin gurguran sana gara sharafa alaatti jijjiiruun dirqama. Kanaafuu sharafa alaa argachuuf gatii isaa dabalanii birriin bitatu. Fknf yoo baankiin Itoophiyaa doolaara tokko birrii 35 kan sharafu ta'e isaan sun ammoo yoo xiqqaate birrii 36n sharafu. Gochi kun ammoo namootni akka baankii Itoophiyaa dhiisanii gabaa gurraachaan sharafataniif haala mijeessa. Namootni daladala seeraa alaan Doolaara bitanii gurguruunis kanumaaf babal'achaa jira. fknf namootni tokko tokko dhoksaatti gatii doolaara tokkoo qarshii 1 itti dabalanii yoo kan bitan ta'e, gabaa gurraachaan qarshii 2 fi isaa ol bufatanii gurgurtu. Haala kanaan yoo xiqqaate kumarraa kuma buufatu jechuudha. Namootni akkanatti jireenya qaalessan kunniin dhuunfaa isaaniitti badhaadhanii duroomaa jraatu.

Garuu lammileen jireenya isaan qaalessaniin dararamaa jiraatu.

Haalli daladala gabaa gurraachaan taasifamaa jiru kun, Doolaara silaa baay'inaan Itoophiyaan baaankii ishee keessaa qabaachuu maltu ni xiqqeessa. Kun ammoo gatiin doolaaraa akka daran dabalu taasisee lammileetti jireenya qaalessa. Kanaafuu gatiin doolaaraa Itoophiyaa keessatti rakasuuf dirqama doolaarri hanga barbaadamuun baankii Itoophiyaa keessa jiraachuu qaba jechudha. Kanaan ala Birriin Itoophiyaa baay'inaan akka oomishamu ta'ee rakasaa deema*(increased infliation rate).* Waa tokko bituuf birrii kuntaalaan baatanii deemuus nama gaafata.

Rakkoo qaala'iinsa Doolaaraa kana furuuf malli tokkoffaan oomisha sharafa alaa argamsiisu heddumminaan oomishuudha. Inni lammataa ammoo rakkoo gabaa gurraachaa kana hanga

danda'ameen hir'isuudha. Gochi kun lammilee hunda kan ilaallatudha. Ta'uu baannaan jireenyi akkuma qaala'etti kan itti fufu ta'uu isaati. Kun sababa waantota lammileen bitanii itti fayyadaman baay'een gabaa alaa irraa bitamuufidha. Gama kan biraan, oomishni biyya alaatii bitaman yoo qaala'an, kanneen biyya keessatti oomishamanis ni qaala'u. Fknf; qotee bulaan oomisha alaa dhufe bitachuu kan danda'u yoo omisha oomishe gatii wal simuun gurgurateedha. Egaa waa'een qaala'iinsa sharafa alaa(forien currency)kun dubbii laayyoo miti.

Yeroo ammaa kana biyyootni addunyaa hundi oomisha isaanii gabaa addunyaaf dhiyeessaa jiru. Namootni addunyaa ammoo oomisha filatamaa barbaadanii bitatu. Haaluma kanaan biyyoottan addunyaa wal-dorgommii daldalaa gochaa jiru. Addunyaa irratti doolaarri waalta'uun kanumaafi.

Waldorgommiin daldalaa addunyaa irratti taasifamu kun *'Giloobaalaayizeeshin' (Globalization)* jedhamuun beekama[34]. Giloobaalaayizeeshiniin kun dureessota biratti fudhatama argatus, biyyoota hiyyeeeyyii miidhuu isaatiin ammoo ni komatama.

BOQONNAA DIGDAMA

Gudunfaa

Akkuma yaadatamu ijoon dubbii *Ilaalcha Misoomaa* keessatti kaafamaa turan, irra jireessaan ilaalcha namootaa irratti kan xiyyeeffatanidha. Fakkeenyaaf :- Qaroominaa, qabeenyaa fi misoomaa, dursuu fi durfamuu, hiyyoomuu fi sooromuu, soorachuu fi dhiisuu, lubbuu fi jiraachuu, amanuu fi mormuu, hogganuu fi hogganamuu fi dinagdee fa'a hunda haala ilaalchaa namootaatiin ilaalaa turre. Ilaalchi ammoo beekumsa fi shaakala namootaa wajjin hariiroo kallattii akka qabus kan dagatamu miti. Gabaabumatti ilaalchi waantota baay'ee akka misoomsuu fi mancaasuus hubannee jirra. Kan

barbaachisu garuu misooma. Mitiiree? Kanaafuu ilaalchis isa mancaasu osoo hin taane isa misoomsutu filatama. Eeyyen kanumaafi, kan *Ilaalchi Misoomaas* Ilaalchaa fi Misooma irratti xiyyeeffate. Yoo ilaalchi misoome waanti hundi misoomuu mala ilaalcha jedhun ilaalcha namootaas ilaale. Maarree kanumaaf dubbistootnis ilaalcha isaanii akka ilaalaniif fedha horate.Ta'uu baannaan, rakkoo mudachuu malus ilaalchumaan ilaalee hubate. Amanuu fi dhiisuun kan abbaati. Akkuma yoo fedhan dursuu yookaan durfamuu fedhanitti.

Tarii namni barruu kana dubbise ibsa"namni ilaalchuma isaatiin durooma ykn hiyyooma" jedhame sana mormuu mala. Mormuu fi amanuun mirga jedheera. Innis ilaalchuma waan ta'eef. Eeyyen waanti warqee fakkaatu hundi warqeedha jedhanii amanuun mirga. Garuu warqee ta'uu fi dhiisuun isaa walnama shakkisiisus hubatamuun

isaa hin oolu. Qorannaan waanti dhugaa fakkaatu soba ta'uu akka malu ni hubatu. Waanti soba fakkaatus dhugaa ta'uu akkuma malu jechuudha.

Namni waanta barraa'e dubbisu kamuu waanta barraa'e hunda amanuu dura qorachuu akka qabus Ilaalchi misoomaa jabeessee deggera. Eyyen atis yoo tarii ibsa isa"namni ilaalchuma isaatiin durooma ykn hiyyooma" jedhu sana amanuu dhabde badii hin qabu. Mormiin siquunnamutu yoo ati ragaa malee mormiteedha malee. Ragaan ati mormiif dhiyeeffattus beekumsa qorannoo irratti hundaa'e ta'uun isaa ammoo dirqama.

Namootni baay'een yeroo waa morman beekumsi isaan akka ragaatti dhiyeeffatan tarii beekumsa amantaa ta'uu mala. Kunis caqasa kitaaabbilee amantaa faa bu'uureffata. Waanti hubatamuu qabu garuu kitaabbileen amantaa akkuma maqaan isaa ibsu amantaadha. Inni amanuu fi mormuudha.

Ragaan *Ilaalcha Misoomaa* amansiisu garuu ragaa isa beekumsa qorannoon mirkanaa'uuti. Sababni isaa namootni ilaalcha misoomaa dubbisan namoota amantaa garaa garaa qaban ta'uu waan malaniifi. Egaa *Ilaalchi Misoomaa* ilaalcha amantaa shakkuu malee kan hin amanne ta'uu isaati. Innoo saayinsii bu'uureffata. Saayinsiin namoota dhugaa barsiisuu fedha, malee garee woyii hin filatu. Eeyyen inni sanyii, siyaasaa fi amantaa irraa bilisa jechuu kooti. *Ilaalchi Misoomaa* kanaaf saayinsii bu'uureffachuu filate. Ilaalcha namootaa irrattimmoo xiyyeeffate. Ilaalcha qorachuuf ilaalcha namootaa ilaaluun dirqama. Dirqamuma ilaalcha namoota hundaa ilaaluu kanatu ilaalcha amantaas ilaalchise. Kunis sababa namootni baay'een ilaalcha isaanii amantaa isaanii irraa argataniifidha.

Namni tokko ilaalcha ittiin:- kun sirriidha! Kun sirrii miti! Kun ni ta'a!, kun hin ta'u! kun gaariidha!

Kun gadheedha! Kun jaallatamaa dha! Kun jibbamaa dha! Nan durooma! hin duroomu! Kun cubbuudha! Kun qajeelaadha! fa'a jedhee ilaalu amantaa irraa argachuu mala. Ilaalchuma akkasii kanafaadha kan *Ilaalchi Misoomaas* ilaale.

Akka *Ilaalchi Misoomaa* ilaalee argetti amantaa qofaan misoomuun shakkii uuma. Amantaan qorannoon hin mirkanoofne soba ta'uu mala. Fknf ilaalcha amataaleen qaban muraasa haa fudhannu. Kanas Kiristaanummaan kan ibsu namoota kan:- mootii, ogeessa, badhaadhaa fi dursaa fa'a taasisu waaqa qofa akka ta'edha.*(2Seenaa Baraa 1:1-16), (Isaayaas 45:3)* fi (*Roomee 13:1-5).* Isilaamummaanis: namootni yoo *Allah*(waaqaaf) akkasumas ergamaa *Allah* (Muhaammadiif) abboomaman qofa sooressa ta'uu akka danda'an ibsa.*(Sura 7:94-97)* fi *(Sura tul Annaas 4:89-91)*. Egaa ilaalchi kun sirrii ykn miti jedhanii amanuu fi murmuu gaafata. Kun saayinsii

miti, amantaadha. Amanuu fi dhiisuun ammoo mirga jedheera.

Egaa amma dubbii goolabuufani. Garuu dursa asiis achis qaroominni akka jiru ammas irra deebi'een siyaadachiisuu fedha. Eeyyeen qaroominni asis achis inuma jira. Tarii garaa garummaan uumamu, gaaffii 'Qaroominni maali? ykn maaliin ibsama? jedhu deebisuu irratti yoo ta'ee malee. Argannoon garaa garaa gama astroonoomiin ibsaman, tasa waaqaarraa lafa hin dhoofne. Xiinxala beektotaa fayyadamuun kanneen argamanidha malee. Argannoowwan kunniin uumama (natural) qorachuun, kanneen namootni biyyoota garaa garaa biyyaa isaaniif ykn addunyaaf gumaachaniidha. Namootni dhaha hedan, hunda ta'uu baatanis, kanneen ga'ee guddaaa taphacha turan muraasni ni jiru. Namootni qaqqaaliin kunniin baay'een isaanii sababa ilaalchaf jecha

tuffatamaa kanneen turanidha. Fknf; namootni akka *Albert Einistien* hiriyyaa hin qaban turan. Garuu bu'aa guddaa addunyaaf gumaachaniiru. Beektotni oromoo *Ayyaantuu(Qaalluu)* jedhamuun beekamanis, qaroomina uummata oromoo keessati ga'ee guddaa kanneen taphachaa turaniidha. Garuu maqaan isaanii hagasmara hin leellifamne. Inumaayyuu amantaa alaa dhufeen namootni macha'an beekaa oromoo kana tuffachaa jiru. Tarii kunis qaroomina ta'uu isaati! Isaan macha'an kunniin amantaa qofaan miti kan machaa'an. Siyaasa isa itti fakkeessaaf isaaniif boocames, akka qaroominaatti dhuganiitu machaa'anii sirbaa jiru. Oromoon osoo akka har'aa lafti isaa ciccitee hin sararamin dura, ganda hin turre. Bal'ifachuuf malee foxxoquufis yaalii hin goone. Oromoon Oromoo akka isaatii dhiifnaan hormayyuu akka itti Oromoomsan ni beeka ture. Oromoon durii isa

akka har'aa daangaa eenyu isaaf sarare osoo hin hubatin sirbu kan hin turre jechuu kooti. Waanti hunduu dandeettii, xiinxala, jaalalaa fi haqaan murteeffama ture. Eeyyen ofittummaa, arrabsoofi jedhi jedhiin hin murteeffamu ture. Inni har'aa kun ilmi abbaatti hin baane eessaa akka dhufe anaaf hin galle. Yoo jedhi naan jettemmoo Oromoon ergataa malee ergamaas hin turreem.

Biyyootni ilaalchaan qaroomanii misooman baay'een isaanii qabeenya hormaa malaan ofitti dabalu malee narraa achi citi hin jedhaniim. Kanumaaf jaalala fi gargaarsa woyii fakkeessanii faa dubbii eegalu. Waan hunda kan dursu jaalala akka ta'e gadi fageessanii xiinxalu. Jibbamaa ykn bulguu of fakkeessanii nama dhuunfachuun kan hin malle ta'uus bareechanii beeku. Akka nama maraateetti of beeksisuun maqaa ofiitti cilee dibuu dha. Maqaan bannaan ammoo dubbiin baddeetti.

Oromoon maqaa bades hin qabu ture. Namoota waliin jiraachuu keessattis jaalalaa fi haammachuun beekama. Diina caalaas fira isaatu baay'ata. Wolii isaa ajjeesuun hafnaan diinayyuu garmalee hin miidhu ture. Ajjeesaafi ajeessaan maqaa ormootiin daldalu eessaa akka bu'e naaf hin galu.

Egaa dhaamsa koo dhageesse dhaga'i ati firakoo! Hubadhu!Dubbiifi gochi beekaa irraa qofa bareeda. Eeyyen atis ta'i beekaa! Bareechi gochafi dubbiikee! Hin ta'in maaloo ati doofaa ykn wallaalaa woyii!

Doofaan waan badeen maqaaf dhugaa balleessa. Ati cilee hin dibin! eegadhu maqaa keef kan sabaa! Eeyyen dursii beekaa ta'i! Qori waan hundumaa! Gadi fageenyaan ilaali hubadhu ati irraafi jalasaa!

Yoo sana goote mormii maaliin qaba akkati dursitu. Anoo shikkii hinqabu sirraa,eeyyeen simatu dursa! Uffeeka!dhibeen koos fayye silaa, isatuu nahuqqisa.

Gurri kooyyuu kanumaaf guungumee natti uursa. Kanaafan dursi! Beekaa ta'i! ofkali!jedhee sieebbisa. Eeyyen atumti dursi! Yoo ati dursitun anis dursaa!

Ulfaadhu! Xumureera.

Kitaabbilee Wobii (References)

1. Case R. *Intellectual development: Birth to adulthood*. Academic Press New York, 1985.
2. Broughton JM. *Critical theories of psychological development*. Springer Science & Business Media, 2013.
3. Blaney T, Bradley C, Edwards G, et al. Measurement of the speed of light. *Nature*. 1974; 251: 46-.
4. Hawking SW. Black hole explosions? *Nature*. 1974; 248: 30-1.
5. Kurtz MJ, Eichhorn G, Accomazzi A, Grant C, Demleitner M and Murray SS. Worldwide use and impact of the NASA Astrophysics Data System digital library. *Journal of the American Society for Information Science and Technology*. 2005; 56: 36-45.
6. Kaplan MH. Modern spacecraft dynamics and control. *New York, John Wiley and Sons, Inc, 1976 427 p*. 1976.
7. Weinstein L. Electromagnetic waves. *Radio i Svyaz', Moscow*. 1988.

8. Hardy JW. *Adaptive optics for astronomical telescopes*. Oxford University Press on Demand, 1998.
9. Press WH and Schechter P. Formation of galaxies and clusters of galaxies by self-similar gravitational condensation. *The Astrophysical Journal*. 1974; 187: 425-38.
10. Curtis HD. Novae in the spiral nebulae and the Island Universe Theory. *Publications of the Astronomical Society of the Pacific*. 1917; 29: 206-7.
11. Martin DC, Fanson J, Schiminovich D, et al. The Galaxy Evolution Explorer: A space ultraviolet survey mission. *The Astrophysical Journal Letters*. 2005; 619: L1.
12. Sachs M. *General relativity and matter: a spinor field theory from fermis to light-years*. Springer Science & Business Media, 2013.
13. Murray CD and Dermott SF. *Solar system dynamics*. Cambridge university press, 1999.
14. Colgrove W. The Planet Earth. *Journal of the Royal Astronomical Society of Canada*. 1929; 23: 163.
15. Majoris VC. VY Canis Majoris. *Age*. 8: 11.
16. Xilahuun T. Xiinxala Hariiroo Moggaasa Maqaa Guyyootaafi Ayyaana Guyyootaa Ji'aa, Dhaha Gujii: Waaqumaa Waamii. 2010.
17. Moyer G. The Gregorian Calendar. *Scientific American*. 1982; 246: 144-53.
18. Beyene A. Oromo Calendar: The Significance of Bita Qara. *The Journal of Oromo Studies", II*. 1995: 58-64.
19. Joseph RG. The Transfer of Life Between Planets, Stars, and Galaxies.
20. Kopparapu RK, Ramirez RM, SchottelKotte J, Kasting JF, Domagal-Goldman S and Eymet V. Habitable zones around

main-sequence stars: dependence on planetary mass. *The Astrophysical Journal Letters*. 2014; 787: L29.
21. Wolmark J. *Aliens and others: science fiction, feminism and postmodernism*. University of Iowa Press, 1994.
22. Goldberg C. The general's abduction by aliens from a UFO: levels of meaning of alien abduction reports. *Journal of Contemporary Psychotherapy*. 2000; 30: 307-20.
23. Dean J. *Aliens in America: Conspiracy cultures from outerspace to cyberspace*. Cornell University Press, 1998.
24. Zechmeister M, Dreizler S, Ribas I, et al. The CARMENES search for exoplanets around M dwarfs-Two temperate Earth-mass planet candidates around Teegarden's Star. *Astronomy & Astrophysics*. 2019; 627: A49.
25. Akeson R, Chen X, Ciardi D, et al. The NASA exoplanet archive: data and tools for exoplanet research. *Publications of the Astronomical Society of the Pacific*. 2013; 125: 989.
26. Michaud M. *Contact with alien civilizations: Our hopes and fears about encountering extraterrestrials*. Springer Science & Business Media, 2010.
27. Davies PC. Footprints of alien technology. *Acta Astronautica*. 2012; 73: 250-7.
28. Mill JS. *Principles of political economy*. Рипол Классик, 1965.
29. Fariss CJ, Crabtree CD, Anders T, Jones ZM, Linder FJ and Markowitz JN. Latent Estimation of GDP, GDP per capita, and Population from Historic and Contemporary Sources. *arXiv preprint arXiv:170601099*. 2017.
30. Laidler HW and Warren FA. *History of socialism: A comparative survey of socialism, communism, trade unionism, cooperation, utopianism, and other systems of reform and reconstruction*. Crowell New York, 1968.

31. Kotz DM. *The rise and fall of neoliberal capitalism*. Harvard University Press, 2015.
32. Weyland K. The political economy of market reform and a revival of structuralism. JSTOR, 2007.
33. Naylor RT. *Wages of crime: Black markets, illegal finance, and the underworld economy*. Cornell University Press, 2004.
34. Bartelson J. Three concepts of globalization. *International Sociology*. 2000; 15: 180-96.

SEENAA BARREESSAA

Barreessaan *Ilaalcha Misoomaa* Barsiisaa(lecturer) Amaanuel Oljirraa:- wallaggaa lixaa, aanaa Mana Sibuu, magaalaa Mandiitti abbaa isaa obbo Oljirraa Duuloo fi haadha isaa aadde Shaashituu Gudduu irraa Mudde 21, 1992 A.L.A tti dhalate.

Amaanuel osoo ijoollummaan jiruu abbaa isaa du'aan dhabuu iraan kan ka'e gargaarsi abbaan isaa gochuufii qabu jalaa danqamus, jajjabina fi gargaarsa haadha isaatiin gargaaramaa guddate.

Haalli mijataan dhabamus, Amaanuel barnoota isaa sirnaan waan hordofaa tureef, kutaa 1ffaa hanga 12ffaatti sadarkaadhaan 1ffaa ba'aa ture. Bornoota isaa kutaa 1 hanga 8ffaa, mana barumsaa Mandii Dirree Xiyyaaraatti baratee xumure. Bara 2008 ALA tti qormaata kutaa 8ffaa qabxii ol aanaa galmeessuun gara kutaa 9ffaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Mana Sibuu Mandiitti darbe. Achittis

kutaa 9ffaa hanga 10ffaa baratee erga xumuree booda, qormaata biyyoolessaa kan kutaa 10 ffaa qabxii 4:00 galmeessuun gara mana barumsaa qophaa'inaa Mana Sibuu Mandiitti darbe. Bara 2012tti qormaata seensa yuunversitii kan biyyoolessaa kutaa 12ffaa qabxii ol aanaa galmeessuun carraa yuniversiitii argate. Sana booda filannoo isaa irratti hundaa'uun Yuuniversiitii Haramaayaatti akka baratu erga taasifamee booda barnoota sadarkaa olaanaaf gara Yuuniversiitii Haramayaatti imale. Turtii yuuniversiitii kan bara 2012/13 hanga 2016 tti taasiseenis, Amaanuel akkuma baratame qabxii gudda galmeessuun sadarkaa badhaasaan (distinction) digirii isaa jalqabaa oogummaa fayyaatiin Adoolessa 9,2016 tti Yuunversiitii Haramaayyaa irraa eebbifame. Sana booda Yuunversiitiin Haramaayyaa Amaanu'el barsiisaa ta'ee akka tajaajiluuf filatee achumatti hanbifate.

Achumattis carraa barnootaa digrii lammaffaa argatee barumsa isaa itti fufuun, sadarkaa baay'ee olaanaa(great distinction) ta'een, Adoolessa 6, 2019tti eebbifame. Yeroo ammaa kana Amaanuel Yuniversiitii Haramaayyaatti sadarkaa Lecturer ta'een barsiisaa yuuniversiitichaa ta'ee dalagaa jira. Amaanuel barnoota isaa cinattis fedhii beekumsa garaa garaa horachuu waan qabuuf, amantaalee haawwaasni isaa hordofan kanneen akka Kiristaanummaa, Isilaamummaa fi Waaqeffannaa Oromoo hunda seenee qorachaa fi barachaas ture. Barreessaa fi barsiisaan kun kana dura kitaabbilee *Mucuca Kufaatii; Qaroomina Qaruu fi Ilaalcha Misoomaa* jedhaman PDFn dhaloota qubeef gumaachuun isaa ni yaadatama. Kitaabni kun ammoo *Qaroomina Qaruu fi Ilaalcha Misoomaa* Bakka tokkotti walitti makuun"*Ilaalcha Misoomee Qaroomina Qaru"* ta'ee kan qindaa'eedha.